



# BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa  
Kutaa 6

ISBN 978-99944-2-163-3



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa


**BARNOOTA HERREGAA**

Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 6

MOE

# BARNOOTA HERREGAA


Qajeelcha Barsiisaa  
Kutaa 6



Gatiin QrIT 16.95



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa



# **BARNOOTA HERREGAA**

## **Qajeelcha Barsiisaa**

**KUTAA 6<sup>ffaa</sup>**

### **Barreessitootaa fi Gulaaltota**

Abraham Kumsaa  
Saamu'eel Asaffaa  
Daanyee Girmaa  
Kabbadaa Likkaasaa  
Biraanuu Guutaa  
Hundumaa Laggasaa

### **Madaaltota**

Xilaahun Alamuu  
Aliyyii Uluu  
Laggasaa Tarrafaa



**Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti**  
**Ministeera Barnootaa**



Kanmaxxanfame ALI bara 2003 Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti pirojekti fooyya'insa Barnoota walii-galaatinidha. Pirojektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund fi Mootummoota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2011 Mirgi kan Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati . Mirgi hundi eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yokiin haala labsii Ripaabilikii Federaalawaa Demookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yokiin mirga ollummaan qabu eegisuun kaninni hayyameef irraa barreffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin ittigargaaramuuf kaawwachuuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yokiin kuusuun dhorkaadha.

Ministeeri Barnootaa qaamota gareewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansiisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalan galatoomfachuu barbaada.

Wantoota akka hin fudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamnaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamiin yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiiloo, Lakkofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

### *Qophaa'ee kan maxxanfame*

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.

24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,

New Delhi – 110002, INDIA

*fi*

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE

P.O. Box 21073

ADDIS ABABA, ETHIOPIA

under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.

**ISBN 978-99944-2-163-3**

# BAAFATA

---

## BOQONNAA 1

YAAD-RIMEE TUUTOTAA .....	1
1.1 Seensa Tuutotaa.....	2
1.2 Hariiroo Tuutotaa.....	8
1.3 Tuutota Qoyyabuu .....	12

## BOQONNAA 2

HIRAMUMMAA LAKKOFSOTA HUNDAA.....	19
2.1 Hiikoo Hiramummaa .....	20
2.2 Hirmaattotaa fi Hiramoota.....	29

## BOQONNAA 3

FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTA .....	41
3.1 Firaakshinota Salphisuu.....	42
3.2 Jijiirraa Firaakshinotaa, Deesimaalotaa fi Dhibbantaa .....	48
3.3 Firaakshinota Waliin Madaaluu fi Tartiibessuu .....	57
3.4 Ida'uu fi Hir'isuu Firaakshinotaa fi Deesimaalotaa .....	61
3.5 Baay'isuu fi Hiruu Firaakshinotaa fi Deesimaalotaa .....	68

## **BOQONNAA 4**

<b>INTIIJAROUTA .....</b>	<b>83</b>
<b>4.1 Seensa Intiijarootaa.....</b>	<b>84</b>
<b>4.2 Intiijaroota Waliin Madaaluu fi Tartiibessuu .....</b>	<b>86</b>
<b>4.3 Intiijaroota Ida'uu fi Hir'isuu .....</b>	<b>89</b>

## **BOQONNAA 5**

<b>HIMOOTA WAL-QIXAA FI HIMOOTA WAL CAALMAA SARARAAWOO FI PIROPPORSHINAALUMMAA .....</b>	<b>93</b>
<b>5.1 Furmaata Himoota Wal-Qixaa Sararaawoo fi Himoota Wal-Caalmaa Sararaawoo Sasalphoo .....</b>	<b>94</b>
<b>5.2 Ko'oordinateeta .....</b>	<b>97</b>
<b>5.3 Piropporshinaalummaa .....</b>	<b>99</b>

## **BOQONNAA 6**

<b>JI'OOMEETIRII FI SAFARA .....</b>	<b>107</b>
<b>6.1 Kofoota .....</b>	<b>108</b>
<b>6.2 Rog-Sadoota Ijaaruu .....</b>	<b>114</b>
<b>6.3 Rog-Sadoota Walittigaloo.....</b>	<b>116</b>
<b>6.4 Safari .....</b>	<b>124</b>
<b>Silabasii Barnoota Herregaa Kutaa 6 .....</b>	<b>129</b>

# BOQONNAA

# 1

# YAAD RIMEE

# TUUTOTAA

## SEENSA

Kaayyoon boqonnaa kanaa inni guddaan barattooni maalummaa “tuutaa”, gosoota hariiroo tuutota gidduu, qoyyaboota tuutota keessatti hojii irra oolan fi barattooni tuutota qoyyabuu akka danda’an irratti barattoota gargaaruu dha.

Barattooni kutaa 6 kun yaadrimée tuutaa waliin kan walitti dhufan yeroo jalqabaaf dha. Kanaaf, barattooni yaa-drimee tuutaa gadi fageenyaan akka hubataniif, jechoota fi mallattoolee jiran keessa deebi’uun, cimsuun akkasumas wal-qabsiisuun barsiisuu barsiisaa irra ciminaan eegama.

Barnootni herregaa kan sadarkaa 1<sup>ffaa</sup>, xiyyeffannaan isaa inni guddaan, lakkofsota, formulaa, fakkiwwan (danaalee), k.k.f irratti akka ta’e beekamaa dha. Haa ta’u malee fakkeenyotni adda addaa wantoota qabatamoo kan naannootti argaman (mallattoolee fi fakkiwwan) fayyadmuun, barnootni herregaa waantota qabatamoo naannoo keenyaa ibsuuf akka nu gargaaru barattooni akka hubataniif kennamuufi qaba.

Malootni, meeshaaleen deeggarsaa, malootni madaallii, fakkeenyonni k.k.f armaan gaditti kennamanii jiru. Warreen kennaman kun mataa isaaniitti guutuu miti. Barsiisaaf yaada ka’umsaa kennuf kan eeramani dha. Yaadoonni akka ka’umsaatti kennaman kun kaayyoo boqonnaa irratti odeeffannoo kennuu irra darbanii boqonnicha barsiisuu maloota baruu barsiisuu gargaaran irratti kallattii ni agarsiisa. Kun gutummaa guututti yookiin hanga tokko kanneen armaan gadii qabachuu danda’a.

- akkamitti akka jalqabamu
- akkaataa itti ibsii fi kaka’umsi kennamu
- akkaataa itti piroobileemonni furaman
- Hojii daree keessaatiif akkaataa itti karoorfatamu
- Meeshaalee deeggarsa barnootaa barbaachisan akkaataa issaan itti qophaa’an hubachuun, baruu-barsiisuu deeggaruuf itti fayyadamuu.
- Itti fayyadamuuf, irra deddeebi’anii shaakaluu, tasgabeessuu fi qindeessuu akkamitti akka hoijetamu.

Haa ta’u iyyuu malee wixinnee barbaachisu filaachuun, fakkeenya dabalataa fi hubannoo kan dandeettii barataa cimsu qopheessuu irratti itti gaafatamummaan barsiisaaf kennamee jira.

## Kaayyoo Boqonnaa:

*Boqonnaan kun erga xumuramee booda; barattoonni:*

- ⌚ yaadrimee tuutotaa ni hubatu.
- ⌚ hariiroo tuutota lama gidduu ni ibsu.
- ⌚ qoyyaboota lama (kipha fi makoo) tuutota irratti ni hojjetu.
- ⌚ piroobileemota jechaa xixiqqoo kan waa'ee tuutota qabatan ni furu.

## Meeshaalee deeggarsa barnootaaf barbaachisan

- *Qubeessaa halluu adda addaa qabu, kaartoonii (barattootaaf)*
- *Boronqii halluu adda addaa (gabatee gurraachaa irratti fayyadamuuf).*
- *Waantota qabatomoo naannoo kan akka qadaaddii buccuullee, dhagaa baatirii tajaajila kenne, k.k.f*
- *Modeeloota adda addaa kan naannootti argamanii fi kan barsiisaatiin qophaa'e.*
- *Chaartota adda addaa kan hariiroo tuutotaa danaa veenii tiin ibsan, makoo fi kipha tuutotaa kan agarsiisan*

## 1.1 SEENSA TUUTOTAA

Wayitii kennname: wayitii 3

### Ga'umsawwan

*Mata duree kana erga xumuranii booda barattoonnii:*

- ⌚ “tuuta” fi “misenso” “tuutaa” jechuun maal jechuu akka ta’e ni ibsu.
- ⌚ tuutni tokkoo “tuuta sirriitti ibsame” jeehuun maal jechuu akka ta’e ni ibsu.
- ⌚ tuuta duwwaa jechuun maal jechuu akka ta’e ni ibsu.
- ⌚ tuutota waliif alagaa jechuun maal jechuu akka ta’e ni ibsu.
- ⌚ tuuta murtaa’aa (dhaabbataa) fi tuuta hin murtoofne (fufaa) ta’e adda ni baafatu.
- ⌚ mallatoollee kan akka { }, ∈ fi € sirriitti ni fayyadamu.

### 1.1.1 Maalummaa Tuutaa Ibsuu

#### Yaadannoo barsiisuuf gargaaru

Hiikoo tuutaa otoo hin kenniin dura, fakkeenyota adda addaa kan seensa kitaaba barataa irratti kennamanii waliin wal fakkaatan ibsi. Kun barattoonni yaad-rimee tuutataa akka hubatanii fi akka baratan isaan gargaara. Kana malees kun walitti qabama waantota adda addaa kan jirenya guuyyaa guyyaa keessatti argamuu fi tuuta barnoota herregaa keessa jiru akka walitti fidatan isaan gargaara. Ibsa kee, ibsa walitti qabamoo waantota naannoo kan maqaa waliin qaban armaan gaditti kennamaniin jalqbuu dandeessa.

- “Maatii” – walitti qabama namootaa “ijoollee fi warra isaanii”
- “kutaa” – walitti qabama barattoota daree keessaa
- “garee” – walitti qabama taphattoota kubaa miilaa fi k.k.f

Dhimmaa kanaaf, gocha 1.1, fakkeenya 1 fi gaaffiwwan hojii garee 1.1 kan kitaaba barataa keessatti kennaman fayyadamuu dandeessa. Fakkeenyonni fi wantoonni qabatamoon ati fayyadamtu barattoota hundaaf ifa (kan barattooni hundi) beekan ta'uu qabu. Barattooni marrii gaggeeffamu keessatti akka hirmaatan jajjabeessi. Barattooni malummaa walitti qabama (tuuta) jirenyaa guyyaa guyyaa keessatti argamuu fi tuuta barnoota herregaa keessatti fakkeenya mataa isaanii akka kennan jajjabeessi.

Kana malees, fakkeenyota adda addaa kan armaan dura barnoota herregaa keessatti barattooni baratan, kan akka tuuta dijiitotaa, tuuta lakkofsota hundaa, tuuta rogafree fayyadamuu jalqaba barsiisuu kee cimsuu dandeessa.

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti barattooni carraa hirmaanna erga argatanii booda, hiikoo "tuutaa" barnoota herregaa keessaa kenni. Tuutni tokko "siritti ibsameera" yoo jedhamu maal jechuu akka ta'e siritti barattoota qabsiisi. Kanaaf ammo hiikoo 1.1 kan kitaaba barataa irratti kenname fayyadamuu dandeessa. Hiikoo kana barattoota hubachiisuuf, barattooni hiikoo 1.1 kitaaba barataa irraa akka dubbisaniif jechaa fi yaada mataa isaaniitiin akka ibsan jajjabeessi.

Hojiin garee 1.1 kan kitaaba barataa irratti kenname, hubannoo "tuuta siritti ibsamee" barattootaaf kennuuf ni gargaara. (Gochi yookiin hojiin garee hawwataa kan ta'u, yoo barattooni hundi irratti hirmaatani dha).

Fakkeenyota dabalataa kan akka kanneen arman gadii fayyadmuun barattooni yaada tuuta sirriitti ibsamee akka hubatan godhi.

Fakkeenyaaaf "gareen barattoota mana barumsa kan babbareedoo ta'an" kan siritti ibsame miti. Kun tuuta ibsuu hin danda'u. Sabani isaas, "barattoota babbareedoo" kan jedhu nama hundaatiin irratti walii hin galamu. Tokkoof bareedaa kan ta'e, kan biraaf bareedaa ta'uu dhiisuu danda'a.

Haa ta'u malee garuu tuutni lakkofsota lakkaawwi kan mango ta'anii irra xiqa 10 ta'an tuuta sirriitti ibsame dha. Sababni isaas miseensonni tuuta kanaa 1, 3, 5, 7 fi 9 ta'un isaa ifa dha. Hiikoo 1.1 waliin wal-qabsisuun, mallatto tuuta {}, barattootatti himi mallaattoo kana fayyadamuu, fakkeenya tuutaa akka kennan jajjabeessi. Fakkeenyaaaf, "tuuta lakkofsota lakkaawwi mangoo ta'anii irra xiqqaa 10 ta'an" mallatto tuutaa fayyadamuu akka armaan gadiitti ibsuun ni danda'ama. {1, 3, 5, 7, 9}

Kana malees, waantonni walitti gurmaa'anii tuuta uuman "miseensa" tuutichaa akka jedhaman barattootattii himuun tuuta kenname tokkoof, miseensota tuutichaa, akka adda baasan, akka tarreessan taasisi. Waanti tokko miseensa tuutichaa yoo ta'u mallattoo "€" fayyadamuu akka ibsamu, fi kan miseensa hin taane ammo mallattoo "€" tiin akka ibsamu barattootati himuun, tuuta kenname tokkoof waantoota miseensota tuutichaa ta'anii fi miseensa tuutichaa hin taane mallattoolee "€" yookiin "€" fayyadamuu akka ibsan gargaari.

Fakkeenya:  $3 \in \{1, 3, 5, 7, 9\}$

$$9 \in \{1, 3, 5, 7, 9\}$$

$$4 \notin \{1, 3, 5, 7, 9\}$$

Fakkeenya fi hojii garee 1.1 kan kitaaba barataa irraatti kennamaniin alatti, fakkeenyi armaan gaditti kenname, maalummaa miseensa tuuta fi akkaataa ittiin mallattoolee “ $\in$ ” fi “ $\notin$ ” fayyadamuu ibsinu irratti gargaarsa dabalataa ni kenna.

Fakkeenya: Mee A’n tuuta barattoota kuta 6 ti haa jennu. Boonsaan barataa kutaa 6 yoo ta’e, Boonsaan miseensa tuuta kanaa ti jenna. Kana ammo mallattootiin Bonsaan  $\in A$  ti jechuun ibsina.

Iftuun baratuu kutaa 6 miti yoo ta’e, Iftuun miseensa tuuta kanaa miti. Kana ammo mallattootiin Iftuun  $\notin A$  jechuun ibsina.

### **Madaallii**

Gaafii 5, kan gilgaala 1.1 keessatti kenname barattoonni akka irratti mariyatan gargaarii. Itti aansuun, gilgaala 1.1, keessa gaafii 1b, 3a fi 3c akka hojii dareetti akka hojjetan taasisuun gaaffiwwan kana hojjechuuf, duraan duursa dhuunfaa isaaniitiin akka hojjetan, itti aansuun miiltoo isaanii waliin akka hojjetaniif hala mijessi.

Barattoonni erga waliin hojjetanii booda, barattoonni fedhi qaban fulduratti bahanii, gabatee gurraachaa irratti akka hojjetan taasisi. Dhuma irratti gilgaala 1.1 keessaa gaaffiwwan 1a, 1c, 2a, 3b fi 4 akka hojii manaatti kennuun, hojii barattootaa madaali. Erga hojii barattootaa madaaltee booda, bakka barattoonni hanqina qaban irratti gargaari. [Barattoonni akka gaariitti hojjetan yoo jiraatan, gilgaalii bira haa kennamu].

### **Tuuta duwwaa**

Duraan duursa barattoonni gocha 1.2 akka hojjetaniif yeroo murtaa’aa ta’e kenniifii. Itti aansuun tuutoni gocha kana keessatti kennaman miseensota meeqa meeqa akka qaban gaafadhu. Deebii isaani erga fudhattee booda deebii sirrii barattootaaf keniirra caalatti ibsa gochuuf fakkeenyota tuutaa dabalataa kan baay’inni miseensota isaa murtaa’aa ta’e keniirra.

Fakkeenya;  $A = \{1, 3, 5\}$

$$B = \{9, 3, i, o, u\}$$

Mee barattoonni fakkeenyota kana sirriitti akka ilaalanii fi hubatan taasisi. Baay’ina miseensota tuutota kanaa akka himan gaafadhu. Deebii isaanii irratti hundaa’uun deebii sirrii barattootaaf keniirra. Kana jechuun, barattoonni

- Tuutni A, Miseensa 3 qofaa qaba jechuun akka yaadan gargaari.
- Miseensonni tuuta B, a, e, i, o fi u qofaa dha. Tuutni B miseensota 5 qofaa qaba jechuun akka yaadan gargaari.

Amma ammo fakkeenya tuutaa kan miseensa hin qabne barreessi. (Kan akka (c) gocha 1.2, kitaaba barataa keessaa).

Fakkeenya: Barattoota daree kee keessaa kan umuriin isanii 100 ta'e. Itti aansuun yoo kana dand'an ta'e, barattooni miseensota tuuta kanaa akka tarreessuu dand'ani fi baay'ina miseensota tuuta kanaa akka himan gaafadhu. Barattooni daree sana keessaa kan umuriin isaanii 100 ta'e akka jiran gaafadhu. Yookiin barataan umuriin isaa 100 ta'e gara fulduraatti akka buhu gaafadhu, kanaaf barattooni tuutni kun miseensa hin qabu jechuu akka danda'aniif gargaari. Baay'inni miseensota tuuta kanaa 0 dha akka jedhaniifis gargaari.

Hojii garee 1.2 (a) fi (c) haaluma walfakkaatuun akka hojjetan taasisi. Deebii barattooni kennan waliin wal qabsiisuun yaada tuuta duwwatti akka dhufaniif barattoota gargaari mallaattoo tuuta duwwaas itti agarsiisi. "Itti aansuun hiikoo tuuta duwwaa fi tuutni duwwaan mallattoo" Ø yookiin {} akka bakka bu'u itti himi.

Hubachiisa: {} fi {} tuuta duwwaa akka hin taane itti himi. Hubachiisi: {} tuuta mallattoo tuuta duwwaa qabate dha.

{0} ammo tuuta miseensi isaa 0 ta'e dha.

Tuutonni kun lamaanuu miseensa 1 qabu.

Fakkeenyonni tuuta duwwaa biraa armaan gaditti kennamanii jiru.

- Tuuta adurreewan miila 8 qabanii
- Tuuta lakkoofsota lakkaawwii kan lakkoofsa guutu akkasumas lakkoofsa mangoo ta'anii.
- Tuuta rogsadoota roga afur qabanii.

Waa'ee tuuta duwwaa, hiikoo 1.2 kitaaba barataa irraa barattooni akka dubbisan taasisi. Achiin booda hiikoo kana jecha fi yaada mataa isaaniitiin akka ibsan gargaari.

Gilgaala 1.2 keessa gaaffiwwan kana barattooni dhuunfaadhaan yookiin garee miseensa 3 ykn 5 qabuun akka hojjetan taasisi. Achiin booda hojii isaanii kana walitti akka agarsiisan erga taasistee booda, warreen fedhii qaban fulduratti bahanii gabatee gurracha irratti akka hojjetan taasisuun barattooni warri kaan ammo kan hojjetame kana irratti yaada akka kennan taasisi.

Malli akkasii kun barattoota daree keessati sochii hin qabne dadamaqsuuf si gargaara. Barattooni wayitii gaffii dhuunfaadhaan yookiin gareedhaan hojjetan daree keessa deemuu jajjabeessi (gargaari).

Dhuma mata duree kanaa irratti gilgaala 1.2 keessaa gaaffiwwan 1, 3a, 3c, 3d, 4, 5b, 5c, 5f, 6l fi 6c akka hojji manatti barattootaaf kenni. Achiin booda hojii manaa kana madaaluun deebii sirrii barattootaaf kenni.

### **Tuuta dhaabataa fi tuuta fufaa**

Jalqaba irratti tuuta A armaan gadii gabatee gurraacha irratti barreessuun jalqabi.

Fakkeenya:  $A = \{1, 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8, 9, 10\}$

Tuutni A, miseensota meeqa akka qabu barattoota gaafachuuun jalqabi. miseensota tuuta A lakkofnee fixuu fi dhiisuu danda'uu keenya barattoota gaafadhu.

Fakkeenya kana cimsuuf, gocha 1.3 dabalataan fayyadami. Kun yaadrime tuuta dhaabataa ifa taasisuuf si gargaara. Barattooni hiikoo tuuta dhaabataa kitaaba barataa irraa akka dubbisian tasisi. Itti aansuun, fakkeenya 4 (a), (b) fi (c) taasisi. Achiin booda barattooni fakkeenya tuuta murtaa'aa mataa isaaniitiin akka kennan gaafadhu. Fakkeenya kanneen kana haala qabatamaa naannoo jiru akka walqabsiisuun kennan godhi [barattoota daree keessaa, barsiisota mana barumsaa keessaa; teessoo daree keessaa, kitaabota daree keessaa, baay'ina mukoota mooraa mana barusmaa keessaa k.k.f hunduu tuuta dhaabbataa akka uuman hubadhu].

Itti aansuun, fakkeenya armaan gadii gabatee gurrachaa irratti barreessi.

$W = \{x: x \in A \text{ lakkofsa hundaa } ti\}$

Yoo danda'an miseensa tuuta kanaa isa guddicha akka sitti himaniif barattoota gaafadhu. Miseensa tuuta kanaa guddiicha argachuun akka hin dandeenye hubachuun akka danda'aniif barattoota kee gargaari.

Kana irraa ka'uun miseensa tuuta kanaa hundaa tarreessanii xumuruu danda'uu fi dhiisuu isaanii gaafadhu. Kanaaf ammo sababni lakkofsi hundaa kamiyyuu yoo siif kennname, lakkofsa hundaa biraa kan isa caalu argachuun waan danda'amuf dha. Lakkofsa hundaa biraa argachuuf, kan kennname irratti 1 ida'uun argachuun waan danda'amuu fi dha. Kanaaf, lakkofsota hundaa lakkofnee xumuruu hin dandeenyu. Yaadni kun amma barattootaaf ifa yoo ta'e, waa'ee tuuta fufaa barattootatti himuu dandeessa.

Kitaaba barataa irraa fakkeenya 4 (a) fi (d) barattooni akka irratti mariyatan taasisi. Itti aansuun, barattooni fakkeenya tuuta dhabataa hin taanee akka kennaan gaafadhu. Gilgaala 1.2 keessaa gaaffii 5<sup>ffaa</sup> barattooni akka irratti mariyatan gochuun tuuta dhaabataa fi tuuta fufaa akka adda baafatan isaan gargaari.

### **Madaallii**

Gilgaala 1.2 keessaa gaaffiiwwan hafan akka hojii manaatti barattootaaf kennuun hojii isaanii madaali.

### **Deebii hojii garee 1.2**

A, B fi C'n tuutota duwaa dha.

**Deebii gocha 1.1**

1. Garee barattotaa ,garee taphatootaa, kubbaa miilaa, walitti qabama lukkuwwanii,walitti qabama barattoota hiriira lamaa
2. Namoota kubbaa miilaa taphatan.
3. Walitti qabama lukkuwwan sagalii.

**Deebii gocha 1.2**

- a) { 1, 2 }      c)  $\emptyset$  yookiin {}      d)  $\emptyset$  yookiin {}

**Deebii gocha 1.3**

- a) 5      b) 5      c) 5      d) Lakkawwamee kan dhumu miti.

**Deebii Gilgaala 1.1**

1. a. Tuutni kenneme tuuta sirritti ibsame dha. Sababni isaas miseensoonni tuuta kana, 1,3 5, fi 7 dha.
  - b. Walitii qabamni kun kan sirriitti ibsame miti. Sabani isaas, “sinbirroowwan babbareedduu” kan jedhu irratti walii galteen waan hin jirreef dha. Kanaaf miseensoonni walitti qabma kanaa sirriti adda ba’uu hin danda’an.
  - c. Kunis kan sirriitti ibsame miti. Sabani isaas, “shamarran babareedduu” kan jedhu irratti waliigteen waan hin jirreef dha. Kanaaf miseensoonni tuuta kanaa eenyu (warren kam) akka ta’an murteesuun rakkisaa dha.
  - d. Kun kan sirritti ibsame dha.
2. a.  $y \in S$       b.  $y \notin S$
3. a. lakki      b. lakki      c. eeyyee      d. eeyyee
4. a. 4      b. 5
5. a. Miruuts, Haayilee, Qananiisaa
  - b. Eeyyee      c. Lakkii      d. Eeyyee

**Deebii Gilgaala 1.2**

1. Kanneen armaan gadii deebii ta’uu danda’u.
  - a. Tuuta rektaangilootaa kan geengoo ta’ani.
  - b. Tuuta iskuweerota rogoota 5 qabanii
  - c. Tuuta laccofsota mangoo kan laccofsa guutuu ta’ani
  - d. Tuuta adurreewwan miila 6 qabanii
2. (a) fi (b) qofaatu deebii sirri dha.
3. a. 1      b. 2      c. 3      d. 4      e. 0
4. Lakkii sababni isaas, b (A) = 1, b (E) = 0 fi  $1 \neq 0$ .
5. a. Tuuta dhaabataa      b. Ttuuta fufaa.      c. Tuuta dhaabataa.
  - d. Tuuta fufaa.      e. Tuuta dhaabataa.      f. Tuuta fufaa.
6. a. 4      b. 5

## 1.2 HARIIROO TUUTOTAA

Wayitii kename: Wayitii 6

### Ga'umsawwan

*Mata duree kana erga xumuranii booda barattoonnii:*

- ⌚ hariiroo tuutotaa kan akka cita tuutaa, cita sirrii tuutaa, tuutota wal-qixaa fi tuutota walmadaaloo ni ibsu.
- ⌚ cita tuutaa fi cita xiqqaa tuutaa adda ni baafatu.
- ⌚ tuutota walqixaa fi tuutota wal madaaloo adda ni baafatu.
- ⌚ citoota xiqqaa tuutaa adda ni baafatu.
- ⌚ mallattoolee  $\subseteq$ ,  $\not\subseteq$ ,  $\subset$ ,  $\not\subset$ ,  $=$  fi  $\leftrightarrow$  tti ni fayyadamu.

### Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru

#### Cita tuutaa

Akka ka'umsaatti, kitaaba barataa irraa gocha 1.4 akka hojjetaniif daqiqaa 1 hanga 2 kenniifi. Baratoonni deebii isaanii dhuunfaatiin akka kennan taasisi. Itti aansuun deebii dhuunfaa yaada isaanii miiltoo isaanii waliin akka wal jijiiran itti himi. Achiin booda barattoonni fedhii qaban fulduratti bahanii akka hojjetan jajjabeessi.

Gabatee gurraacha irratti, tuutota lama, kan miseensi isaa tokkoo hundi miseensa isa bira ta'an barreessi.

#### Fakkeenya

$$A = \{1, 2, 3, 4\} \quad B = \{2, 4\}$$

Hariiroo tuuta A fi tuuta B gidduu jiru akka sitti himaniif barattoota kee gaafadhu. Miseensi tuuta B hundi miseensa tuuta A ta'uu akka hubataniif isaan gargaari. Kana jechuun tuuti B tuuta A keessatti akka hammatamu akka hubachuu danda'aniif isaan gargaari. Kana irraa ka'uun tuuti B cita tuuta A akka jedhamu itti himi.

Amma ammo tuuta A armaan olii fi tuuta C bira kan miseensa tuuta A keessa hin jirree qabatee gurraachaa irratti barreessi.

$$\text{Fakkeenya } A = \{1, 2, 3, 4\} \quad C = \{2, 5\}$$

Hariiroo tuuta A fi tuuta C gidduu jiru akka sitti himaniif barattoota kee gaafadhu. Miseensa tuuta C keessa jiru garuu kan A keessa hin jirre akka adda baasaniif barattoota kee gaafadhu.

Amma  $5 \in C$  fi  $5 \notin A$  waan ta'eef, tuutni C tuuta A keessatti hammatamu akka hin dandeenye hubachuu akka danda'aniif isaan gargaari. Kanaaf tuutni C cita tuuta A ta'uu akka hin dandeenye itti himi. Baratoonni kitaaba barataa irraa hiikoo 1.4 fi ibsa itti

aanee jiru akka dubbisaniiif jajjabeessi. Hiikoo isaa erga dubbisanii booda cita tuutaa fi cita tuuta mallattoole  $\subseteq$  fi  $\neq$  fayyadamuun ibsuun akka danda'amu akka hubataniif isaan gargaari.

Waa'ee cita tuutaa gadi fageenyaan akka hubataniif fakkeenyota kannee armaan gadii kan fakkaatan dabalataan barattoota hojjechiisi.

Fakkenya: Mee A = {a, b} citoota tuuta A barreessi.

Garee barattootaa miseensota 3 hanga 5 qaban ijaaruun barattoonni garee dhaan kitaaba barataa keessaa hojii garee 1.3, gochaalee fi gilgaala 1.3 keessaa gaaffiwwan (3) fi (4) irraa akka hojjetan taasisi. Wayitii barattoonni gareedhaan hojjetan daree keessa deemuun hojii barattootaa hordofi. Kan gargaarsa barbaadan yoo ta'e gargaari (kallatti itti agarsiisi). Dhuma irratti kan gareedhaan hojjetan kana, garee keessa barataan tokko fulduratti bahee akka hojjetu taasisi barattoonni darees yaada akka kennan godhi. Gareen hundi erga haala kanaan hojjetee booda deebii dhuma kenni. Dhuma irratti gilgaala 1.3 keessaa gaaffiwwan 1, 3 fi 5 akka hojii manaatti kennuun hojii isaanii madaalii kanneen barattootatt ciiman yoo jirate gaafachuun daree keessatti hojjedhu.

### Cita xiqqaa tuutaa

Haaluma cita tuutaa hubachiisteen waa'ee cita xiqqaa tuutaa barattoota hubachiisuun mallattoo isaa itti agarsiisi. Jalqaba waa'ee cita tuutaa yaadachiisuun jalqabuu dandeessa. Keessumaa gocha 1.5 akka yaadatan gochuun, baay'ina cita tuutaa akkaata itti barbaadan akka hojjetan isaan gargaaruun, waa'ee baay'ina cita tuutaa maal jechuu akka danda'an gaafadhu. Yoo A  $\subset$  B ta'e, A  $\subseteq$  B fi A  $\neq$  B miseensa tokko kan A keessa hin jirre qabaachuu akka qabu itti himuun, barattoonni hiikoo 1.5 kitaaba barataa irraa akka dubbisan taasisi. Hiikoo 1.5 erga dubbisanii booda fakkeenyta 2 (a) kitaaba barataa irraa siritti ibsuun fakkeenyta biraa itti dabalii hojjedhu. Gilgaala 1.3 keessaa gaafii (7) barattoonni gareedhaan akka hojjetan taasisi.

Dhuma irratti gilgaala 1.3 keessaa gaaffiwwan 6, 8 fi 9 akka hojii manatti kennuun, hojii isaanii erga madaaltee booda deebii sirrii ta'e kenni daree keessatti hojjedhu.

### 1.2.2 Tuutota walmadaaloo fi tuutota walqixaa


#### Tuutota wal madaaloo (waliigita)

Yaad-rimee tuutota wal madaaloo siritti hubachiisuf tokkoo tokkoon walitti firoomsuu beekuun barbaachisaa akka ta'e hubadhu. Kanaaf fakkeenyota tuutotaa lama, kan warra kitaaba barataa waliin wal fakkaatan gabatee gurraachaa irratti barreessuuun jalqabi. Barattoonni miseensota tuuta isa tokkoo miseensa tuuta isa biraa waliin tokko tokkoo akka walitti firoomsan gaafadhu. Walmadaalummaan tuutotaa kan hundaa'u gosa miseensotaa irratti otoo hin taane, tokko tokkoon miseensota tuutotaa irratti akka ta'e barattoota hubachiisi.

Itti aansuun hiikoo tuutota wal madaaloo barattootaaf kenni. Barattoonni kitaaba barataa irraa hiikoo 1.6 akka dubbisan taasisi. Mallatoo tuutoni lama tuutota wal madaaloo ta'uu isaanii ittiin ibsinu akka hubataniifi mallatoo kana fayyadamuun tuutota wal madaaloo akka ibsan taasisi. ( $\leftrightarrow$ ). Yaada kana fakkeenyaa 3 kitaaba barataa irraa fayyadamuun ibsi gilgaala 1.4 kitaaba barataa irraa akka hojii daree yookiin akka hojii manatti barattootaaf kennuun soroorsi.

### Tuutota wal-qixaa

Yada tuutota wal madaaloo barattootaaf ifa erga taasistee booda, yaada tuutota wal qixaa barattoota hubachiisuun ulfaataa miti. Tuutoni lama walqixa kan ta'ani gostii fi baayinni miseensota isaanii tokko yoo ta'e dha. Yaada kana ifa taasisuuf, fakkeenyota kitaaba barataa irratti kennaman fayyadamuun dandeessa dabalataan fakkeenyota armaan gadii fayyadamuun barattoonni hariiroo tuutota kana gidduu jiru akka sitti himan gaafadhu.



Kitaaba barataa irraa, barattoonni gocha 1.6 irratti akka mariyatan taasisi. Hiikoo tuutota wal-qixaa erga kennitee booda (hiikoo 1.7) hariiroo armaan gadii irra akka gahaniif barattoota gargaari! “yoo  $A \subseteq B$  fi  $B \subseteq A$  ta'e  $A = B$  ta'a”.

Barattoonni fakkenya 4 kitaaba barata irraa, irratti akka mariyatan taasisi.

Dhuma irratti gilgaala 1.4 keessaa gaaffiwwan (6) fi (7) akka hojii manaatti kennuun soroorsi.

### Deebii gocha 1.4

Miseensonni tuuta B hundi miseensota tuuta A ti.

### Deebii gocha 1.5

- a. Eeyyee.  $A \subseteq B$  ti. Lakkii  $z \in B$ , garuu  $z \notin A$ .
- b.  $b(A) = 5$ ,  $b(B) = 6$
- c. tuuti B'n, tuuta A caalaa miseensota baay'ee qaba.

### Deebii gocha 1.6

- a. Eeyyee. Baay'inni miseensota isaanii walqixa dha ( $M \leftrightarrow N$ )
- b. Eeyyee.  $M \subseteq N$
- c. Eeyyee.  $N \subseteq M$

**Deebii hojii garee 1.3**

1. a.  $\{a\}, \{1\}, \{2\}$       b.  $\{a, 1\}, \{a, 2\}, \{1, 2\}$   
c. 6

2.

Tuuta A	Baay'ina miseensota tuuta A	Citoota tuuta A	Baay'ina citoota tuuta A
$A = \emptyset$	0	$\emptyset$	1
$A = \{a\}$	1	$\emptyset, \{a\}$	2
$A = \{a, b\}$	2	$\emptyset, \{a\}, \{b\}, \{a, b\}$	4
$A = \{a, b, c\}$	3	$\emptyset, \{a\}, \{b\}, \{c\}, \{a, b\}, \{a, c\}, \{b, c\}, \{a, b, c\}$	8


3. a. n'n baay'ina miseensota yoo ta'e, baay'inni citoota tuuta kanaa  $2^n$  dha.  
b.  $2^4 = 16$       c.  $2^5 = 32$   
4.  $2^n$

**Deebii Gilgaala 1.3**

1. Eeyyee, C  $\subseteq$  D. Sabani isaas, miseensi tuuta C hundi miseensa tuuta D ti.  
2. a.  $\emptyset, \{3\}, \{5\}, \{t\}, \{3, 5\}, \{3, t\}, \{5, t\}, \{3, 5, t\}$   
b.  $\{3\}, \{5\}, \{t\}$       c.  $\{3, 5\}, \{3, t\}, \{5, t\}$       d. 7  
3. {kibxata, kamisa}  
4.  $\{a, b, c\}, \{a, b, d\}$   
 $\{b, c, d\}, \{a, c, d\}$   
5. a.  $\emptyset, \{1\}, \{2\}, \{3\}, \{1, 2\}, \{1, 3\}, \{2, 3\}, \{1, 2, 3\}$   
b.  $\emptyset, \{5\}, \{9\}, \{5, 9\}$   
6.  $\{3, 4, 5\}, \{k, m\}$   
Hubachiisa: Tuutni kun citoota xiqqaa  $2^7 - 1 = 127$  qaba.  
7. a.  $\subsetneq$       b.  $\subset$       c.  $\subset$       d.  $\subset$

**Deebii gilgaala 1.4**

1.



2. a.  $b(A) = 3, b(B) = 3, b(c) = 3, b(D) = 4$   
b. A, B fi C'n tuutota wal madaaloo dha.  
3.  $\{1, 2, 3\}, \{a, b, c\}, \{m, n, o\}$   
4.  $\{p, q\}, \{p, r\}, \{p, s\}, \{q, r\}, \{q, s\}, \{r, s\}$

5. A = C (Tuutonni kun lamaan tuutota wal madaaloo dha). Kana malees tuutonni kun lamaan miseensota bay'ina fi gosaan tokko ta'an qabu 0, 2, 4, 6 fi 8 miseensota tuutota kanaati.  
 B = D = E = F Tuutonni kun tuutota wal madaaloo dha. Kana malees tuutonni kun lamaan miseensota baay'ina fi gosaan tokko ta'an qabu. Miseensonni tuutota kanneenii 2, 4, 6 fi 8 dha.
6. Eeyyee A = B. Ttuutonni lamaan miseensot baay'inaa fi gosaan tokko ta'an qabatanii jiru: 1, 3, 5, 7 fi 9.

## 1.3 TUUTOTA QOYYABUU

**Wayittii kennname: Wayitii 10**

### Ga'umsawwan

#### *Mata duree kana erga xumuranii booda barattoonnii*

- ⌚ kipha tuutota lamaa ni barbaadu.
- ⌚ makoo tuutota lamaa ni barbaadu.
- ⌚ danaa Veenii fayyadamuun hariiroo tuutota lama gidduu jiru ni ibsu.
- ⌚ danaa Veenii fayyadamuun kipha tuutotaa ni ibsu.
- ⌚ danaa Veenii fayyadamuun makoo tuutotaa ni ibsu.
- ⌚ danaa Veenii fayyadamuun tuutota ni ibsu.

### Seensa

Kaayyoo mata duree kanaa barattootaaf ifa taasisi.

- (i) Yaadrimee makoo fi kipha tuutotaa barattootaaf ifa taasisi.
- (ii) Barattooni kiphaa fi makoo tuutotaa akka barbaachuu dana'aniif gargaari.

Waa'ee kipha fi makoo tuutotaa otoo hin jalqabiin dura, seensa kitaaba barataa irratti kennname barattooni akka dubbisan taasisi. Waan dubbisan kana jechaa fi yaada mataa isaaniitiin akka ibsan gaafadhu. Barattooni qoyyaboota tuutaa kana, akka qoyyaboota lakkofsota (ida'uu, hir'isuu, baay'isuu fi hiruu) kan duraan beekan waliin akka wal qabsiifachuu danda'aniif isaan gargaari.

### Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru

#### 1.3.1 Kipha tuutotaa

Akkuma ida'uun lakkofsota lamaa lakkofsa biraa nuuf kenu, kiphni tuutota lamaas, tuuta biraa akka nuuf kenu yaadadhu. Otoo hiikoo kipha tuutotaa hin kennin dura, barattooni gocha 1.7 kan kitaaba barataa irratti kennname akka hojjetan taasisi itti aansuun akkaataa itti kipha tuutotaa uumu danda'an itti agarsiisi.

Tuuta lama kennuun, barattoonni miseensota waliin qaban tuutota kanaa akka eeran gaafadhu. Miseensota waliin qaban kana fayyadamuu tuuta biraa akka uuman gargaari. Kana cimsuuf fakkeenya kitaaba barataa irratti kennamen alatti kan armaan gadii dabalataan fayyadamuu dandeessa.

Fakkeenya:  $A = \{1, a, 2, b\}$  fi

$B = \{2, c, 4, a\}$

Barattoonni miseensota waliin qaban kana fayyadamuu tuuta biraa akka uuman taasisi. Tuutni haaraan uumamu kun  $\{a, 2\}$  dha. Tuutoni lama miseensota walii yoo qabatan, tuutota kana tuutota walkiphan akka jennuu barattootaaf yaada kenni. Itti aansuun Hiikoo 1.8, kan kitaaba barataa irratti kenname barattootaaf kennun, mallatto kipha tuutotaf itti fayyadamnu barattootaaf kenni. Tuutoni  $A$  fi  $B$ , kan walkiphan yoo ta'e, kipha tuutota kanaa mallattoo " $A \cap B$ " fayyadamuu akka ibsinu barattootatti agarsiisi. Kun yoo dubbifamu " $A$  kipha  $B$ " yookiin " $B$  kipha  $A$ " jechuun akka dubbifamu itti himi.

Fakkeenyota kitaaba barataa irratti kennamaniin alatti, fakkeenyota kan akka kanneen armaan gadii fayyadamuu kipha tuutota akka barbaadaniif barattota gargaari.

$A =$  Tuuta barattota daree kanaa.

$B =$  Tuuta barattota shamarran daree kanaa.

$A \cap B =$  Tuuta barattoota shamarran daree kanaa. Itti aansuun barattoonni gocha 1.7 akka hoijjetan taasisi. Hiikoo 1.8 kan kitaaba barataa keessatti kenname waliin wal-qabsiisuun, hiikoo tuutota "waliif alagaa" barattootaaf kenni. Kana cimsuuf fakkeenya salphaa armaan gadii fudhachu dandeessa.

Mee  $D =$  Tuuta barattoota dhiiraa daree kanaa

$S =$  Tuuta barattoota shamarran daree kanaa

Tuutni kun lamaan miseensota walii hin qaban.

Kanaaf  $D \cap S = \emptyset$ . Kana waan ta'eef tuutoni kun tuutota waliif alagaa dha. Dabalataan

gilgaala 1.5 keessa gaaffii (1b) barattootnni daree keessatti akka hoijjetan taasisi. Erga isaan xumuranii booda deebii isaanii ilaaluun deebii kenni. Dhuma irratti gilgaala 1.5 keessaa gaaffiiwan akka hojii manatti barattootaaf kenni.

### 1.3.2 Makoo tuutotaa

Makoon tuutotaa qooyaba biraa kan ittiin tuutota qooyabnu dha. Akkuma kipha tuutotaa makoon tuutotaas, tuuta biraa kan irraa argamu dha.

Makoo tuutota lamaa barbaaduuf, miseensota tuutota lamaan, yookiin tokkoon isaanii keessatti argaman fudhanna.

Duraan dursa barattoonni gocha 1.8 kan kitaaba barataa irratti kennname akka hojjetan taasisii. Waan hojjetan kana waliif akka ibsuu dana'aniif haala mijeessi. Itti aansuu hiikoo 1.9 kan kitaaba barataa irratti kennname barattootaaf ketti. Hiikoo kana fakkeenyaa ifa taasisi. Kana waliin wal-qabsiisuun mallatloo makoo tuutotaa "U" itti agarsiisuun mallatloo kana fayyadamuun makoo tuutotaa akka ibsan gargaari.

Hojii garee 1.4 irratti barattoonni gareedhaan akka mariyatan taasisi. Kanuma waliin walqabsiisuun fakkeenya (2) kan kitaaba barataa irratti kennname irratti barattoonni daree keessatti haa mariyatan.

Barattoonni seera waliigala armaan gadiitti kennname irraa akka gahuu danda'anif gargaarsa isaaniif gochuun sirraa eegama.

$$b(A \cup B) \leq b(A) + b(B)$$

Yaada kana ifa taasisuuf kitaaba barataa irraa gilgaala 1.5 keessaa gaaffiwwan 3a, 3c, 4a, 4c, 5 fi 7a akka hojii dareetti hojjechiisuun soroorsi.

Barattoonni fedhiidhaan, waan dhuunfaatti hojjetan kana fulduratti bahuun gabatee gurrachaa irratti akka hojjetan taasisi.

Gilgaala 1.5 keessa gaaffiwwan hafan (3b, 4b, 6, 7b) akka hojii manaatti kennun, deebii isaan argatan soroorsi madaalli kee kana irratti hundaa'uun barattootatti kan cime yoo jiraatee, hubannoo isaanii sirreessuuf, akkasumas cimussuf, gaaffiwwan kana keessaa muraasa barattootaaf daree keessatti hojjedhu.

### 1.3.3 Danaa Veen

Danaan Veen hariiroo tuutota gidduu jiru akka xiinxaluu dandeeyuuf nu gargaara. Danaan veen kan nu gargaaru hariiroo tuutotaa ibsuuf qofaa otoo hin taane, qoyyaboota tuutota irratti hojjechuu fi piroobileemota jechaa tuutota qabatan hojjechuufis nu gargaara. Kana ifa taasisuuf, cimdi tuutota sadii kanneen akka armaan gadii fudhachuu qabda.

- (i) Tuutonni lamaan miseensota waliin kan qaban

**Fakkeenya:** A = {1, 2, 3, 4}

B = {2, 3, 4, 5}

- (ii) Tuutonni lamaan miseensota waliin hin qaban

**Fakkeenya:** C {1, 3, 5} fi

D {1, 2, 3, 4}

Tuutonni kun geengoo yookiin illipsii tiin akka bakka buufaman yaadachiisi.

Barattoonni danaa veenii fayyadamuun, tuutota ibsuu, hariiroo tuutotaa (cita tuutaa, cita xiqqaa tuutaa), kipha tuutotaa, makoo tuutotaa, ibsuu akka danda'aniif, fakkeenyota 3, 4, 5 fi 6 kan kitaaba barataa irratti kennaman fayyadamuun ibsuu dandeessa. Dabalataan gilgaala 1.6 keessaa, gaffiwwan (4) fi (5) akka hojii dareetti barattoota hojjechiisi.

Kanneen akka fakkeenyaaatti fudhachuun barattoonni pirobileemota jechaa kan (4) fi (5) gilgaala 1.6 keessaa waliin wal fakkaatan akka hojjetaniif gargaari. Gilgaala 1.6 keessaa warreen hafan akka hojii manaatti kenuun hojii isaanii kana soroorsi. Deebii argattee irratti hundaa'uun kan barattootatti cime yoo jiraate, daree keessatti barattootaaf hojjedhu.

### Deebii gocha 1.7

- Miseensota tuutota lamaanii kan ta'an r fi s dha.
- Tuutni miseensota walii A fi B qabate {r, s} dha.

### Gocha 1.8

Tuuti miseensota tuuta A yookiin miseensota B, yookiin miseensota A fi B qabate, {Daraaraa, Tolaa, Kadir, Tokkumaa, Almaaz, Addunyaa, Faaxumaa} ta'a.


### Deebii gilgaala 1.5

- a.  $A \cap B = \{a, e\}$   
b.  $A = \{2, 3, 5, 7\}$   
 $B = \{3, 5, 7, 9\}$   
 $A \cap B = \{3, 5, 7\}$   
c.  $A \cap B = \emptyset$
- a.  $A \cap B = A$       b.  $A \cap \emptyset = \emptyset$       c.  $A$       d.  $A$   
e.  $A$       f.  $A$       g.  $B$
- a.  $A \cup B = \{a, b, c, d, e, f\}$       b.  $X \cup Y = \{2, 3, 6, 8, 9, 10, 12\}$   
c.  $P \cup Q = \{\triangle, \square, \circ, \star\}$
- a.  $b(A \cup B) = 6$       b.  $b(X \cup Y) = 7$       c.  $b(P \cup Q) = 4$
- $b(X \cup Y) = b(X) + b(Y) - b(X \cap Y)$   
 $= 22 + 9 - 4 = 27$  ta'a
- Haaluma gaafii (5) armaan olii waliin wal fakkaatuun,  
 $b(X \cup Y) = b(X) + b(Y) - b(X \cap Y) = a + b - c$  ta'a
- a.  $A \cup B = \{2, 4, 6, 8, 1, 3, 5\}$   
 $B \cup A = \{1, 3, 5, 2, 4, 6, 8\}$   
Miseensooni  $A \cup B$  fi  $B \cup A$ , tartiiba itti barreeffaman malee garaagarummaa hin qaban. Kanaaf  $A \cup B = B \cup A$ .  
b.  $(A \cup B) \cup C = \{2, 4, 6, 8, 1, 3, 5\} \cup \{a, b, c, d\}$   
 $= \{2, 4, 6, 8, 1, 3, 5, a, b, c, d\}$   
 $A \cup (B \cup C) = \{2, 4, 6, 8\} \cup \{1, 3, 5, a, b, c, d\}$   
 $= \{2, 4, 6, 8, 1, 3, 5, a, b, c, d\}$   
Kanaaf,  $(A \cup B) \cup C = A \cup (B \cup C)$


Sabani isaas, tuuttonni kun lamaan miseensota wal fakkatan waan qabaniifi dha.

**Deebii gilgaala 1.6**


1.



2. a.




b.




c.






d.






e.



3. (a) kipha

 $A \cap B$  $C \cap D$  $E \cap F$ 

(b) Makoo


 $A \cup B$  $C \cap D$  $E \cup F$ 

4. Baay'inni mamiltoota fedhiin qorannoo nyaataa irratti gaggeeffame = 75.

Mamilootaa kana keessaa, Baay'nni mamiltoota ittoo lukkuu fi raafuu fooniin kan jaalatan = 11.

Baay'inni mamiltootaa ittoo lukkuu qofaa jaalatanii,  $35 - 11 = 24$  dha. Kanaaf, Baay'inni mamiltoota ittoo lukkuu yookiin raafuu fooniin jaalatan =

$11 + 24 + 30 = 65$ . Kanaaf, Baay'inni maamiltoota ittoo lukkuu akasumas raafuu fooniin hin jaalannee,  $75 - 65 = 10$ .



5. Baay'inni barattoota fedhiin isaani qoratamee = 36. Gosoota lallaafaa hundaa kan filatan barattoota 2 dha. Baay'inni barattootaa kan kookaa-kollaa yookiin faantaa qofaa filatanii  $8 - 2 = 6$

Baay'inni barattootaa kan kookaa-kollaa yookiin ispiraayitii qofaa filatanii:


$$15 - 2 = 13$$

Barattoota 15 faantaa filatan keessaa, 8ttan isaanii kookaa kollaa yookiin ispiraayitti filatu.

Kannaf, Baay'inni barattoota faantaa qofaa filatani  $15 - 8 = 7$ .

Barattoota 25 kookaa-kollaa filatan keessan, 21 faantaa yookiin ispiraayitii kan filatan 21 dha. Kanaaf, baay'inni barattootaa hariiroo kana Danaa veenii armaan gadii tiin mul'ifama

a.





- b. Baay'inni barattoota faantaa qofaa filatanii 7.
- c. Baay'inni barattoota faantaa yookiin ispiraayitii filatanii  $7 + 2 + 3 = 12$
- d. Baay'inni barattoota kookaa kollaa yookiin ispiraayitii qofaa filatanii  
 $4 + 13 + 3 = 20$
- Baay'inni barattoota faantaa yookiin kookaa-kollaa qofaa filatanii  
 $4 + 6 + 7 = 17$

- Baay'inni barattoota faantaa yookiin ispiraayitii qofaa filatanii  
 $7 + 3 = 10$ .

Kanaaf, manni bashannanaa kun gosoota lallaafaa kookaa-kollaa fi ispiraayitii dabalataan dhiiyessuu qaba. Sababni isaas barattoonni baay'een gosoota lallaafaa kana waan filataniif dha.

### Deebii gilgaala waliigalaa boqonnaa 1

1. a. Kan sirriitti ibsame miti. b. Kan sirriitti ibsame dha.  
c. Kan sirriitti ibsame dha. d. Kan sirriitti ibsame miti.
2. a. Tuuta fufaa b. Tuuta dhaabataa  
c. Tuuta fufaa d. Tuuta dhaabataa
3. {4, 5}, {4, 6} k.k.f
4. a.  $\in$  b.  $\subseteq$  c.  $\subseteq$
5. a.  $A \cup B = \{2, 3, 4, 5, 6, 7\}$   
 $A \cap B = \{4, 5, 6\}$
6. (a), (c), fi (d) tuuta duwwaa dha.
7. a. Dhugaa b. Dhugaa c. Soba d. Dhugaa
8. a. Soba b. Soba c. Soba d. Dhugaa
9. a. b.



10. a.  $A \cup B$  b.  $C \cap D = D$  c.  $x \cap y$

11. Mee tuuta miseensota gumii afaan oromoo = O

Tuuta miseensota saayinsii naannoo = S haa jennu.

$$b(O) = 25$$

$$b(S) = 30$$


$$b(O \cap S) = 15$$

$$b(O \cup S) = b(O) + b(S) - b(O \cap S)$$

$$b(O \cup S) = 25 + 30 - 15$$

$$= 55 - 15 = 40$$

Danaa veeniitiin yoo mul'ifamu,



BOQONNAA



# HIRAMUMMAA LAKKOOFSTA HUNDAA

## SEENSA

Kaayyoon boqonnaa lammaaffaa kanaa inni guddaan barattooni waa'ee hiramummaa lakkoofsota hundaa akka baran gochuu dha. Keesumaayyuu hiramummaa lakkoofsotaa yeroo baay'ee barattoota jirenya guyyaa guyyaa keessatti mudatu kan akka hiramummaa lakkoofsa hundaa tokkoo, 2'f, 3'f, 4'f, 5'f, 6'f, 7'f, 8'f, 9'f, 10'f irratti kan xiyyeffatu dha. Kanneen hundaaf seerota jiran ni ilaalu. Irra caalaatti barattooni waa'ee hirmaataa lakkoofsota hundaa, fi akkaataa itti hirmaataa walii xiqqicha, hirmaataa walii guddicha barbaaduu danda'an ni baratu.

### Kaayyoo gooroo boqonnaa

*Boqonnaan kun erga xumuramee booda; barattooni:*

- ⌚ lakkoofsi hundaa tokko 2'f, 3'f, 4'f, 5'f, 6'f, 8'f, 9'f, 10'f hiramuu fi dhiisuu isaa adda ni baafatu.
- ⌚ lakkoofsota kopxii fi kompozitii adda ni baafatu.
- ⌚ lakkofota hunda tokko hirmaatota kopxiitiin ni diddiriirsu.
- ⌚ hirmaataa walii guddicha (HWG) lakkoofsota hundaa lamaa yookiin sadii (kan dijiitii tokko yookiin lama qabanii) ni barbaadu.
- ⌚ hirmaataa walii xiqqicha (HWX) lakkoofsota-hundaa lamaa yookiin sadii (kan dijiitii tokko yookiin lama qobanii) ni barbaadu.

### Meeshaalee deggarsa barnootaa boqonnaa kanaaf barbaachisan

- Siilabsii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, kan kutaa 6.
- Kaalukuleetera



- Gabatee baay'isuu
- Chaartti lakkofsota hunaa 1 – 100 qabatan

1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
11	12	13	14	15	16	17	18	19	20
21	22	23	24	25	26	27	28	29	30
31	32	33	34	35	36	37	38	39	40
41	42	43	44	45	46	47	48	49	50
51	52	53	54	55	56	57	58	59	60
61	62	63	64	65	66	67	68	69	70
71	72	73	74	75	76	77	78	79	80
81	82	83	84	85	86	87	88	89	90
91	92	93	94	95	96	97	98	99	100

- Qubeessaawwan halluu adda addaa qaban
- Kaartoonii
- Boronqii bifaa adda addaa qabu (gabatee gurraachaaf)

## 2.1 MAALUMMAA (HIIKOO) HIRAMUMMAA

Wayitii kenname: Wayitii 6

### Kaayyoowwan

*Mata duree kana erga xumuranii booda barattoonni:*

- ⌚ Seerota lakkofsa hundaa 2'f, 3'f, 4'f, 5'f, 6'f, 8'f, 9'f, fi 10'f adda ni baafatu, ni hubatu.
- ⌚ Seerota hiramummaa lakkofsota hundaa fayyadamuun gaaffiiwwan hiramummaa lakkofsota hundaa ilaallatan ni deebisu.

**Jechootaa ijoo:** Hiramummaa, Hirmaattota, hiramoota, hirmaattota kopxii, diddiriirsuu, Hiramaa walii xiqqicha (HWX), hirmaataa walii guddicha (HWG).

### Seerota hiramummaa

**Meeshaalee mata duree 2.1 kana barsiisuuuf barbaachisan (gargaara).**

## Seensa

Kaayyoona mata duree kanaa inni guddaan, barattoonni waa'ee seerota hiramummaa lakkoofsotaa akka baran gochuu dha. Seerota hiramummaa lakkoofsa hundaa tokko 2'f, 3'f, 4'f, 5'f, 6'f, 8'f, 9'f, 10'fii akka baranii fi akka itti fayyadaman gochuu dha.

Yaada kana gaaffilee seensa kitaaba barataa keessatti kennname irratti mariisisuun jalqabuu dandeessa. Milkeessan pirobleemii jechaa kana furuuf, beekumsa herregaa maal isa barbaachisa. Barattoonni yaada sirri ta'e akka kennaniif isaan qajeelchi. Milkeessan cimdi hirmaattoota 144 barbaaduu qaba jechuu akka danda'aniif isaan qajeelchi. Itti aansuun, mata dureen kun maalummaa hiramummaa irratti akka xiyyeffatu itti himi. Kanaaf seerota hiramummaa lakkoofsa hundaa tokko, 2'f, 3'f, 4'f, 5'f, 6'f, 8'f, 9'f, 10'f mata duree kana yoo barsiisstu, akkaata seerotni hiramummaa kun itti dhufan barsiisuu caalatti, akkaata seerota kana barattoonni itti fayyadaman barsiisuutu bu'aa guddaa qaba. Fakkeenyaaaf, Hiramaa walii xiqqicha (HWX) hirmaataa walii guddicha (HWG) barbaaduu keessatti seeronni kun gumaacha guddaa qabu akkaataa seeronni kun itti argaman barsiisuf, tarkaanfii tarkaanfiidhaan akkaataa wixinee armaan gadiitti kennameen barsiisuu ni danda'ama.

Seeronni hiramummaa biroon, hiramummaa baay'attootaa, hiramummaa ida'amtootaa, hiramummaa caalmaawwanii, akkasumas lakkoofsi tokkoo 4'fi 8'f akka hiramu argachuuf waan nu gargaaraniif ilaalamuu qabu. Kanaaf, jecha wixineen ittiin barsiisuu dandeesssu armaan gadiitti siif kennamee jira.

### 1. Wixinee barsiisuu gargaaru

- Wayittii jalqabaa: seerota hiramummaa 2'f, 3'f, fi 5'fii barsiisuu
- Wayitii 2<sup>ffaa</sup>: seerota hiramummaa 6'f, 9'f, fi 10'fii barsiisuu
- Wayitii 3<sup>ffaa</sup> fi 4<sup>ffaa</sup>:
  - Seerota hiramummaa baay'attootaa, ida'amtootaa fi caalmaawwanii barsiisuu.
  - Seerota hiramummaa 4fii (sababa waliin) fi seerota hiramummaa 8fii barsiisuu
  - Seerota hiramummaa 4 fi 8fii gadi fageenyaan barsiisuu.

### 2. Si'eessuuf (dadamaqsuuf), piroobileemiin jechaa akka seensa kitaaba barataa keessatti kennametti fayyadami. Kun hariiroo hiramummaa lakkoofsota fi baay'ataa lakkoofsota gidduu jiru agarsiisuuuf gargaara. Kana jechuun hariiroo hirmaataa fi hiramaa gidduu jiru agarsiisuuuf gargaara. Kana malees akkaataa hiramaa fi hirmaataan walitti dhufan agarsiisuuuf ni gargaara.

Fakkeenyaaaf, 42, 7'f ni hirama. Sabani isaas,  $42 \div 7 = 6$  yookiin  $42 = 7 \times 6$  waan ta'eef dha.

### Seerota hiramummaa 2, 3 yookiin 5 barsiisuu

Akka waliigalaatti, kana barsiisuuf malli fayyadamuu qabdu kitaaba barataa irratti kennamee jira. Malli ati itti fayyadamuu qabdu, kan gocha 2.1 keessatti kennamee waliin wal fakkaachuu qaba. Kana malees gabatee baay'isuutti fayyadamuu qabda. Gabatee baay'isuu kana keessatti adeemsa baay'attoonni ittiin argaman lakkofsota naqa biraa keessa jirani walitti fiduun, hubatamuu qaba. Ibsa kee kana seerota 1, 2 fi 3 (seerota hiramumma kan 2, 3 yookiin 5) kan kitaaba barataa keessatti kennametti fayyadamuun guduunfuu dandeessa. Fakkeenyii 1, kan seerota kanatti aanee jiru gaaffiwwan filataman akka hojii manaatti kennuun, hojii barattoota kee soroorsuu dandeessa.

- A) Seerota hiramumma 6, 9 yookiin 10 barsiisuu (seerota 4, fi 6 mala hiramummaa lakkofsota, 2'f, 3'f, fi 5'f barsiisuuf itti fayyadamte asittis itti fayyadamuu dandeessa. As keessatti haalli itti seerii hiramummaa 3 fi 9 itti argamu kan 2, 5 fi 10 irraa adda ta'uun isaa hubatamuu qaba. Malli seera hiramummaa kan 2, 5 fi 10 itti argannu, dijiitii mana tokkee ilaaluuni dha. Kan 3 fi kan 9 garuu kan argamu, diiitoni lakkofscha ida'amani ida'amni kun lakkofsota kanaaf (3 fi 9) hiramuu fi dhiisuu isaa adda baasuun kan argamu dha.  
Fakkeenya 2: kan seerota 4, 5 fi 6 tti aanee jiru yaada kana cimsuuf itti fayyadamuu dandeessa.
- B) Seera hiramummaa 4'f barsiisuu (seera 7)  
Seera hiramummaa 4'f otoo hin hojjetiin dura, jalqaba seerota hiramummaa baay'attootaa, ida'amttootaa fi caalmaawwanii barsiisuu qabda. Kanaaf ammoo gocha 2.2 fi gabatee 2 kan kitaaba barataa keessatti kennametti fayyadamuu qabda.
- C) Duraan dursa, lakkofsi kamiyyuu akka baay'ataa lakkofsa biraa fi 100 tii ( $a = b \times 100$ ) yookiin akka ida'ama baay'ataa kanaa fi lakkofsa c birratti ( $a = b \times 100 + c$ ),  $c < 100$  akka barreeffamuu danda'uu barattootatti agarsiisi.
- D) Itti aansuun, seerri hiramummaa lakkofsa tokkoo 4'f kan hundaa'u hiramummaa ida'amttoonni kun 4'f qaban irratti akka ta'e barattoota hubachiisi. Kanaaf wixineen armaan gaditti siif kennamee jira.

### Seera Hiramummaa 4fii

$$7324 = 7300 + 24 \text{ (Lakkofsicha caccabsuun: ida'amaan jalqabaa baay'ataa 100 ti).}$$

$$= 73 \times 100 + 24 \text{ (4 hirmaataa 100 ti kanaaf 4 hirmaataa } 73 \times 100 \text{ ti).}$$

Kana malees 4 hirmaataa 24 akka ta'e ni beekna. sabani isaas  $24 \div 4 = 6$  kanaaf ida'amoontti lamaanuu 4'f ni hiramuu.

Kannaaf, 4 hirmaataa  $73 \times 100 + 24$  ti.

Kana waan ta'eef 7324 haftee malee 4'f ni hirama.

**Deebii Gocha 2.1**

naqa 1 <sup>ffaa</sup>	naqa 2 <sup>ffaa</sup>	naqa 3 <sup>ffaa</sup>	naqa 4 <sup>ffaa</sup>	naqa 5 <sup>ffaa</sup>
1			5	9
2		6		
3	6		15	27
4		12		
5			25	
6	12			
10		30		
18			90	162
26	52			
44		132		

**Deebii Gocha 2.2**

a	b	a'n 3'f haftee malee hiramaa?	b'n haftee malee 3'f hiramaa?	(a + b)'n haftee malee 3'f ni hiramaa?
12	5	Eeyyee	Lakkii	Lakkii
17	20	Lakkii	Lakkii	Lakkii
15	27	Eeyyee	Eeyyee	Eeyyee
48	54	Eeyyee	Eeyyee	Eeyyee

Kana malees barattoonni fakkeenyota 3 fi 4, kan kitaaba barataa irratti kennname irratti akka mariyatan taasisi.

Hiramummaan laccoofsa hundaa tokkoo 4'f kan hundaa'u dijiitota dhuma lamaa laccoofsichaa irratti akka ta'e barattoonni akka hubachuu danda'aniif isaan gargaari. (Laccoofsa dijiitota dhuma lamaanii uumame irratti jechuu dha).

Seera hiramummaa 4'fii argachuuf mala kitaaba barataa irratti kennname fayyadamuu dandeessa.

Seera hiramummaa 4'fii kana cimsuuf, gilgaala 2.2 keessaa gaaffii (3) irratti barattoonni akka mariyatan (gareedhaan hojjetan) taasisi.

Seera hiramummaa 8'fii (seera 8) barsiisuuf, seera hiramummaa 4 irraa waan argamu (seera 7 irraa waan argamu) fayyadamuu dandeessa. Seera 8 kana kitaaba barataa irraa barattoonni dhuunfaadhaan akka dubbisaa taasisi. Dhuma irratti, garaagarummaa fi walitti dhufeenyaa seera 7 fi seera 8 gidduu jiru barattoota hubachiisi.

Seera hiramummaa 8'f kana caalatti barattoota hubachiisuuf, gilgaala 2.2 keessaa gaaffii (6) barattoonni dhuunfaadhaan daree keessatti akka hojjetan taasisii hojii isaanii kanas madaali.

Gilgaala 2.2 keessea gaaffiwwan hafan akka hojii manaatti kenni.

### **Deebii Gocha 2.3**

900 haftee malee 4'f ni hirama. 36 haftee malee 4'f ni hirama. Baayi'ataan 100 hundi hiramaa 4 waan ta'eef, 36 hiramummaa lakkofsichi 4'f qabu ni murteessa.

### **Deebii gilgaalota mataduree 2.1**

#### **Deebii gilgaala 2.1**

1. a. 25, 5'f haftee malee ni hirama. Sababni isaas dijiitiin mana tokkee 5 waan ta'eefi dha.  
25, 2'f hin hiramu. Sababni isaas dijiitiin mana tokkee, dijiitii guutuu waan hin taaneefi dha 25, 3'f hin hiramu. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  $2 + 5 = 7$ , 3'f hin hiramu.  
b. 30, 2'f, 3'f yookiin 5'f haftee malee ni hirama.  
30, haftee malee 2'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin mana tokkee 0 waan ta'eefi dha.  
30, haftee malee 3'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota isaa,  
 $3 + 0 = 3$  haftee malee 3'f ni hirama.  
30, haftee malee 5'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin mana tokkee 0 waan ta'eefi dha.  
c. 73, 2'f, 3'f, fi 5'f hin hiramu.  
73, 2'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee dijiitii guutuu miti.  
73, 3'f hin hiramu. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  
 $7 + 3 = 10$ , 3'f hin hiramu.  
73, 5'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin gatii tokkee lakkofsa kanaa 0 yookiin 5 miti.  
d. 346, 2'f haftee malee ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 6, dijiitii guutuu dha.  
346, 3'f hin hiramu. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  
 $3 + 4 + 6 = 13$ , 3'f hin hiramu.  
346, 5'f hin hiramu sababni isaas, dijiitiin gatii bakka tokkee 0 yookiin 5 waan hin taaneef dha.

- e. 1034 haftee malee 2'f ni hirama. Sababni isaas dijiitiin bakkaa tokkee dijiiti guutuu waan ta'eef dha.
- 1034, 3'f hin hiramu. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  $1 + 0 + 3 + 4 = 8$ , 3'f hin hiramu.
- 1034, 5'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkoo 0 yookiin 5 waan hin taaneef dha.
2. a. 3660 haftee malee 2'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee dijiiti guutuu dha.
- 3660 haftee malee 3'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitotaa,  $3 + 6 + 6 + 0 = 15$  haftee malee 3'f ni hirama.
- 3660 hafteen malee 5'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 0 waan ta'eef dha.
- c. 3998 haftee malee 2'f ni hirama. Sababni isaas dijiitiin bakka tokkee, 8, dijiiti guutuu dha.
- 3998, 3'f hin hiramu. Sababni isaas ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  $3 + 9 + 9 + 8 = 29$ , 3'f hin hiramu.
- 3998, 5'f hin hiramu sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 0 yookiin 5 miti.
- d. 4998 haftee malee 2'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee dijiiti guutuu dha.
- 4998 haftee malee 3'f ni hiramaa. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  $4 + 9 + 9 + 8 = 30$  haftee malee 3'f ni hirama.
- 4998, 5'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 0 yookiin 5 miti.
- e. 4815 haftee malee 3'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  $4 + 8 + 1 + 5 = 8$  haftee malee 3'f ni hirama.
- 4815 haftee malee 5'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 5 dha.
- 4815, 2'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 5 dha. Kun ammo dijiiti guutuu miti.
- f. 1845 haftee malee 3'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiiota lakkofsa kanaa  $1 + 8 + 4 + 5 = 18$  haftee malee 3'f ni hirama.
- 1845 haftee malee 5'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 5 dha.
- 1845, 2'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 5 dha. Kun ammo dijiiti guutuu miti.
- g. 5280 haftee malee 2'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 0 dha.
- 5280 haftee malee 3'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa  $5 + 2 + 8 = 15$  haftee malee 3'f ni hirama.
- 5280 haftee malee 5'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 0 dha.

- h. 7275 haftee malee 3'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa  $7 + 2 + 7 + 5 = 21$  haftee malee 3'f ni hirama.
- 7275 haftee malee 5'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 5 dha.
- 7275, 2'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 5 dha. Kun ammo dijiitii guutuu miti.
3. a. Eeyyee. Sababni isaas, 108, 2'f akkasuama 3'f haftee malee ni hirama.  
 b. Lakki. Sababni isaas, 332, 3'f hin hiramu.  
 c. Lakki. Sababni isaas, 254, 3'f hin hiramu.  
 d. Eeyyee. Sababni isaas, 444, 2'f akkasums, 3'f haftee malee ni hirma.  
 e. Eeyyee. Sababni isaas, 900 haftee malee 2'f akkasuam 3'f ni hirama.
4. a. Eeyyee sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa (108),  $1 + 0 + 8 = 9$  haftee malee 9'f ni hirama.  
 b. Eeyyee. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa (8010),  $8 + 0 + 1 = 9$  haftee malee 9'f ni hirama.  
 c. Lakki. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa, (376),  $3 + 7 + 6 = 16$ , 9'f hin hiramu.  
 d. Eeyyee. Ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa, (414),  $4 + 1 + 4 = 9$  haftee malee 9'f ni hirama.  
 e. Eeyyee. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa, (1152),  $1 + 1 + 2 + 5 = 9$  haftee malee 9'f ni hirama.
5. (b) fi (e) qofaatu haftee malee 10'f hirama. Warreen kan 10'f hin hiraman. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee lakkofsota kanaa 0 miti.
6. a. 4920 haftee malee 6'f ni hirama sababni isaas, 4920, haftee malee 3'f akkasumas, haftee malee 2'f ni hirama.  
 4920 haftee malee 10'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee lakkofsota kanaa 0 dha.  
 4920, 9'f hin hiramu. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  $4 + 9 + 2 + 0 = 15$ , 9'f hin hiramu.
- b. 4896 haftee malee 6'f ni hirama. Sababni isaas lakkofsi kun haftee malee 2'f akkasuma haftee malee 3'f waan hiramuuf dha.  
 4896 haftee malee 9'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  $4 + 8 + 9 + 6 = 27$  haftee malee 9'f ni hirama.  
 4896, 10'f hin hiramu. Sababni isaas dijiitiin bakka tokkee 0 miti.
- c. 6993 haftee malee 9'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkofsa kanaa,  $6 + 9 + 9 + 3 = 27$  haftee malee 9'f ni hirama.  
 6993, 6'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee dijiitii guutuu miti. Kanaaf lakkofsi kun 2'f hin hiramu. Lamaaf waan hin hiramneef, 6'f hin hiramu.  
 6993, 10'f hin hiramu. Sababni isaas dijiitiin bakka tokkee 0 miti.

- d. 4998 haftee malee 6'f ni hirama. Sababni isaas, lakkooftsi kun haftee malee 2'f, akkasuams, haftee malee 3'f ni hirama.  
 4998, 9'f hin hiramu. Sababni isaas, ida'amni dijiitota lakkooftsa kanaa,  
 $4 + 9 + 9 + 8 = 30$ , 9'f hin hirmu.  
 4998, 10'f hin hiramu. Sababni isaas, dijiitiin bakka tokkee 0 miti.
- e. 3780, 6'f, 9'f fi 10'f haftee malee ni hirama.
- f. 5555, 6'f, 9'f fi 10'f hin hiramu.
- g. 5700, 6'f fi 10'f haftee malee ni hirama. Garuu 9'f hin hiramu.
- h. 7880 haftee malee 10'f ni hirama. Garuu 9'f hin hiramu. Akkasumas 6'f hin hiramu.
7. Tarreessaa fi hiriyyoonni isaa afran walitti namoota 5 ta'u.  
 82 ammoo 5'f hin hiramu. Kana waan ta'eef namootni shanan kiiloomeetira wal-qixa ta'e fiiguu hin danda'an.
8. Eeyyee. Sababni isaas, 36 haftee malee 2'f ni hirama. Hojjetuun mana kitaabaa kanaa, baattuu kitaabaa (girgijjii kitaabaa) kana kitaabota 18 tiin kan furdina 2 cm qabaniin guutu danda'a.  
 Hojjetaan kun baattu kitaabaa kana, kitaabota 12, kan furdina 3 cm qabaniin guutuu danda'a.
9. (a) Lakkii sababni isaas, 175, 2'f hin hiramu.  
 (b) Lakkii sababni isaas, 175, 3'f hin hiramu.  
 (c) Eeyyee, sababni isaas, 175, haftee malee 5'f ni hirama  
 (d) Lakkii sababni isaas, 175, 9'f hin hiramu.

## Deebii gilgaala 2.2

1. a.  $x + y = 100 + 78$ ,  $z = 4'f$  hin hiram. Sabani isaas, 78, 4'f waan hin hiramneef dha.  
 b.  $x + y = 78 + 36$  haftee malee  $z = 6'f$  ni hirama. Sabani isaas, 78, 36's lamaanuu hafee malee 6'f ni hiram.  
 c.  $x + y = 21 + 220$ ,  $7'f$  hin hiram. Sababni isaas, 220, 7'f hin hiram.
2. a. Dhugaa. Sababni isaas, 5 hirmaataa 65, akkasumas hirmaataa 70 ti.  
 b. Soba. sababni isaas, 4 hirmaataa 38 miti.  
 c. Soba. sababni isaas, 3 hirmaataa 220 miti akkasumas 3 hirmaataa 25 miti.
3. a. Eeyyee. sababni isaas, lakkooftsi dijiitota dhuma lamaaniin uumu, 16, hiramaa 4 ti.  
 b. Eeyyee. sababni isaas, lakkooftsi dijiitota dhuma lamaaniin uumamu, 24, hiramaa 4 ti.  
 c. Lakki sababni isaas, lakkooftsi dijiitota dhuma lamaaniin uumamu, 75, hiramaa 4 miti.  
 d. Eeyyee. Sababni isaas lakkooftsi dijiitota dhuma lamaaniin uumamu,, 20, hiramaa 4 ti.

- e. Eeyyee. Sababni isaas, lakkofsi dijiitota dhuma lamaanii uumamu, 52, hiramaa 4 ti.
4. Kaneen armaan gadii deebii ta'uu danda'u.
- 31412; 10520; 49208; 56724; 71056. Lakkofsota biraa kan lakkofsdi dijiitii mana kudhamii fi mana tokkeetiin uumamu, hiramaa 4 ta'e eeruu dandeessa. Fakkeenya: 04, 08, 12, 16, 20, 24, 28.
5. Dijiitota kurnan keessa (0, 1, 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8, 9) kamiyyuu deebii ta'uu danda'a. Sababni isaas, lakkofsdi dijiitota lamaan dhumaatiin uumamu, 32, hiramaa 4 ti.
6. a. Eeyyee: Lakkofsdi dijiitota dhuma sadaniin uumamu, 320, hiramaa 8 ti.
- b. Eeyyee: lakkofsdi dijiitota dhuma sadaniin uumamu, 776, hirama 8 ti.
- c. Eeyyee: lakkofsdi dijiitota dhuma sadaniin uumamu, 056, hiramaa 8 ti.
- d. Lakkii: sababni isaas, lakkofsdi dijiitota dhuma sadaniin uumamu, 641, hiramaa 8 miti.
- e. Eeyyee: sababni isaas, lakkofsdi dijiitota dhuma sadaniin uumamu, 128 lamaanuu hiramaa 8 ti.
7. 0 yookiin 8 ta'uu danda'a. Sabani isaas, 120, 128 lamaanuu hirama 8 ti.
8. a. 918, 4'fis, 8'fis hin hiramu.
- b. 2470, 4'fis, 8'fis hin hiramu.
- c. 1700, 4'f ni hirama 8'f garuu hin hiramu.
- d. 2348, 4'f ni hirama 8'f garuu hin hiramu.
- e. 16454, 4'fis, 8'fis hin hiramu.

9.

Lakkofsdi lakkaawwii kan dijiitiin mana tokke isaa	0	2	4	5	6	8	00
ni hirama	2, 5, 10	2	2	5	2	2	2, 4, 5, 10, 100

10.

- a. 120 haftee malee 10'f , 2'f fi 5'f ni hirama. Garuu 100'f hin hiramu.
- b. 159 lakkofsota kennaman kanaaf hin hiramu (10, 100, 2, 5)
- c. 6400 lakkofsota kennaman kana hundaaf (10, 100, 2, fi 5) haftee malee ni hirama.
- d. 24030 haftee malee 10'f, 2'f fi 5'f ni hirama. Garuu 100'f hin hiramu.
- e. 8775 haftee malee 5'f ni hirama. Garuu 10'f, 100'f fi 2'f hin hiramu.
- f. 56040 haftee malee 10'f, 2'f, fi 5'f ni hirama. Garuu 100'f hin hiramu.
- g. 780000 lakkofsot kennaman hundaaf ni hirama (10, 100, 2 fi 5)
- h. 0'n lakkofsota kennaman hundaaf ni hirama.

11. Bakka wal-qixa 15 tti qoodamuu danda'u.

12. Baay'inni kitaabotaa 3488 dha.
- (1) 3488, 2'f haftee malee ni hirama. Firiin argamu 1744 dha.
  - (2) 3488, 4'f haftee malee ni hirama. Firiin argamuu, 872 dha.
  - (3) 3488, 8'f haftee malee ni hirama. Firiin argamuu, 436 dha.

Garuu hojjetaan mana kitaabaa kun, tokko tokkoon kutaawwaan kanaa keessa kitaabota 500 hanga 1000 kaa'uu barbaada. Kanaa haala kanan kan guutu kan (2) keessatti kannname qofaa dha. Kanaaf hojjetaan mana kitaabaa kanaa kutaawan 4 barbaada.

## 2.2 HIRAMOOTA FI HIRMAATTOTA

**Wayitii kennname: Wayitii 21**

### Kaayyoowwan

*Mata duree kana erga xumuranii booda, barattoonni:*

- *Yaad rime hiramootaa fi hirmaattotaa ni ibsu.*
- *Lakkoofsota kompoziitti fi kopxii adda ni baasu*
- *Lakkoofsota waliif kopxii adda ni baasu.*
- *Lakkoofsota hundaa kan baay'inni dijiitota isaa 3 hin caalle hirmaattota kopxiitiin ni diddiriirsu.*
- *Yaad-rimee hirmaattota walii fi hirmaataa walii guddicha (HWG) lakkoofsota hundaa lamaa yookiin sadii ni ibsu.*
- *Hiramaa walii xiqqicha (HWX) lakkoofsota hundaa lamaa yookiin sadii ni barbaadu.*

### 2.2.1 Keessa deebii hiramootaa fi hirmaattotaa

#### Seensa

Mata dureen kun beekumsaa fi dandeetti barattoonnii waa'ee hiramootaa fi hirmaattotaa irratti qaban tasgabbeessuuf gargaara. Si'eessuuf (kakaasuuf) gocha 2.4 kan kitaaba barataa keessatti kennameen jalqabi. Waa'ee gaaffii gocha kana keessa jiru yoo yaadan, (dheerinni saanduqa kana baay'ataa yookiin hiramaa dheerina saamunaa ta'uu qaba), barattoonni waa'een hiramummaa lakkooftota jirenya guyyaa guyyaa keessatti barbaachisaa akka ta'e ni hubatu. Kun kitaaba barataa irra waan jiruuf gadi fageenyaan hojjetamuu qaba.

Kutaalee dabran irraa barattoonni yaadrimée fi akkaataa dhufaatii hiramootaa fi hirmaattootaa ni beku. Kanaaf keessa deebii 2.2.1 kan kitaaba barataa keessatti kennamee, beekumsaa fi dandeettii duraan argatan kana tasgabbessuuf gargaara.

## Deebi Gocha 2.4

- a. Eeyyee                          b. Eeyyee

Haala ibsamoota adda addaa kan kitaaba barataa irratti kennaman irratti xiyyefadhu. d'n hiramaa c ti inni jedhu kan "d'n c'f haftee malee ni hirama" yookiin "c'n hirmaataa d ti" kan jedhuun ibsamuu danda'a. Jechootuma kana waliin haala wal-qabateen mata duree 2.2.1 jalatti kan kennaman fakkeenyaa 1, gilgaala 2.2 keessaa gaaffiwwan 3<sup>ffa</sup>, 6<sup>ffa</sup> barattoonni akka hojjetan taasisi. Gabatee 3 kitaaba barataa keessatti kennname irrattis akka xiyyeffannoo godhan taasisi. Gilgaala 2.2 keessaa gaaffiwwan 7<sup>ffa</sup> amma 12<sup>ffa</sup> tti jiran akka hojii manaatti kennuun hoji isaanii kana soroorsi.

### 2.2.2 Lakkofsota kopxii, lakkofsota kompoziitii fi diddiriirsuu

Seensa "lakkofsota kopxii" fi "lakkofsota kompoziitii" haala wal-qabateen, barattoonni yaad rimee jechoota kanaa herrega keessa jiruun akka wal baran taasisi. Hiikoo lakkofsota kompozitii fi lakkofsota kopxii, akkasumas fakkeenyota isaanii akka kennuu danda'an taasifamuu qabu.

#### Wayitii 1<sup>ffa</sup> tti;

1. Sadarkaa beekumsa barattootaa beekuuf, himoota armaan gadii gabatee gurracha irratti barreessi.

- |                       |                       |
|-----------------------|-----------------------|
| a. 7 hirmaataa 21 ti. | b. 8 hirmaataa 56 ti. |
| c. 1 hirmaata 27 ti.  | d. 9 hirmaata 9 ti    |

Itti aansuun barattooni kanneen dhugaa fi soba ta'an akka adda baasaniif gaafadhu.

2. Yaadrim ee lakkofsota kopxii barsiisfuuf; kaayyoon inni guddaan hirmaattota lakkofsa kennname tokkoo hundaa isaanii barbaaduu akka ta'e itti himi. Damee hirmaattotaa kan danaa 2.2 kitaaba barataa keessatti kennname hirmaattota lakkofsotaa haala salphaa ta'een akka argachuu dandeenyuuf nu gargaara. Dameen hirmaattotaa kun barattoota si'eessuufis ni garaagara.

Barattoota waliin ta'uun, hirmaattoota lakkofsota kennmanii hunda isaanii barbaadi. (fakkeenyaaaf, lakkofsota 18 fi 20) kana irraa ka'uun baay'ina hirmaattotaa, lakkofsi hunda tokko qabaachuu danda'u irratti mariyadhaa. Dhimma kanaaf gocha 2.5 kan kitaaba barataa keessatti kennname tti fayyadamuu dandeessa.

**Hubachiisa:** naqa 3<sup>ffa</sup> gabatee armaan gadii booda kan guutamu dha.

**Deebii Gocha 2.5****Fakkeenya**

Baay'ina hirmaattotaa	Lakkoofsa lakkaawii	Naqni kun erga yaad rimee “lakkoofsota kopxii” fi “lakkoofsota kompozitii” erga baratanii booda kan guutamu dha.
1	1	
2	2, 3, 5, 7, 11, 13, ...	<b>Lakkoofstoa kopxii</b>
3	4, 9, ...	
4	6, 8, 10, 14, 15, ...	<b>Lakkoofsota kompozitii</b>
...	...	
Hedduu (lakkaawwamee hin dhumu)	0	

Gabatee armaan olii irraa barattoonni yaadota armaan gadii burqisiisuu akka danda'an gargaari.

- Lakkoofsi 1, hirmaataa 1 qofaa qaba. Innis matuma isaati.
- Lakkoofsonni hirmaattota 2 qofaa qaban jiru. Hirmaattatni kunis 1 fi lakkoofsicha mataa isaati.
- Lakkoofsonni hirmaattota lamaa ol qaban jiru.
- Baay'inni hirmaattota lakkoofsa 0 lakkaawwamee hin dhumu.

Kitaaba barataa 2.2.2 keessatti kan argamu fakkeenya 2 fayyadamuu, lakkoofsota hundaa diddiriirsuu irratti hojjedhaa. Fakkeenya 2 irraa barattoonni yaadota armaan gadii burqisiisuu akka danda'aniif isaan gargaari.

- Lakkoofsi hundaa kamiyyuu akka baay'ataa hirmaattota isaatti barreeffamuu danda'a. (Fakkenya, 12, 5, 1, 0)
- Lakkoofsi hundaa hirmaattota lama qofaa qabu jira. (fkn 5)
- Lakkoofsi tokko akka baay'ataa hirmaattota isaatti yoo barreessinu, karaa lama yookiin sadii barreessuu dandenya. Kana keessaa inni tokko kan kaa'ame caalaatti diddiriiruu hin danda'amu.

Fkn:  $12 = 4 \times 3$ ;  $12 = 2 \times 2 \times 2$ ;  $12 = 6 \times 2$

Keessumaa lakkoofsichi akka hirmaattota kopxiitti kan diddiriirfame yoo ta'e, xiyyeffannoo itti kennun barbaachisaa dha.

Amma hiikoo lakkoofsota kopxii fi lakkoofsota kompozitii barattootaaf kennu dandeessa (Hiikoo 2.1) lakkoofsonni: 0 fi 1 kopxiis, kompozitiis akka hin taane barattoota hubachiisuun, naqa 3<sup>ffaa</sup> gabatee 3 akka guutan taasisi.

3. Dhuma irratti kitaaba barataa irraa, gilgaala 2.3 irraa gaaffiwwan, 1, 2 fi 3, hojjechuun barattoonni akka shaakalan taasisi.

### Wayitii 2<sup>ffa</sup> tti:

Kan armaan gadii dalagi:

1. Yaad rimee lakkofsota kopxii fi kompositii keessa debi'uun ibsi. Dhimma kanaaf, gilgaala 2.3 keessaa gaaffiwwan 5 fi 7 fayyadamuu dandeessa.
2. Waa'ee lakkofsa hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu irratti shaakala hojjechiisi. As keessatti, kaayyoon kee inni guddaan, lakkofsa hundaa tokko akka hirmaattota kopxiitti diddiriirsuu irratti dandeettii barattotaa cimsuu dha. Kun ammoo hiramoota walii fi hirmaattota walii barbaaduu keessatti gumaacha guddaa qaba.

Kitaaba barataa keessaa, hiikoo 2.1 erga kenniteefii booda, fakkeenya 4 itti aanee jiru fayyadami.

Lakkofsi hudaaa tokko hirmaattota kopxiitiin erga diddiriiree booda haala gabaabaa tiin mallatoo paawuriitiin ibsamuu akka danda'u barattootatti himuun shaakalchiisi. Kana shaakalsiisuuf, gilgaala 2.3 keessaa gaaffii 4, fi fakkeenya 4 gilgaala 2.4 dura jiru fayyadami.

Lakkofsa	ni hirama (hiramaa)	Lakkofsa	ni hirama (hiramaa)
1	1	11	1, 11
2	1, 2	12	1, 2, 3, 4, 6
3	1, 3	13	1, 13
4	1, 2, 4	14	1, 2, 7, 14
5	1, 5	15	1, 3, 5, 15
6	1, 2, 3, 6	16	1, 2, 4, 8, 16
7	1, 7	17	1, 17
8	1, 2, 4, 8	18	1, 2, 3, 6, 9, 18
9	1, 3, 9	19	1, 19
10	1, 2, 5, 10	20	1, 2, 4, 10, 20

### 2.2.3 Hirmaattota walii

Barattoonni waan duraan baratan akka yaadataniif, waa'ee hirmaatoota lakkofsaa barbaaduu keessa deebii. Dhimma kanaaf, fakkeenya 5 kan 2.2.3 tti aanee jiru fudhadhu. Itti aansuun, lakkofsota hundaa lama fudhachun (fakkeenyaaf, 36 fi 60), diddiriirsi (kitaaba barataa ilaali.)

E) Hubannoo: hirmaattonni hunduu lakkofsicha ni hiru.

- F) Hirmaatronni lakkofsicha bakka tokkotti tuuta murtaa'aa tokko bakka bu'u.
- G) Tuutota kana keessa, hirmaataan walii yoo jiraate, lakkofsi kun hirmaataa walii lakkofsota ta'a.
- H) Dhuma irratti, yad rimeen kun fakkeenyotaan cimsamuu qaba. Fakkeenya (6) mata duree kana jalaa fudhachuu ni danda'ama. Wayitti kana gootu lakkofsicha hirmaattoota kopxii tiin diddiriirsuu hin fayyadamiin (yeroodhaaf) asitti waan barattootatti cimatuuf jechaa dha.
- I) Hiikoo 2.2 kitaaba barataa irraa fayyadamuun, yaadrime hirmaataa walii guddicha (HWG) erga barsiistee booda waa'ee lakkofsota waliif kopxii barsiisi.

2. Shaakalchisuuf, gilgaala 2.5 kitaaba barataa irraa barattoota hojjechiisi.

#### **2.2.4 Hiramoota walii**

Mata duree kana keessatti dandeettii hiramoota lakkofsaa barbaaduu barattooni qaban, gara hiramaa walii barbaaduu danda'utti guddachuu qaba. Yaadrimeen HWX, barattootaaf kennamuu qaba. Malli itti HWX'n barbaadamus barattootaaf ifa ta'uu qaba. Fakkeenyota sassalphoo fayyadamuun, barattooni lakkofsota hundaa lama yookiin sadii kan baay'inni dijiitota isaanii 2 yookiin 3 ta'eef, HWX isaanii barbaduu dana'uu qabu.


Adeemsi ittii adeemuu dandeessu armaan gaditii siif kennameera.

#### **1. Yad-drimee hiramaa walii xiqqichaa fi hiikoo hiramaa walii xiqqicha irratti hojjechuu**

Kitaaba barataa keessatti, fakkeenyi 8, kan hiikoo 2.3 tti aanee jiru waa'ee hiramootaa irratti barattoota se'eessuuf si taajaajila. Itti aansuun, fakkeenya 9 fi 10 fayyadamuun, hiikoo hiramaa walii fi hiramaa walii xiqqicha ibsuu dandeessa. Hiramaa walii xiqqicha (HWX) lakkofsota hundaa lamaa yookiin sadii, kan baay'inni dijiitota isaa lama yookiin sadii hin caallee akkaata barbaachuu danda'an irratti, barattoota kee agarsiisuun shaakalsiisi. Bakka kanatti, HWX'n lakkofsota 0 irraa adda ta'uu akka qabu hubachiisi. Kanaf 0'n akka HWX'n fudhatamuu hin qabne hubachiisi.

Lakkofsonni HWX tokkoo ol qabaachuu akka hin dandeenyes hubachiisi.

HWX lakkofsota barabodu keessatti danaa veenii fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisi. Hiramoota tuutota keessatti barreessuun barattoota hojjechiisi.



2. Yaada armaan olitti akka seensaatti barsiiste cimsuuf, barattoonni gabatee biraan kan hiramoto, fi hiramoto lakkofsota hundaa lamaa qabatan akka qopheessan taasisi (Gilgaala 2.6 keessa gaaffii 7 kan fakkaatu) kitaaba barataa keessaa jechuu dha.
3. Mala hirmaatota kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamuun, HWX barbaaduu

Armaan duraa HWX lakkofsota lamaa yookiin sadii barbaaduuf hiramoto walii lakkofsota hundaa tarreessuun, isa xiqa 0 irra adda ta'e fudhachuun hojjetamaa tureera. Amma ammo mala hirmaattoota kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamuun hojjechuun barattootati agarsiista. Mala kanaaf, fakkeenyota 14 fi 15, kan kitaaba barataa irratti kennaman fudhachuun jalqabi. Itti aansuun, gaaffiwwan muraasa (fakkeenyaaaf, gilgaala 2.6 keessa gaaffiwwan 8b, 8c) fudhachuun barattooni dareetti akka irratti mariyatan taasisi.

Barattoonni mala kana hubachuu isaani erga mirkanoeffatee booda, amaloota HWX tokko tokko barattootatti agarsiisuu dandeessa. Dhimma kannaf, gaaffiwwan armaan gadii fudhachuu dandeessa.

- a) HWX 10 fi 15 barbadi
- b) HWX 4 fi 5 barbaadi
- c) HWX 6 fi 18 barbaadi

Deebii gaaffiwwan armaan olii irraa yaadni armaan gadii hubatmuu danda'a.

Yoo a fi b'n lakkofsota hundaa ta'anii fi a < b ta'e,

- i) HWX'n a fi b, isa guddaa kan ta'u yoo a'n hirmaataa b ta'e dha. (c keessatti kan hubatamu)
- ii) HWX'n a fi b, a × b kan ta'u yoo a fi b'n lakkofsota waliif kopxii ta'an dha (b keessatti kan hubatamu)
- iii) HWX'n a fi b, lakkofsa b fi a × b giddu ta'uu danda'a. (a keessatti kan hubatamu)
4. Mala HWX barbaaduu gadi fageenyaan cimsuu
  - J) Lakkofsota hundaa kan baay'inni dijiitoota isaanii 1 yookiin lama ta'e irratti xiyyeffannaan kennamuu qaba. Baratoonni dandeetti isaan HWX barbaaduu qaban cimsachu qabu. (waa'ee firaakshinii wayitii baratan waan isaan barbaachisuuf) barattoota hojjechiisi.

- K) Dhuma irratti, fakkeenya 15 fayyadamuu, HWX lakkoofsota hundaa sadii akkaataa barbaaduun danda'amu itti agarsiisuun, gilgaala 2.5 keessa gaaffi 8 akka hojii manatti kennuun, hojii barattoota kee soroorsii.

### Deebii gilgaala 2.3

1. 42 hiramaa 7, akkasumas hiramaa 6 ti. Sababni isaas,  $42 = 6 \times 7$  yookiin  $42 \div 6 = 7$ , fi  $42 \div 7 = 6$  waan ta'uuf dha. Garuu 42 hirama 5 miti. Sababni isaas lakkoofsi hundaa 5 waliin baay'atee 42 fidu waan hin jirreef dha.
  2. a. Dhugaa. Sababni isaa,  $12 \div 2 = 6$  yookiin  $2 \times 6 = 12$   
 b. Dhugaa. Sababni isaa,  $18 \div 3 = 6$  yookiin  $3 \times 6 = 18$   
 c. Dhugaa. Sababni isaa,  $35 \div 5 = 7$  yookiin  $5 \times 7 = 35$   
 d. Dhugaa. Sababni isaa,  $52 \div 4 = 13$  yookiin  $4 \times 13 = 52$   
 e. Soba. Sababni isaa, lakkoofsi hundaa 8 baay'atee 62 kennu hin jiru.
  3. a. 24 hiramaa 4 ti. Sababni isaas,  $24 \div 4 = 6$  yookiin  $4 \times 6 = 24$  waan ta'eef.  
 b. 74 hiramaa 4 miti. Sababni isaa lakkoofsi hundaa 4 waliin baay'atee 74 kennu hinjiru.  
 c. 100 hiramaa 4 ti sababni isaa,  $100 \div 4 = 25$  yookiin  $4 \times 25 = 100$  waan ta'eef.
  4. a. Hiramootni 3 kan 47 fi 62 gidduu, 48, 51, 54, 57 fi 60 dha.  
 b. Lakkooftsonni hundaa kan 35 fi 47 gidduu, kan hiramoota 3 hin taane, 37, 38, 40, 41, 43, 44 fi 46 dha.
  - 5.
- |                        |        |       |       |        |        |        |       |        |       |       |
|------------------------|--------|-------|-------|--------|--------|--------|-------|--------|-------|-------|
| a                      | 42     | 28    | 9     | 14     | 27     | 0      | 1     | 13     | 0     | 2     |
| b                      | 7      | 6     | 0     | 14     | 3      | 18     | 9     | 1      | 0     | 12    |
| a'n<br>hirama<br>b ti? | eeyyee | lakki | lakki | Eeyyee | Eeyyee | eeyyee | Lakki | Eeyyee | Lakki | Lakki |
6. 56, 42, 36, 81, 63 fi 87 keessaa,
    - a. Hiramoonni 9; 36, 81, 63
    - b. Hiramoota 9 kan hin taane: 56, 42, 87
    - c. Hiramoota 7: 56, 42, 63
    - d. Hiramoota 7 kan hin taane: 36, 81, 87
    - e. Hirama 9 fi 7 kan ta'e: 63
  - 7.
- |                           |        |        |       |        |        |       |       |        |       |        |
|---------------------------|--------|--------|-------|--------|--------|-------|-------|--------|-------|--------|
| a                         | 5      | 7      | 8     | 1      | 17     | 0     | 4     | 6      | 9     | 10     |
| b                         | 15     | 77     | 65    | 10     | 17     | 8     | 6     | 72     | 3     | 100    |
| a'n<br>hirmaat<br>a b ti? | Eeyyee | Eeyyee | Lakki | Eeyyee | Eeyyee | Lakki | Lakki | Eeyyee | Lakki | Eeyyee |

8. a. Hirmaattonni 16: 1, 2, 4, 8, 16  
 c. Hirmaattonni 18: 1, 2, 3, 6, 9, 18  
 e. Hirmaattonni 81: 1, 3, 9, 27, 81  
 b. Hirmaattonni 15: 1, 3, 5, 15  
 d. Hirmaattonni 55: 1, 5, 11, 55  
 f. Hirmaattonni 23: 1, 23

9.

	x	y	$x \div y$	$y \div x$	y'n hiramaa x ti?	x'n hiramaa y ti?
a	45	9	5	Deebii hin qabu	Lakki	Eeyyee
b	80	4	20	Deebii hin qabu	Lakkii	Eeyyee
c	30	30	1	1	Eeyyee	Eeyyee
d	12	0	deebii hin qabu	0	Eeyyee	Lakki


**Deebii gilgaala 2.4**

1. a.

b.

c.

d.

2. a. Dhugaa;  $1 \times 1 = 1$ 

b. Dhugaa: fakkeenya 2, hirmaattota 2 qaba 1 fi 2

c. Dhugaa

3. 7, 17, 31, 83, 19, 29, 43, 73, 61, 87

4. 17, 19, 23, 29, 31, 37, 41, 43, 47

5. a. Hirmaattota 9: 1, 3, 9

b. Hirmaattota 19: 1, 19

c. Hirmaattota 90: 1, 2, 3, 5, 6, 9, 10, 15, 18, 30, 45, 90

d. Hirmaattota 60: 1, 2, 3, 5, 6, 10, 12, 20, 30, 60.

6. Kopxii: a, d, f, i,

Kompozitii: b, c, h, j

Kopxiis, kompozitiis kan hin taane: e, g

7. a.  $25 = 5 \times 5 = 5^2$ b.  $36 = 2 \times 2 \times 3 \times 3 = 2^2 \times 3^2$ c.  $80 = 2 \times 2 \times 2 \times 2 \times 5 = 2^4 \times 5$ d.  $72 = 2 \times 2 \times 2 \times 3 \times 3 = 2^3 \times 3^2$ e.  $117 = 3 \times 3 \times 13 = 3^2 \times 13$

8. a.  $18 = 2 \times 3 \times 3 = 2 \times 3^2$       b.  $21 = 3 \times 7$   
 c.  $32 = 2 \times 2 \times 2 \times 2 \times 2 = 2^5$       d.  $40 = 2 \times 2 \times 2 \times 5 = 2^3 \times 5$   
 e.  $48 = 2 \times 2 \times 2 \times 2 \times 3 = 2^4 \times 3$       f.  $72 = 2 \times 2 \times 2 \times 3 \times 3 = 2^3 \times 3^2$   
 g.  $81 = 3 \times 3 \times 3 \times 3 = 3^4$       h.  $100 = 2 \times 2 \times 5 \times 5 = 2^2 \times 5^2$

### Deebii gilgaala 2.5

1. a. Hirmaattota 21: 1, 3, 7, 21  
 Hirmaattota 28: 1, 2, 4, 7, 14, 28  
 Hirmaattota waalii 21 fi 28: 1, 7  
 Kanaaf HWG'n 21 fi 28, 7 dha.  
 Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamuun,  
 $21 = 3 \times 7$   
 $28 = 2^2 \times 7$   
 $\text{HWG} = (21, 28) = 7$
- b. Hirmaattonni 24: 1, 2, 3, 4, 6, 8, 12, 24  
 Hirmaattonni 48: 1, 2, 3, 4, 6, 8, 12, 24, 48  
 Hirmaattonni walii kan 24 fi 48: 1, 2, 3, 4, 6, 8, 12, 24.  
 Kanaaf, HWG'n 24 fi 48, 24 dha.  
 Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamuun,  
 $24 = 2^3 \times 3$   
 $48 = 2^4 \times 3$   
 $\text{HWG} (24, 48) = 2^3 \times 3 = 24$
- c. Hirmaattonni 63: 1, 3, 7, 9, 21, 63  
 Hirmaattonni 84: 1, 2, 3, 4, 6, 7, 12, 14, 21, 28, 42, 84  
 Hirmaattonni walii kan 63 fi 84: 1, 3, 7, 21  
 Kanaaf, HWG'n 63 fi 84: 21 dha.  
 Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamuun,  
 $63 = 3^2 \times 7$   
 $84 = 2^2 \times 3 \times 7$   
 $\text{HWG}'n (63, 84) = 3 \times 7 = 21$
- d. Hirmaattonni 60: 1, 2, 3, 4, 5, 6, 10, 12, 15, 20, 30, 60  
 Hirmaattonni 80: 1, 2, 4, 5, 8, 10, 16, 20, 40, 80  
 Hirmaattonni walii kan 60 fi 80: 1, 2, 4, 5, 10, 20  
 Kanaaf, hirmaataan walii guddichi kan 60 fi 80, 20 dha.

Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamuun,

$$60 = 2^2 \times 3 \times 5$$

$$80 = 2^4 \times 5$$

$$\text{HWG}(60, 80) = 2^2 \times 5 = 20$$

2. Maloota gaffii (1) keessaa kan barbadde fayyadamuu dandeessa. Ammaaf mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamna.

a.  $24 = 2^3 \times 3$

$$36 = 2^2 \times 3^2$$

$$42 = 2 \times 3 \times 7$$

$$\text{Kanaaf, HWG}(24, 36, 42) = 2 \times 3 = 6$$

b.  $36 = 2^2 \times 3^2$

$$15 = 3 \times 5$$

$$45 = 3^2 \times 5$$

$$\text{Kanaaf HWG}(36, 15, 45) = 3$$

c.  $35 = 5 \times 7$

$$49 = 7^2$$

$$84 = 2^2 \times 3 \times 7$$

$$\text{Kanaaf HWG}(35, 49, 84) = 7$$

d.  $36 = 2^2 \times 3^2$

$$72 = 2^3 \times 3^2$$

$$90 = 2 \times 3^2 \times 5$$

$$\text{Kanaaf HWG}(36, 72, 90) = 2 \times 3^2 = 18$$

3. Deebii tokko, 5, 10 fi 25 dha.

4. Hirmaattonni 12: 1, 2, 3, 4, 6, 12

Hirmaattonni 15: 1, 3, 5, 15

Hirmaattonni walii 12 fi 15: 1, 3

Kanaaf, 12 fi 15 lakkoofsota waliif kopxii miti. Sabani isaas, lakkooftsonni kun lamaan hirmaataa walii kan 1 irraa adda ta'e qabu. Innis 3 dha.

### Deebii gilgaalota 2.6

- |  |  |
|--|--|
| 1. a. $56 = 2^3 \times 7$                | b. $84 = 2^2 \times 3 \times 7$          |
| c. $72 = 2^3 \times 3^2$                 | d. $210 = 2 \times 3 \times 5 \times 7$  |
| e. $306 = 2 \times 3^2 \times 17$        | f. $150 = 2 \times 3 \times 5^2$         |
| g. $510 = 2 \times 3 \times 5 \times 17$ | h. $330 = 2 \times 3 \times 5 \times 11$ |
| i. $252 = 2^2 \times 3^2 \times 7$       | j. $126 = 2 \times 3^2 \times 7$         |

2. a.  $21 = 3 \times 7$   
 $28 = 2^2 \times 7$   
 $\text{HWG}(21, 28) = 7$   
c.  $60 = 2^2 \times 3 \times 5$   
 $80 = 2^4 \times 5$   
 $\text{HWG}(60, 80) = 2^2 \times 5 = 20$   
e.  $63 = 3^2 \times 7$   
 $84 = 2^2 \times 3 \times 7$   
 $\text{HWG}(63, 84) = 3 \times 7 = 21$
- b.  $68 = 2^2 \times 17$   
 $102 = 2 \times 3 \times 17$   
 $\text{HWG}(68, 102) = 2 \times 17 = 34$   
d.  $27 = 3^3$   
 $54 = 2 \times 3^3$   
 $\text{HWG}(27, 54) = 3^3 = 27$
3. a.  $24 = 2^3 \times 3$   
 $36 = 2^2 \times 3^2$   
 $42 = 2 \times 3 \times 7$   
 $\text{HWG}(24, 36, 42) = 2 \times 3 = 6$   
c.  $45 = 3^2 \times 5$   
 $105 = 3 \times 5 \times 7$   
 $75 = 3 \times 5^2$   
 $\text{HWG}(45, 105, 75) = 3 \times 5 = 15$
- b.  $35 = 5 \times 7$   
 $49 = 7^2$   
 $84 = 2^2 \times 3 \times 7$   
 $\text{HWG}(35, 49, 84) = 7$   
d.  $90 = 2 \times 3^2 \times 5$   
 $252 = 2^2 \times 3^2 \times 7$   
 $630 = 2 \times 3^2 \times 5 \times 7$   
 $\text{HWG}'(90, 252, 630) = 2 \times 3^2 = 18$
4.  $\text{HWG}'(2 \times 3^2 \times 5^2) \text{ fi } 2^3 \times 3 \times 5^2 = 2 \times 3 \times 5^2 = 150$
5. Ida'amni diijiitota lakkoofsota kanaa haftee malee 3'f akka hiramuu ilaaluun.
6. Deebiin tokko, 15, 70 fi 110.
7. a.  $12 = 2^2 \times 3$   
 $16 = 2^4$   
 $\text{HWX}(12, 16) = 2^4 \times 3 = 48$   
c.  $16 = 2^4$   
 $24 = 2^3 \times 3$   
 $\text{HWX}(12, 16) = 2^4 \times 3 = 48$
- b.  $20 = 2^2 \times 5$   
 $50 = 2 \times 5^2$   
 $\text{HWX}(20, 50) = 2^2 \times 5^2 = 100$   
d.  $15 = 3 \times 5$   
 $18 = 2 \times 3^2$   
 $\text{HWX}(15, 18) = 2 \times 3^2 \times 5 = 90$
8. a.  $2 = 2$   
 $7 = 7$   
 $8 = 2^3$   
 $\text{HWX}(2, 7, 8) = 2^3 \times 7 = 56$   
c.  $35 = 5 \times 7$   
 $25 = 5 \times 5$   
 $49 = 7 \times 7$   
 $\text{HWX}(35, 25, 49) = 5^2 \times 7^2 = 122$
- b.  $8 = 2^3$   
 $28 = 2^2 \times 7$   
 $30 = 2 \times 3 \times 5$   
 $\text{HWX}(8, 28, 30) = 2^3 \times 3 \times 5 \times 7 = 840$   
d.  $68 = 2^2 \times 17$   
 $170 = 2 \times 5 \times 17$   
 $4 = 2^2$   
 $\text{HWX}(68, 170, 4) = 2^2 \times 5 \times 17 = 340$
9.  $\text{HWX}'(n)$  lakkoofsota kanaa lamaan isaanii keessa isa guddaa kan ta'u, lakkoofsi inni guddaan hiramaa lakkoofsa isa xiqqaa yoo ta'e dha.

10. Lakkofsonni lamaan waliif kopxii yoo ta'an.
11.  $72 = 2^3 \times 3^2$   
 $54 = 2 \times 3^3$   
 $\text{HWG}(72, 54) = 2 \times 3^2 = 18$   
Dheerinni baattuu kanaa inni guddaan inchii 18.  
Zabiibaan baattuuwan 72, kan dheerina inchii 18 fi dalgee inchii 1 qaban qabdi, sababni isaas,  $72 = 18 \times 4$ , fi  $54 = 18 \times 3$ .
12. Hiramoonni 12: 0, 12, 24, 36, 48, 60, 72, 84, 96, 108, . . .  
Hiramoonni 18: 0, 18, 36, 54, 72, 90, 108, 126, . . .  
Hiramoonni wallii kan 12 fi 18: 0, 36, 72, 108, . . .  
HWX'n 12 fi 18, 36 dha.  
Kanaaf, konkolaattonni deebi'anii kan wal argatanii daqiqa 36 booda dha.
13. Hiramoonni 6: 0, 6, 12, 18, 24, 30, 36, 42, 48, 54, 60, 66, 72, 78, 84, 90, 96, . . .  
Hiramoonni 9: 0, 9, 18, 27, 36, 45, 54, 63, 72, 81, 90, 99, 108, . . .  
Hiramoonni 12: 0, 12, 24, 30, 48, 60, 72, 84, 96, 108, . . .  
Hiramoonni walii 6, 9 fi 12: 0, 36, 72, 108, . . .  
HWX (6, 9, 12) = 36  
Yookiin 6 =  $2 \times 3$   
 $9 = 3 \times 3$   
 $12 = 2 \times 2 \times 3$   
Kanaaf HWX'n 6, 9 fi 12,  $2 \times 2 \times 3 \times 3 = 36$  ta'a. Kanaaf, bilbiloonni sadan erga takkaa irra deebi'uun kan bilbilan daqiqa 36 booda dha.

**Deebii gilgaala walii gala Boqonnaa 2**

1. 15, 30, 45, 60
2. a. i. 1, 3, 9                  ii. 1, 13  
b. 13
3. a. Soba                  b. Dhugaa                  c. Dhugaa                  d. Soba
4. 23, 29
5. a. Dhugaa                  b. Dhugaa
6. i. Eeyyee. Lakkofsi dijiitii dhumaan lamaan lakkofsichaa fudhachuun uumamu 28 dha. Kun ammo haftee malee 4'f ni hirama.  
ii. 1254, lakkofsa guutuu waan ta'eef haftee malee 2'f ni hirama. Akkasumas 3'f ni hirama.  
Kanaaf 1254 haftee malee 6'f ni hirama.
7. a.  $42 = 6 \times 7 = 2 \times 3 \times 7$                   b.  $24 = 8 \times 3 = 2^3 \times 3$
8. a.  $\text{HWG}(12, 28) = 4$                   b.  $\text{HWG}(18, 25) = 1$
9. a.  $\text{HWX}(9, 12) = 36$                   b.  $\text{HWX}(16, 48) = 48$   
c.  $\text{HWX}(3, 5) = 15$
10. a. i.  $A = \{4, 8\}$   
ii.  $B = \{1, 2, 4, 8\}$   
b. Eeyye,  $A \subseteq B$ . Kana malees  $A \subset B$ .

# BOQONNAA 3 FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTA

## SEENSA

Kaayyoon boqonnaa kanaa inni guddaan, beekumsaa fi dandeettii barattoonni waa'ee yaad-rimee firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti qaban cimsuu fi gabbisuu dha. Mata dureewwan boqonnaa kana keessatti hammatamani, firaakshinoota salphisuu, firaakshinoota waliin madaaluu, jijiirraa firaakshinootaa gara deesimaalii fi dhibbantaatti, ida'u, hir'isuu, baay'isuu fi hiruu firaakshinootaa, ida'u, hir'isuu, baay'isuu fi hiruu deesimaalotaa, k.k.f dha.

### Kaayyoo Gooroo Boqonnaa

*Boqonnaa kana erga xumuranii booda barattoonni:*

- ⌚ firaakshinoota ni salphisu.
- ⌚ waa'ee firaakshinootaa fi deesimaalotaa xiinxaluun, lamaanuu haalota adda addaa lakkoofsi tokko ittiin ibsamu ta'uu ni hubatu.
- ⌚ firaakshinoota waliin madaaluu fi tartibessuu irratti ogummaa isaanii ni gabbifatu.
- ⌚ deesimaalota waliin madaaluu fi tartibessuu irratti ogummaa isaanii ni gabbifatu.
- ⌚ pirobileemota jechaa kan firaakshinootaa fi deesimaalota qabatan ni hojjetu.

## Meeshaalee deeggarsa Barnootaa Boqonnaa 3 irratti barbaachisan

- *boca bif a geengoo qabu, kan gartokkeewwan walqixa ta'an adda addatti qoodamee fi halluu adda addaa dibame*
- *sarartuu*
- *boca bif a rektaangilii qabu, kan gartokkeewwan walqixa ta'an adda addaatti qoodamee fi halluu adda addaa dibame*
- *qubeessaa halluu adda addaa*
- *kitaaba barataa*
- *qajeelcha barsiisaa*

## 3.1 FIRAAKSHINOOTA SALPHISUU

**Wayitii kenname: Wayitii 5**

### Kaayyoowwan

**Xumura mata duree kanaan booda barattoonni:-**

- ⌚ *firaakshiniii kenname tokko ni salphisu.*
- ⌚ *fakkeenya firaakshinoota walmadaaloo ni kennu.*

### Hiikoo Jechootaa

Firaakshinii, firaakshinoota walmadaaloo, firaakshinii salphaa

### Seensa

Kaayyoon mata duree kanaa inni guddaan, barattoonni firaakshinii salphisuu fi waa'ee firaakshinoota walmadaaloo akka hubatan gochuu dha.

### Qabsiisa mata duree 3.1 barsiisuuf gargaaru

Mata dureen kun kan xiyyeffatu firaakshinoota salphisuu irratti dha. Mata duree kana barsiisuuf, fakkeenyotni yaada firaakshinii salphisuu ibsan fi ifa ta'an kennamanii jiru. Haalli itti mata duree kana barsiisuuf itti adeemuu dandeessu akka armaan gadiitti kennamee jira.

#### A. Firaakshinii

Barattoonni wayitii gara daree dhufan garee tokkoof burtukaana tokko akka fidanii dhufan dursii itti himi. Hojii garee 3.1 kan kitaaba barataa irratti kenname barattoota hojjechiisuun jalqabi. (Hojjiin garee kun barattoonni yaadrimnee firaakshinootaa, haala qabatamaa jiruuf jirenya waliin akka walqabsiifatan isaan gargaara. Kana malees, yaad rimee firaakshinootaa akka salphaatti akka hubatan isaan gargaara). Barattoonni hojii garee kana irratti daqiiqaa 5'f akka mariyatan taasisi. wayitii barattoonni mariyatan daree keessa adeemuun barattoota jajjabeessi. Hojii isaanis madaali. Erga gareedhaan mariyatani booda, karaa bakka bu'aa garee isaanii, waan gareen irratti mariyatan kana

dareef akka gabaasan godhi. Barattoonni daree kaan ammo waan dhiyaate kana irratti yaada akka kennan taasisi. Dhuma irratti haala gaaffii hojii daree kana irratti deebii (qajeelcha) kenni.

Itti aansuun waa'ee hiikoo firaakshinii, barnootaa herregaa kutaa 5<sup>ffa</sup> keessaa kan yaadatan yoo ta'e gaafadhu. Hiikoon firaakshinii kan barattootaan kennamu adda adda yoo ta'e ammas yaadicha mariif banan taasisi. Barattoonni akka wal hubachiisan taasisi. Dhuma irratti hiikoo 3.1 kan kitaaba barataa irratti kennname, barattoonni akka dubbisan gochuun yaadicha ibsi.

## B. Firaakshinoota Salphisuu

Duraan dursa kitaaba barataa irraa gocha 3.1 barattoonni akka hojjetan taasisi. Barattoonni boqonnaa lammaffaa keessaa akkaataa HWG Lakkofsotaa itti barbaadan yaadachuu isaanii mirkanoeffadhu. Yoo hin yaadatan ta'e yaadachiisi (gaaffii akka hojjetaniif kenniif). Barattoonni hundinuu gaaffiilee gocha kanaa haa hojjetan. Yoo barbaachisaa ta'ee gaaffiwwan kana akka hojii dareetti akka hojjetan gochuun soroorsi. Erga hojii barattotaa kana ilaltee booda haala gaaffiwwan gocha kana keessaa itti hojjetaman irratti qajeelcha kenni. (deebii kenni).

Erga gocha 3.1 hojjechiistee booda, hiikoo 3.2 kan kitaaba barataa irratti kennname, barattooni akka dubbisan gochuun ibsa kenni. Hiikoo kana fakkeenyota hiikoo 3.2 tti aananii jiraniin cimsi. Achiin booda barattoonni fakkeenyota firaakshinoota walmadaaloo akka kennan taasisi. dhuma irratti hojii daree barattootaaf kennuun madaali.

## Madaallii

Barattoonni hojii garee fi gocha yeroo hojjetan keessa deemuun hojjechuu isaanii ilaali.

- Hojii garee (ofii kee qopheessuu dandeessa)
- Gilgaala 3.1 akka hojii manaatti kennuun hojii barattootaa soroorsi.

## Gaaffiwwaan hojii daree ta'uudanda'an

1. Firaakshinii  $\frac{32}{20}$  bifa salphaatiin barreessi.
2. Firaakshinii, firaakshinii  $\frac{2}{3}$  waliin wal madaala ta'e kenni.
3. Firrakshinoota adda addaa lama kan  $\frac{3}{5}$  waliin walmadaaloo ta'an kenni.

## Deebii Hojii garee 3.1

1. a. Gaheen miiltoowwanii waan guutuu tokko otoo hin taane, gartokkee waan guutuu ti.


b. Gaheen miiltoowwanii 1 otoo hin taane, gartokkeewwan afur keessaa, gartokkee 1 dha.

c.  $\frac{1}{4}$

2. a. Gartokkeewwan geengoo qoodame kanaa lakkaa'i. Geengoon kun gartokkeewwan wal-qixa ta'an 8 tti qoodameera.


b. Gartokkeewwan kana Lakkofsaan yoo ibsinu,  $\frac{1}{8}$  ta'a.

c.




Gar tokkeewwan saddeettan keessaa gartokke 1, gurraachessi.

d.




Gartokkeewwan saddeettan keessaa gartokkeewwan 2, gurraachessi.

e.




Gartokkeewwan saddeettan keessaa gartokkeewwan 3 gurraachessi.

f.



Gartokkeewwan saddeettan keessaa gartokke wwan 4 gurraachessi. (kun walakkaa geengoo kanaa ta'uu hubadhu).

g.



Gartokkeewwan saddeettan keessaa gartokkeewwan 6 gurraachessi.

h. Gartekkeewwan saddeettan keessaa gartokkeewwan 6 gurraachessi.  $\frac{6}{8} = \frac{3}{4}$

i. Gartokkeewwan saddeettan gurraachesi. (Geengichi guutummaan guutuutti akka gurraacha'e hubadhu).

j. Walqixa dha.

**Deebii Gocha 3.1**

- a. Hirmaattonni 6:1, 2, 3, 6  
Hirmaattonni 8: 1, 2, 4, 8  
Hirmaattonni walii : 1, 2  
Hirmaattota walii kana keessaa inni guddichi 2 dha.  
Kanaaf, HWG'n (6, 8) = 2 dha.
- b. Firaakshinichi  $\frac{6}{8}$  dha. Waamamaa isaa 6 dha. 6, 2'f yoo hiram firiin argamu 3 dha.
- c. Waamsisaan firaakshinii  $\frac{6}{8}$ , 8 dha. 8, 2'f yoo hiram firiin argamu 4 dha.
- d. Firaakshinii haaraan uumamu  $\frac{3}{4}$  dha. HWG'n waamamaa fi waamsisaa firaakshinii haaraa (HWG (3, 4)) = 1 dha.
- e. Walqixa dha.  $\frac{3}{4} = \frac{6}{8}$ . Kanaaf firaakshinooni kun firaakshinoota wal madaaloo dha.
- f. Eeyyee.

Firaakshinii  $\frac{a}{b}$ , ( $b \neq 0$ ) yoo kennname,

**Tarkaanfii 1:** HWG (a, b) barbaadi

**Tarkaanfii 2:** Waamamaa (a), HWG (a, b) tiif hiruun firi argatte qabadhu.

**Tarkaanfii 3:** Waamsisaa (b), HWG (a, b) tiif hiruun, firi argatte qabadhu.

**Tarkaanfii 4:** Firii tarkaanfii (2) keessatti argatte akka waamamatti, firii tarkaanfii 3 keessatti argatte akka waamamatti fayyadamuun, firaakshinii haaraa uumi.

**Deebii gilgaala 3.1**

1. a.  $\frac{8}{10}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (8, 10) = 2

**Tarkaanfii 2:** 8, 2'f yoo hirtu firiin argatu 4 dha.

**Tarkaanfii 3:** 10, 2'f yoo hirtu firiin argatu 5 dha.

**Tarkaanfii 4:** firaakshinii haaraan uumamu,  $\frac{4}{5}$  dha. HWG (4, 5) = 1 waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{8}{10}$  yoo salphatu  $\frac{4}{5}$  ta'a.

Kanaaf  $\frac{8}{10} = \frac{4}{5}$  (kana jechuun firaakshinoonni kun firaakshinoota wal madaaloo dha).

b.  $\frac{14}{12}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (14, 12) = 2

**Tarkaanfii 2:** 14, 2'f yoo hirtu firiin argattu 7 dha.

**Tarkaanfii 3:** 12, 2'f yoo hirtu firiin argattu 6 dha.

**Tarkaanfii 4:** firaakshinii haaraan  $\frac{7}{6}$  dha.

Kanaaf,  $\frac{14}{12} = \frac{7}{6}$

c.  $\frac{18}{24}$

HWG (18, 24) = 6

Firaakshinii  $\frac{18}{24}$  yoo salphatu  $\frac{3}{4}$  ta'a.

d.  $\frac{48}{60}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (48, 60) = 12

**Tarkaanfii 2:** 48, 12'f yoo hirtu firiin argattu 4 dha.

**Tarkaanfii 3:** 60, 12'f yoo hirtu firiin argattu 5 dha.

**Tarkaanfii 4:** firaakshinii haaraan  $\frac{4}{5}$  ta'a.

Kanaaf,  $\frac{48}{60} = \frac{4}{5}$

e.  $\frac{24}{18}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (24, 18) = 6

**Tarkaanfii 2:** 24, 6'f yoo hirtu firiin argattu 4 ta'a.

**Tarkaanfii 3:** 18, 6'f yoo hirtu firiin argattu 3 dha.

**Tarkaanfii 4:** Firaakshinii haaraan,  $\frac{4}{3}$  dha.

Kanaaf,  $\frac{24}{18} = \frac{4}{3}$

$$f. \frac{216}{1080}$$

**Tarkaanfii 1:** 216, hirmaataa 1080 waan ta'eef, HWG (216, 1080) = 216

**Tarkaanfii 2:** 216, 216'f yoo hirtu, firiin argattu 1 dha.

**Tarkaanfii 3:** 1080, 216'f yoo hirtu, firiin argattu 5 dha.

**Tarkaanfii 4:** Firaakshinii haaraan,  $\frac{1}{5}$  dha.

$$\text{Kanaaf, } \frac{216}{1080} = \frac{1}{5}$$

$$g. \frac{72}{60}$$

**Tarkaanfii 1:** HWG(72, 60) = 12

**Tarkaanfii 2:** 72, 12'f yoo hirtu firiin argattu, 6 dha.

**Tarkaanfii 3:** 60, 12'f yoo hirtu firiin argattu, 5 dha.

**Tarkaanfii 4:** firaakshinii haaraan  $\frac{6}{5}$  dha.

$$\text{Kanaaf, } \frac{72}{60} = \frac{6}{5} \text{ ta'a.}$$

2. a.  $\frac{6}{8}, \frac{9}{12}, \frac{12}{16}$

b.  $\frac{2}{4}, \frac{3}{6}, \frac{4}{8}$

3. a.  $\text{HWG}(2, 3) = 1$ . Kanaaf, firaakshiniin  $\frac{2}{3}$ , firaakshinii salphaa dha.

b.  $\text{HWG}(18, 24) = 6 \neq 1$  waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{18}{24}$ , firaakshinii salphaa miti.

c.  $\text{HWG}(6, 7) = 1$  waan ta'eef, firaakshiniin  $\frac{6}{7}$ , firaakshinii salphaa dha.

d.  $\text{HWG}(10, 20) = 2 \neq 1$  waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{10}{20}$ , firaakshinii salphaa miti.

e.  $\text{HWG}(5, 4) = 1$  waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{5}{4}$ , firaakshinii salphaa dha.

f.  $\text{HWG}(6, 30) = 6 \neq 1$ , waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{6}{30}$ , firaakshinii salphaa miti.

## 3.2 JIJJIIRRAA FIRAAKSHINOOTAA, DEESIMAALOTAA FI DHIBBEENTAA

Wayitii kennname: Wayitii 10

### Kaayyoowwan

*Xumura mata duree kanaan booda, barattoonnii*

- ⌚ firaakshinii gara deesimaalitti ni jijiiru.
- ⌚ firaakshinii gara dhibbeentaatti ni jijiiru.
- ⌚ deesimaalii dhaabbataa gara firaakshiniitti nijijiiru.
- ⌚ dhibbeentaa gara firaakshiniitti ni jijiiru.
- ⌚ dhibbeentaa gara deesimaalitti ni jijiiru.

### Hiikoo Jechootaa:

Deesimaalota siiqsuu, deesimaalii dhaabbataa, deesimaalii deddeebi'aa, dhibbantaa, firaakshinii sirrii, firaakshinii makaa, firaakshinii sirrii hin taane (firaakshinii miti sirrii).

### Seensa

Mata dureen kun waa'ee firaakshinootaa irratti gadifageenyaan xiyyeffata. Firaakshinii gara deesimaalitti jijiiruu, firaakshinii gara dhibbeentaatti jijiiruu, deesimaalii gara firaakshiniitti jijiiruu, deesimaalii gara dhibbeentaatti jijiiruu, dhibbeentaa gara firaakshinii fi deesimaalitti jijiiruu irratti kan xiyyeffatu dha. Kanaaf, mata dureen kun goleewan 3 tti qoodamee jira. Goleen jalqabaa, 3.2.1 kan xiyyeffatu firaakshinoota gara deesimaalii fi dhibbeentaatti jijiiruu irratti dha. Kana malees, seera ittin deesimaalii tokko gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitota lama yookiin dijiitii sadii qabutti siiqsuu dandeenyu irratti ni xiyyeffata. Golee 3.2.2 ammoo kan xiyyeffatu, deesimaalii dhaabbataa gara firaakshinii fi dhibbeentaatti jijiiruu irratti dha. Goleen inni dhumaan golee 3.2.3 dhibbeentaa gara firaakshinii fi deesimaalitti jijiiruu irratti xiyyeffata.

### Qabsiisa mata duree 3.2.1 barsiisuuf gargaaru

Ibsi goleewan mata duree kana keessatti kennamu dandeettii barattoonni firaakshinii, hiruu (hiruu dheeraa), haftee hiruu k.k.f irratti qaban ilaalcha keessa galchuuni dha. Goleewan hunda keessatti gochaalee fi hojii garee irratti barattoonni ciminaan akka hirmaachuu danda'aniif haala mijeessi. Barsiisni kee baay'een isaa gochaalee fi hojii garee kennaman irratti kan hundaa'ee waan ta'eef. Haalli goleewan kana ittiin barsiisuu dandeessu haala armaan gadiitiin kaa'ameera.

### 3.2.1 Firaakshinoota gara deesimaalotaa fi dhibbeentaatti jijiiruu

Golee kana jalqabuuf, barattoonni kee hiikoo firaakshinii fi firaakshinii salphaa akka yaadatan gaafadhu. Itti aansuun kutaale gadi aanan keessatti kan baratan waa'ee hiruu

lakkoofsotaa, haftee hiruu yaadachiisi. Achiin booda barattoonni kee gocha 3.2 irratti si'aayinaan hirmaachuun akka hojjetan taasisi. Wayitii barattoonni gaaffiwwan gocha kanaa hojjetan daree keessa deemuun hordofi, jajjabeessi. Barattoonni hundi gocha kana hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu.

Amma barattoonni kee wayitii gocha kana hojjetan gaaffiwwan warra kam keessatti haftee zeroo akka argatan gaafadhu. Kana jechuun, hiruu Lakkoofsota kanaa keessatti warra haftee zero qabanii fi haftee zeeroo irraa adda ta'e qaban akka adda baasan gaafadhu.

Warra haftee zeeroo irraa adda ta'e qaban kanaa haalli jiruuf jirenya guyyaa guyyaa keessatti itti fayyadamuu dandeenyu yoo jiraate barattoonni kee akka siif deebisanif gaafadhu. Lakkofsonni kun Lakkofsa shallaggiif mijaa'aa ta'e ta'uu akka qabu barattoota keetti himi. Yaada kana waliin walqabsiisuun yaadrimee siiqsuu deesimaalotaa itti himi. Golee kana keessatti, deesimaala tokko akamitti gara deesimaala tuqaa deesimaala booda dijiitota lama yookiin dijiitota sadii qabuutti akka siiqsuu dandeenyu irratti akka xiyyeffannu itti himi.

Itti aansuun seerota siiqsuu 1 – 3, kitaaba barataa irratti kennname barattoonni akka dubbisan taasisi. seerota kana ofii kee erga ibsitee booda fakkeenyota kitaaba barataa irratti kennaman fayyadamuu cimsi. Barattoonni kee deesimaala kennname tokko siqsuu danda'uu fi dhiisuu isaanii adda baafachuuf hojii daree kennuun soroorsi.

Erga waa'ee siiqsuu deesimaalotaa barsiistee booda waa'ee firaakshinii gara deesimaalitti jijiiruu barsiisuu dandeessa. kana gochuuf gocha 3.2 armaan olitti hojjetame akka ka'umsaatti fayyadamuu dandeessa. mala firaakshinii gara deesimaalitti ittiin jijiirru kana fakkeenyota 4, 5, 6 fi 7, kan golee kana jalatti kennaman fayyadamuu cimsuu dandeessa.

Itti aansuun, firaakshinii tokko gara deesimaalitti yoo jijiirru, hiruun sun yeroo hunda haftee 0 akka nuuf hin laatne yaadachiisi. Itti aansuun hiikoo 3.4 fi hiikoo 3.5 kan kitaaba barataa irra jiru akka dubbisan taasisi. erga dubbisanii booda fakkeenyota armaan olitti ilaalaman kana haala hiikoo 3.4 fi hiikoo 3.5 keessatti dubbisanin akka Ramadan taasisi. (deesimaalii dhaabbataa yookiin deesimaalii deddeebi'aa jechuun akka qoodan godhi). Yaada kana fakkeenyaa 8 fi fakkeenyaa 9 kan kitaaba barataa irratti kennname fayyadamuu cimsi.

Kanatti aansuun barattoonni waa'ee gatii bakkaa (mana lakkoofsa) armaan dura lakkoofsota lakkaawwii keessatti baratan akka yaadatan gaafadhu. Kan hin yaadanee yoo ta'e yaada chiisuun, waa'ee gatii bakka (mana lakkoofsa) dijiitota tuqaa deesimaalii booda barsiisi.

Waa'ee firaakshinii gara dhimbantaatti jijiiruu barsiisuuf, dura barattoonni hiikoo dhibbeentaa, fi mallattoo dhibbeentaa akka hubatan taasisi. kanaaf ammo gocha 3.3 kan kitaaba barataa irratti kennname barattoonni akka hojjetan taasisi. wayitii barattoonni

gocha kana hojjetan daree keessa adeemuun hojji isaanii hordofi, jajjabeessi. Hojji isaanii kana fulduratti bahuun akka ibsanif barattoota fedhii qaban afeeri. Haala hojji barattootaa kana irratti hunda'uun deebii kenni. Hiikoo fi mallatloo dhibbeentaa, firaakshinii gara deesimaalitti jijiirru sirriitti hubachiisi. Dhimma kanaaf, fakkeenya 9 fi fakkeenya 10 kan kitaaba barataa irratti kennname fayyadamuu dandeessa.

### Madaallii

Barattoonni kee waa'ee deesimaalota siiqsuu, deesimaalii dhabbataa, deesimaalii deddeebi'aa, gatii bakka (mana lakkofsaa), firaakshinii gara deesimaalitti jijiiruu, firaakshinii gara dhibbeentaatti jijiiruu danda'uu isaanii mirkanoeffachuu qabda. Kanaaf ammo battalee, hojji daree fi gaaffii afaanii fayyadamuu dandeessa. Kana malees gilgaala 3.2 akka hojji manatti kennuun soroorsi.

### Deebii gocha 3.2

Hiruu dheeraa fayyadamuun;

a.

$$\begin{array}{r} 0.5 \\ \hline 2 \overline{)10} \\ \underline{-10} \\ 0 \end{array} \longrightarrow \frac{1}{2} = 0.5$$

b.

$$\begin{array}{r} 0.75 \\ \hline 4 \overline{)30} \\ \underline{-28} \\ 20 \\ \underline{-20} \\ 0 \end{array} \longrightarrow \frac{3}{4} = 0.75$$

c.

$$\begin{array}{r} 0.4 \\ \hline 5 \overline{)20} \\ \underline{-20} \\ 0 \end{array} \longrightarrow \frac{2}{5} = 0.4$$

d.

$$\frac{8}{13} = 0.61538....$$

e.

$$\begin{array}{r}
 3.142 \\
 7 \overline{)22} \longrightarrow \frac{22}{7} = 3.14285...
 \\ 21 \\
 \hline
 10 \\
 7 \\
 \hline
 30 \\
 28 \\
 \hline
 20 \\
 14 \\
 \hline
 6 \\
 \cdot \\
 \cdot
 \end{array}$$

**Deebii Gocha 3.3**

1. Dhibbarraa jechuun harka dhibba keessaa jechuu dha.

Firaakshiniin waamsisaan isaa 100 ta'e

Mallattoon dhibbarraa % dha

a% yoo dubbisnu, dhibbantaa  $a$  jenna.

- |       |   |    |   |
|-------|---|----|---|
| 2. a. | $\frac{1}{2} = \frac{1 \times 50}{2 \times 50} = \frac{50}{100} = 50\%$ | c. | $\frac{3}{4} = \frac{3 \times 25}{4 \times 25} = \frac{75}{100} = 75\%$     |
| b.    | $\frac{1}{4} = \frac{1 \times 25}{4 \times 25} = \frac{25}{100} = 25\%$ | d. | $\frac{1}{1} = \frac{1 \times 100}{1 \times 100} = \frac{100}{100} = 100\%$ |

**Deebii Gilgaala 3.2**

- |       |                              |                   |  |
|-------|------------------------------|-------------------|--|
| 1. a. | $\frac{3}{5} = 0.6$          | $\longrightarrow$ | $\begin{array}{r} 0.6 \\ \hline 5 \overline{)30} \\ 30 \\ \hline 0 \end{array}$                    |
| b.    | $\frac{5}{2} = 2.5$          | $\longrightarrow$ | $\begin{array}{r} 2.5 \\ \hline 2 \overline{)5} \\ 4 \\ \hline 10 \\ 10 \\ \hline 0 \end{array}$   |
| c.    | $\frac{5}{6} = 0.83333\dots$ | $\longrightarrow$ | $\begin{array}{r} 0.3 \\ \hline 6 \overline{)50} \\ 48 \\ \hline 20 \\ 18 \\ \hline 2 \end{array}$ |
| d.    | $\frac{2}{7} = 0.2857143$    |                   |  |

- e.  $\frac{7}{3} = 2.3333\dots$   
 $= 2.33$  (tuqaa deesimaalii booda dijiitii 2 tti siiqsuun)
- f.  $\frac{1}{6} = 0.166666 \dots = 0.167$  (tuqaa deesimaalii booda dijiitii 3 tti siiqsuun)
- g.  $\frac{11}{5} = 2.2$
- h.  $\frac{100}{3} = 33.333$  (Tuqaa deesimaalii booda dijiitii 3 tti siiqsuun)
2. a.  $\frac{1}{3} = 0.3333\dots$  (deesimaalaa deeddeebi'aa). Gara deesimaala tuqaa deesimaalii booda dijiitii 3 qabutti yoo siqfamu,  $\frac{1}{3} = 0.333$  ta'a.
- b.  $\frac{3}{4} = 0.75$  (Deesimaalii dhaabbataa)
- c.  $\frac{3}{8} = 0.375$  (Deesimaalii dhaabbataa)
- d.  $\frac{2}{7} = 0.2857143\dots$  (Deesimaalii dhaabataa hin taane) gara deesimaalii tuqaa deesimaalii  
booda dijiitii 3 qabutti yoo siiqfamu,  $\frac{2}{7} = 0.286$  ta'a.
- e.  $\frac{22}{7} = 3.1428571\dots$  (Deesimaalii dhaabbataa miti)  
gara deesimaala tuqaa deesimaalii booda dijiitii 3 qabutti yoo siiqfamu,  
 $\frac{22}{7} = 3.143$  ta'a.
- f.  $\frac{7}{3} = 2.3333\dots$  (deesimaalii deddeebi'aa)  
gara deesimaala tuqaa deesimaala booda dijiitii 3 qabutti yoo siqfamu,  
 $\frac{7}{3} = 2.333$  ta'a.
- g.  $\frac{5}{6} = 0.83333\dots$  (Deesimaalii deddeebi'aa)  
gara deesimaala tuqaa deesimaala booda dijiitii 3 qabutti yoo siiqfamu,  
 $\frac{5}{6} = 0.833$  ta'a.

- h.  $\frac{11}{3} = 3.66666\dots$  (Deesimaalii deddeebi'aa)  
     gara deesimaala tuqaa deesimaala booda dijiitii 3 qabutti yoo siiqfamu,  
 $\frac{11}{3} = 3.667$  ta'a.
- i.  $\frac{9}{10} = 0.9$  (Deesimaalii dhaabbataa)
- j.  $\frac{13}{15} = 0.866666\dots$  (Deesimaalii deddeebi'aa)  
     gara deesimaala tuqaa deesimaalii booda dijiitota 3 qabutti yoo siiqfamu,  
 $\frac{13}{15} = 0.867$  ta'a.
3. a. Deesimaala 1.312 keessatti gatiin bakka dijiitii 3 kurnaffaa dha.  
     b. Deesimaala 0.013 keessatti gatiin bakka dijiitii 3 kumaffaa dha.  
     c. Deesimaala 5.432 keessatti gatiin bakka dijiitii 3 dhibbaffaa dha.  
     d. Deesimaala 10.341 keessatti gatiin bakka dijiitii 3 kurnaffaa dha.
4. a.  $\frac{23}{100} = 23\%$                           b.  $\frac{2}{5} = \frac{2 \times 20}{5 \times 20} = \frac{40}{100} = 40\%$   
     c.  $\frac{13}{50} = \frac{13 \times 2}{50 \times 2} = \frac{26}{100} = 26\%$   
     d.  $\frac{12}{7} = 1.71$  (Gara deesimaala tuqaa deesimaalii booda dijiitii 3 qabutti yoo siiqfamu)  
     Kanaaf,  $1.71 = \frac{1.71 \times 100}{100} = \frac{171}{100} = 171\%$   
     e.  $\frac{8}{13} = 0.62$  (Gara deesimaala tuqa deesimaalii booda dijiitii 3 qabutti yoo siiqfamu)  
 $\frac{8}{13} = 0.62 = \frac{0.62 \times 100}{100} = 62\%$

### 3.2.2 Deesimaalii dhaabbataa gara firaakshinii fi gara dhibbeentaatti jijiiruu

Golee kana gocha 3.4 kitaaba barataa irratti kennameen jalqabi. Wayitti barattoonni gocha kana hojjetan, daree keessa adeemuun hojii isaanii hordofi, jajjabeessi. Yeroo muraasa booda barattoonni waan dhuunfaatti hojjetan kana gara fulduratti bahanii gabatee gurraacha irratti akka hojjetan godhi (barattoota muraasa hojjechiisi). Dhuma irratti deebi gocha 3.4 kenni. Ergasii booda, akkaataa deesimaalii dhaabbataan gara

firaakshinii tti akkasumas, deesimaalii dhaabbataan gara dhibbeentatti jijiiramu ibsi. Yaada kana cimsuuf fakkeenya 10 fi 11 kan kitaaba barataa irratti kennname fayyadami.

### Madaallii

Barattoota kee wayitii isaan hojii garee 3.2 fi gocha 3.4 hojjetan madaaluu dandeessa. kana malees hojii daree, gaaffii ofii kee qopheessuun kenni. Gilgaala 3.3 akka hojii manaatti kennuun soroorsi.

### Deebii Gocha 3.4

- |    |  |  |  |
|----|--|--|--|
| 1. | a. $\frac{5}{10} = 0.5$  | b. $\frac{25}{100} = 0.25$   | c. $\frac{3}{4} = \frac{75}{100} = 0.75$ |
|    | d. $\frac{1}{100} = 0.01$  | e. $\frac{5}{1000} = 0.005$  | f. $\frac{281}{1000} = 0.281$            |
| 2. | a. $0.5 = \frac{0.5 \times 10}{100} = \frac{5}{10} = \frac{1}{2}$                  | b. $0.25 = \frac{0.25 \times 100}{100} = \frac{25}{100} = \frac{1}{4}$ |  |
|    | c. $0.75 = \frac{0.75 \times 100}{100} = \frac{75}{100} = \frac{3}{4}$             | d. $0.01 = \frac{0.01 \times 100}{100} = \frac{1}{100}$                |  |
|    | e. $0.005 = \frac{0.005 \times 1000}{1000} = \frac{5}{1000} = \frac{1}{200}$       | f. $0.281 = \frac{0.281 \times 1000}{1000} = \frac{281}{1000}$         |  |
| 3. | a. $0.5 = \frac{5}{10} = \frac{5 \times 10}{10 \times 10} = \frac{50}{100} = 50\%$ | b. $0.25 = \frac{25}{100} = 25\%$                                      |  |
|    | c. $0.75 = \frac{75}{100} = 75\%$  | d. $0.01 = \frac{1}{100} = 1\%$  |  |
|    | e. $0.005 = \frac{0.005 \times 100}{100} = \frac{0.5}{100} = 0.5\%$                |  |  |
|    | f. $0.281 = \frac{0.281 \times 100}{100} = \frac{28.1}{100} = 28.1\%$              |  |  |

### Deebii Gilgaala 3.3

- |    |   |  |
|----|---|--|
| 1. | a. $0.2 = \frac{0.2 \times 10}{10} = \frac{2}{10} = \frac{1}{5}$                                | b. $0.02 = \frac{0.02 \times 100}{100} = \frac{2}{100} = \frac{1}{50}$       |
|    | c. $0.56 = \frac{0.56 \times 100}{100} = \frac{56}{100} = \frac{14}{25}$                        | d. $0.025 = \frac{0.025 \times 1000}{1000} = \frac{25}{1000} = \frac{1}{40}$ |
|    | e. $0.64 = \frac{0.64 \times 100}{100} = \frac{64}{100} = \frac{16}{25}$                        | f. $0.72 = \frac{0.72 \times 100}{100} = \frac{72}{100} = \frac{18}{25}$     |
| 2. | a. $0.2 = \frac{2}{10} = \frac{1}{5} = \frac{1 \times 20}{5 \times 20} = \frac{20}{100} = 20\%$ |  |
|    | b. $0.02 = \frac{2}{100} = 2\%$   |  |
|    | c. $0.56 = \frac{56}{100} = 56\%$   |  |
|    | d. $0.025 = \frac{0.025 \times 100}{100} = \frac{2.5}{100} = 2.5\%$                             |  |

e.  $0.64 = \frac{0.64 \times 100}{100} = \frac{64}{100} = 64\%$

f.  $0.72 = \frac{0.72 \times 100}{100} = \frac{72}{100} = 72\%$

3. a. Dhugaa                                  d. Dhugaa  
       b. Dhugaa                                   e. Soba  
       c. Dhugaa                                   f. Dhugaa

### 3.2.3 Dhibbentaa gara firaakshinii fi deesimaalitti jijiiruu

Golee kana gocha 3.5 kitaaba barataa irratti kennameen jalqabi. Wayiti barattoonni gocha kana hoijjetan daree keessa adeemuun hojii isaanii hordofi, jajjabeesi. Erga gocha kana dhuunfaadhaan hoijjetanii booda, hojii isaanii kana soroori. Itti aansuun, garee barattootaa miseensa afur qabu ijaari. Ergasii hojii garee 3.3 kitaaba barataa irrat, kenname akka hoijjetan taasisi. waan gareedhaan hoijjetan kana garee garee keessaa barataan tokko bahee gabatee gurracha irratti akka hoijetu taasisi.

Amma hojii barattootaa sirreessuun akkaataa dhibbeentaa gara firaakshinii fi deesimaalitti jijiiramu irratti ibsa ketti. Kana cimsuuf fakkeenyaa 12 kan kitaaba barataa irratti kenname fayyadami. Adeemsa kana keessa, lakkooftsi tokko firaakshinii, deesimaalii fi dhibbentaa tiin akka ibsamu barattoonni akka hubatan taasisi. Itti aansuun barattoonni hubachiisa kitaaba barataa irratti kenname (waa'ee firaakshinii sirrii, firaakshinii makaa ...) akka dubbisaa erga taasistee booda fakkeenyaa 13 kitaaba barataa irra jiru fayadamuun yaadicha barattootaaf ifa taasisi.

### Madaallii

Barattoota kee wayitii isaan gocha 3.5 fi hojii garee 3.3 hoijjetan madaaluu dandeessa. kana malees, gilgaala 3.4 akka hojii manaatti kennuun soroorsi.

### Deebii Gocha 3.5

- |  |  |
|--|--|
| 1. a. $80\% = 80 \times \frac{1}{100} = \frac{80}{100} = \frac{8}{10} = \frac{4}{5}$ | d. $2.5\% = \frac{2.5}{100} = \frac{25}{1000} = \frac{1}{40}$  |
| b. $95\% = \frac{95}{100} = \frac{19}{20}$   | e. $25\% = \frac{25}{100} = \frac{1}{4}$                       |
| c. $15\% = \frac{15}{100} = \frac{3}{20}$  | f. $1.5\% = \frac{1.5}{100} = \frac{15}{1000} = \frac{3}{200}$ |
| 2. a. $80\% = \frac{80}{100} = \frac{8}{10} = \frac{4}{5} = 0.8$                     | e. $35\% = \frac{35}{100} = 0.35$                              |
| b. $95\% = \frac{95}{100} = \frac{19}{20} = 0.95$                                    | f. $5\% = \frac{5}{100} = 0.05$                                |
| c. $15\% = \frac{15}{100} = 0.15$  | d. $2.5\% = \frac{2.5}{100} = 0.025$                           |

3. a.  $\frac{20}{100} \times 100 = 20$       c.  $\frac{20}{100} \times 30 = \frac{600}{100} = 6$   
     b.  $\frac{20}{100} \times 60 = \frac{20 \times 60}{100} = \frac{1200}{100} = 12$       d.  $\frac{20}{100} \times 20 = \frac{400}{100} = 4$

### Deebii Hojii garee 3.3

1. Baay'inni rektaangilootaa 99.
2. Baay'inni rektaangiloota dibamanii 33 fi kan hin dibamne ammoo 66.
3. i. Kan dibame firaakshiniidhaan,  $\frac{33}{99} = \frac{1}{3}$   
 ii. Kan dibame deesimaalii dhaan, 0.33  
 iii. Kan dibame dhibbeentaadhaan,  $33\% = \left(0.33 = \frac{33}{100}\right)$
4. i. Kan hin dibamne firaakshiniidhaan,  $\frac{66}{99} = \frac{22}{33} = \frac{2}{3}$   
 ii. Kan hin dibamne deesimaalii dhaan, 0.67. (tilmaamaan)  
 iii. Kan hin dibamne dhibbeentaadhaan,  $67\% , 0.67 \times \frac{100}{100} = \frac{67}{100} = 67\%$
5. Lamaanuu deddeebi'aa dha.

### Deebii gilgaala 3.4

1. a.  $30\% = \frac{30}{100} = \frac{3}{10}$       b.  $12\% = \frac{12}{100} = \frac{6}{50} = \frac{3}{25}$   
 c.  $1.2\% = \frac{1.2}{100} = \frac{1.2 \times 10}{100 \times 10} = \frac{12}{1000} = \frac{6}{500} = \frac{3}{250}$   
 d.  $0.07\% = \frac{0.07}{100} = \frac{0.07 \times 100}{100 \times 100} = \frac{7}{10,000}$   
 e.  $0.05\% = \frac{0.05}{100} = \frac{0.05 \times 100}{100 \times 100} = \frac{5}{10,000} = \frac{1}{2,000}$   
 f.  $23\% = \frac{23}{100}$   
 g.  $39\% = \frac{39}{100}$   
 h.  $0.027\% = \frac{0.027}{100} = \frac{0.027 \times 1000}{100 \times 1000} = \frac{27}{100,000}$

2. a.  $65\% = \frac{65}{100} = 0.65$  e.  $60\% = \frac{60}{100} = 0.6$
- b.  $135\% = \frac{135}{100} = 1.35$  f.  $20\% = \frac{20}{100} = 0.2$
- c.  $220\% = \frac{220}{100} = 2.2$  g.  $66\% = \frac{66}{100} = 0.66$
- d.  $15\% = \frac{15}{100} = 0.15$  h.  $0.6\% = \frac{0.6}{100} = 0.006$
3. a.  $\frac{13}{50}$  firaakshinii sirrii dha. d.  $\frac{8}{100}$  firaakshinii sirrii dha.
- b.  $\frac{5}{2}$  firaakshinii sirrii miti. e.  $3\frac{1}{6}$  firaakshinii makaa dha.
- c.  $5\frac{1}{7}$  firaakshinnii sirrii miti. f.  $5\frac{1}{4}$  firaakshinii makaa dha.
- 4.

Firaakshinii	Deesimaalii	Dhibbeentaa
$\frac{21}{100}$	0.21	21%
$\frac{13}{25}$	0.52	52%
$\frac{6}{25}$	0.24	24%

### 3.3 FIRAAKSHINOOTA WALIIN MADAALUU FI TARTIIBESSUU

Wayitii kenname: Wayitii 5

#### Kaayyoowwan

Xumura mata duree kanaan booda barattoonni:

- firaakshinoota ni wal madaalchisu.
- firaakshinoota xiqqaa irraa gara guddaatti ni tartiibessu.
- firaakshinoota guddaa irraa gara xiqqaatti ni tartiibessu.

#### Jechoota Ijoo

- Firaakshinoota waliin madaaluu, firaakshinoota tartiibessuu,

## Seensa

Mata dureen kun kan xiyyeffatu, firaakshinooni lamaa fi lamaa ol ta'an yoo kennaman, haala ittiin firaakshinoota kana waliin madaalluu fi tartiibessinu irratti dha. Kana jechuun firaakshinii isa guddaa yookiin xiqqaa ta'e adda baasuu, xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessuu yookiin guddaa irraa gara xiqlaatti tartiibessuu irratti xiyyeffata.

## Mala baruu barsiisuu mata duree kanaa barsiisuuf gargaaru

Mata dureen kun ibsa kan godhu, dandeetti barattoonni lakkofsota lakkaawwii waliin madaalluu fi tartiibessuu irratti qaban bu'ura godhachuuni dha. Kana malees beekumsa barattoonni mallattoolee <, > fi = fayyadamuu irratti qaban bu'ura godhata. Akkuma armaan duraa barattoonni gochaalee fi hojji garee irratti si'aayinaan hirmaachuuutu irraa eegama.

## Firaakshinoota waliin madaaluu

Mata duree kana jalqabuuf, barattoonni kee lakkofsota lakkaawwii waliin madaalluu fi tartiibessuu danda'uu isaanii gaafadhu. Lakkofsota lakkaawwi kennun akka isaan wal madaalchisanii fi tartiibessan gaafadhu. Itti aansuun barattoonni kee waa'ee firaakshinoota wal madaaloo akka yaadatan godhi. Firaakshinootni lama fi lamaa ol wal madaaloo yoo ta'an mallattoowwan >, < fi = kam akka fayyadamnu akka sitti himan gaafadhu.

Erga kana gootee booda barattoonni gocha 3.6 kan kitaaba barataa irratti kennname akka hojjetan taasisi. Wayiti barattoonni gocha kana hojjetan daree keessa adeemuun hojji isaanii hordofi, jajjabeessi. Erga barattoonni hundinuu hojjetanii booda, barattoonni lama hojji isaanii fulduratti bahuun akka hojjetan taasisi. Barattoonni daree hafan ammo hojiin barattoota kana lamaanii tokko yookiin adda ta'uun isaanii akka adda baasanii fi yaada mataa isaanii akka kennan taasisi.

Gaaffiwwan hunda haala kanaan hojjechiisi. Dhuma irratti gaaffiwwaniif deebii kenni. Wayitii deebii gaaffiwwan kanaaf kennitu, wayitii waamsisaan isaanii tokko ta'an haala itti firaakshinoota wal madaalchifnu barattoonni akka hubatan taasisi. yeroo waamsisaan isaanii adda ta'u akkaataa itti wal madaalchifnu akka hubatan taasisi. kana cimsuuf fakkeenyaa 1 fi 2 kan mata duree kana jalatti kitaaba barataa irratti kennname fayyadamuu dandeessa. Haaluma firaakshinoota wal madaalchisuu barsiisteen, deesimaalota wal madaalchisuu barsiisi. Kanaaf ammoo fakkeenyaa 3 fi fakkeenyaa 4 kitaaba barataa irratti kennname fayyadami.

## Firaakshinoota tartiibessuu

Barattoonni gocha 3.7 akka hojjetan taasisi. Gocha kana barattoonni gareedhaan akka hojjetaniif haala mijeessi. Waan gareedhaan hojjetan kana, bakka bu'aan garee fulduratti bahuun, gareen hundi gaaffii tokko tokko akka hojjetan gochuu yaali (Dabaree

dabareedhaan hojjechiisi). Dhuma irratti ibsa mataa kee kenuun fakkeenya 5 fi fakkeenya 6 barattootaaf hojjedhu.

### Madaallii

Barattoota kee wayitii isaan gochaalee, fi hojii garee hojjetan, akkasumas wayitii dhiyeessan madaaluu dandeessa. kana malees hojii daree fi gilgaala 3.5 akka hojii manaatti kenuun soroorsi.

### Deebii gocha 3.6

1. a.  $\frac{4}{10}$  irra xiqqaa  $\frac{6}{10}$  ti. Kana jechuun  $\frac{6}{10}$  irra guddaa  $\frac{4}{10}$  ti.  
 $\frac{4}{10}$  kan ibsu gartokkeewwan kudhan jiran keessaa gartokkeewwan afur dha.  
 $\frac{6}{10}$  ammo gartokkeewwan kudhan jiran keessaa gartokkeewwan 6 ibsa.  
Kanaaf,  $\frac{4}{10} < \frac{6}{10}$
  - b.  $\frac{1}{12}$  irra xiqqaa  $\frac{1}{10}$  ti. Kana jechuun  $\frac{1}{10}$  irra guddaa  $\frac{1}{12}$  ti.  
Kanaaf,  $\frac{1}{12} < \frac{1}{10}$
  - c.  $\frac{1}{5}$  irra xiqqaa  $\frac{1}{2}$  ti.  
Kanaaf,  $\frac{1}{5} < \frac{1}{2}$
  - d.  $\frac{4}{10}$  wal-qixa  $\frac{8}{20}$  ti.  
Kanaafu  $\frac{4}{10} = \frac{8}{20}$
2. a.  $A = \frac{1}{2}$  (Waan guutuun tokko gartokkeewwan wal qixa ta'an lamatti qoodame keessaa, gartokkee 1 jechuu dha.)  
 $B = \frac{1}{2}$
  - b.  $A = \frac{1}{3}$   
 $D = \frac{1}{3}$   
 $E = \frac{1}{3}$

- c. Warreen (b) jala jiran xiqqaa dha. Sababni isaas (a) jalatti waanti guutuun tokko bakka walqixa ta'e lamatti qoodameera. (b) jalatti ammoo waanti guutuun tokko bakka walqixa sadiitti qoodameera.
- d.  $F = \frac{1}{4}$
- $$G = \frac{1}{4}$$
- $$H = \frac{1}{4}$$
- $$I = \frac{1}{4}$$
- e. Warreen (d) jala jiran xiqqaa dha. Sababni isaas (d) jallatti waanti guutuun tokko bakka walqixa ta'e 4 tti qoodameera.

### Deebii Gocha 3.7

1. a.  $\frac{1}{12} < \frac{1}{10} < \frac{1}{8}$       b.  $\frac{1}{5} < \frac{1}{4} < \frac{1}{3} < \frac{1}{2}$       c.  
 $\frac{5}{12} < \frac{2}{3} < \frac{3}{4} < \frac{7}{8}$
2. a.  $\frac{1}{8} > \frac{1}{10} > \frac{1}{12}$       b.  $\frac{1}{2} > \frac{1}{3} > \frac{1}{4} > \frac{1}{5}$       c.  
 $\frac{7}{8} > \frac{3}{4} > \frac{2}{3} > \frac{5}{12}$
3. a.  $0.3 < 0.35 < 0.52$       b.  $0.38 < 0.43 < 0.72 < 0.8$   
c.  $0.35 < 0.36 < 1.3 < 2.53$

### Deebii gilgaala 3.5

1. a.  $\frac{1}{3} < \frac{1}{2} < \frac{3}{4} < \frac{4}{5} < \frac{5}{6}$       d.  $\frac{1}{4} < \frac{3}{10} < \frac{3}{8} < \frac{1}{2} < \frac{2}{3}$   
b.  $\frac{5}{12} < \frac{2}{3} < \frac{3}{4} < \frac{7}{8}$       e.  $\frac{1}{12} < \frac{1}{8} < \frac{1}{6} < \frac{1}{5} < \frac{1}{3} < \frac{1}{2} < \frac{5}{6}$   
c.  $\frac{1}{6} < \frac{1}{5} < \frac{1}{4} < \frac{1}{2} < \frac{2}{3}$
2. a.  $\frac{5}{6} > \frac{4}{5} > \frac{3}{4} > \frac{1}{2} > \frac{1}{3}$       b.  $\frac{1}{2} > \frac{1}{3} > \frac{1}{4} > \frac{1}{5} > \frac{1}{6}$   
c.  $\frac{7}{8} > \frac{3}{4} > \frac{2}{3} > \frac{5}{12}$
3. a.  $0.45 < 0.48 < 0.6 < 0.62 < 0.86 < 0.91$       b.  $0.48 < 0.57 < 0.63 < 0.72$

4.  $0.9 > 0.73 > 0.65 > 0.58 > 0.28$

$$5. \quad 0.2 = \frac{0.2 \times 100}{100} = \frac{20}{100} = 20\%$$

$$0.67 = \frac{0.67 \times 100}{100} = \frac{67}{100} = 67\%$$

$$0.25 = \frac{0.25 \times 100}{100} = \frac{25}{100} = 25\%$$

$$0.35 = \frac{0.35 \times 100}{100} = \frac{35}{100} = 35\%$$

$$\frac{4}{5} = \frac{4 \times 20}{5 \times 20} = \frac{80}{100} = 80\%$$

$$\frac{2}{5} = \frac{2 \times 20}{5 \times 20} = \frac{40}{100} = 40\%$$

Kanaaf, dhibbeentaa kana xiqqaa irraa gara guddaatti yoo tartibessinu,

$20\% < 25\% < 35\% < 40\% < 67\% < 80\%$

### 3.4 IDA'UU FI HIR'ISUU FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTAA

Wayitii kennname: Wayitii 10

#### Kaayyoowwan

*Xumura mata duree kanaan booda, barattonni*

- ⌚ ida'ama firaakshinootaa fi deesimaalotaa ni shallagu.
- ⌚ caalmaa firaakshinootaa fi deesimaalotaa ni shallagu.
- ⌚ piroobileemota jechaa, ida'uu fi hir'isuu firaakshinootaa fayyadaman ni furu.

#### Seensa

Mata dureen kun goleewan lamatti qoodamee jira. Goleen jalqabaa ida'uu firaakshinootaa, deesimaalotaa, ida'uu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti xiyyeffata. Inni lammaffaan ammo hir'isuu firaakshinootaa, deesimaalotaa, hir'isuu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti xiyyeffata.

Mata duree kana sirriitti barsiisuuf, barattoonni kee ida'uu, hir'isuu, baay'isuu, fi hiruu lakkofsota lakkaawwii sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuu qabda. Kana malees, barnoota kutaalee gadii aanaa keessatti waa'ee ida'uu fi hir'isuu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti, yaadachiisuun mata duree kana jalqabuu dandeessa.

### Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru

Ida'uufi hir'isuu firaakshinootaa fi deesimaalotaa, yeroo baay'ee jiruu fi jirenya guyyaa guyyaa keessatti ni fayyadamma. Mata duree kana keessatti akkaataa firaakshinoota waamsisaa tokko qaban itti idaanu fi hir'isnu, akkaataa itti firaakshinoota waamsisaa adda addaa qaban walitti idaanuu fi hir'isnu, akkaataa itti deesimaalota walitti idaanuu fi wal irraa hir'isnu ni baratu. Kana malees, akkaataa itti firaakshinootaa fi deesimaalota walitti idaanuu fi wal irraa hirisnu ni baratu. Kun hundi beekumsa barattoonni duraan qaban kan bu'ureeffate dha. Barattoonni marii, gochaale hojii gareef, fi hojii dareetti hirmaachuu qabu.

#### 3.4.1 Ida'uu firaakshinootaa fi Deesimaalotaa

Mata duree kana jalqabuuf, barattoonni gocha armaan gadii akka hojjetan taasisi.

#### Gocha (Hojii daree)

##### Gocha I

$$1. \quad \begin{array}{c} \text{---} \\ | \end{array} \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}} \begin{array}{c} \text{---} \\ | \end{array} \boxed{\text{---}} + \begin{array}{c} \text{---} \\ | \end{array} \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}} = \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}}$$

$$\frac{2}{4} \qquad \qquad \qquad \frac{1}{4}$$

$$2. \quad \begin{array}{c} \text{---} \\ | \end{array} \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}} \begin{array}{c} \text{---} \\ | \end{array} \boxed{\text{---}} + \begin{array}{c} \text{---} \\ | \end{array} \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}} = \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}} \boxed{\text{---}}$$

$$\frac{2}{3} \qquad \qquad \qquad \frac{1}{3}$$

$$3. \quad \frac{5}{7} + \frac{2}{7} = \underline{\hspace{2cm}}$$

$$4. \quad \frac{5}{8} + \frac{1}{8} = \underline{\hspace{2cm}}$$

Hojii barattootaa madaali. Haala barattoota qajeelchuu danda'uun gocha kanaaf deebii kenni. Keessumayyuu akkaataa firaakshinoota waamsisaa walfakkaatu qaban ida'uudandeenyu irratti fakkeenyaa 1 fi 2 kitaaba barataa irraa fayyadami. Itti aansuun garee miseensa 3 hanga 4 qabu ijaaruun, barattoonni hojii garee 3.4 akka hojjetan taasisi. wayitii barattoonni hojii garee kana hojjetan daree keessa adeemuun hirmaannaa isaanii


hordofi. Gareewwan muraasni waan hojjetan akka gabaasan taasisi. keessumaa gaaffi 1<sup>ffaa</sup> f, fakkeenya haa kennan.

Malli Hojiin garee kun itti hojjetame, firaakshinoota waamsisaa wal fakkaatu qabaniif hojjechuu fi dhiisuu isaa akka sitti himan gaafadhu. Dhuma irratti gaaffiilee hojii garee kanaaf deebii kenni. Haala firaakshinoota waamsisaa wal fakkaatu qaban, firaakshinoota waamsisaa adda addaa qaban haala walitti idaanu irratti ibsa kenni. Firaakshinoota makaa walitti yoo idaanu of eeggannoon taasifamuu akka qabu barattoota hubachiisi.

Dhimma kanaaf, Fakkeenya 2, Fakkeenya 3, fi fakkeenya 4 kitaaba barataa irraa fayyadami. Itti aansuun haala itti deesimaalota walitti idaanu barsiisi. Fakkeenya 3 kitaaba barataa irratti kennname fayyadami.

### **Madaallii**

Wayitii barattooni gochaa fi hojii garee irratti hirmaatan madaaluu dandeessa. Dabalataan hojii daree kenuun soroorsi gilgaala akka hojii manaatti kenuun soroorsi. Barattooni tokko tokko fulduratti bahuun akka hojjetan taasisi.

- |  |  |  |
|--|--|--|
| <br>$\frac{2}{4}$  | <br>$\frac{1}{4}$  | <br>$\frac{3}{4}$      |
| <br>$\frac{2}{3}$ | <br>$\frac{1}{3}$ | <br>$\frac{3}{3} = 1$ |
| $\frac{5}{7} + \frac{2}{7} = \frac{5+2}{7} + \frac{7}{7} = 1$  |  |  |
| $\frac{5}{8} + \frac{1}{8} = \frac{5+1}{8} = \frac{3}{4}$  |  |  |

### **Deebii hojii garee 3.4**

1. Yoo  $\frac{a}{b}$  and  $\frac{c}{d}$  firaakshinoota ta'an,  $\frac{a}{b} + \frac{c}{d} = \frac{a \times d + b \times c}{bd}$

#### **Fakkeenya**

$$\frac{11}{5} + \frac{6}{7} = \frac{11 \times 7 + 5 \times 6}{5 \times 7} = \frac{77 + 30}{35} = \frac{107}{35}$$

2. a.  $\frac{1}{2} + \frac{1}{3} = \frac{3+2}{2 \times 3} = \frac{5}{6}$

$$\text{b. } \frac{1}{4} + \frac{1}{5} = \frac{5+4}{4 \times 5} = \frac{9}{20}$$

$$\text{c. } \frac{1}{2} + \frac{2}{3} = \frac{1 \times 3 + 2 \times 2}{2 \times 3} = \frac{3+4}{6} = \frac{7}{6}$$

Deebii Gilgaala 3.6

$$1. \quad a. \quad \frac{3}{4} + \frac{5}{4} = \frac{3+5}{4} = \frac{8}{4} = 2$$

$$\text{b. } \frac{1}{6} + \frac{7}{6} = \frac{1+7}{6} = \frac{8}{6} = \frac{4}{3}$$

$$\text{c. } \frac{\frac{1}{2} + \frac{1}{4}}{2} = \frac{1 \times 4 + 2 \times 1}{2 \times 4} = \frac{4+2}{8} = \frac{6}{8} = \frac{3}{4}$$

$$d. \quad \frac{2}{5} + \frac{1}{3} = \frac{2 \times 3 + 5 \times 1}{5 \times 3} = \frac{6+5}{15} = \frac{11}{15}$$

$$e. \quad \frac{3}{5} + \frac{1}{2} + \frac{1}{3} = \left( \frac{3}{5} + \frac{1}{2} \right) + \frac{1}{3} = \frac{3 \times 2 + 5 \times 1}{5 \times 2} + \frac{1}{3}$$

$$= \frac{6+5}{11} + \frac{1}{3} = \frac{11}{10} + \frac{1}{3} = \frac{11 \times 3 + 10 \times 1}{10 \times 3}$$

$$= \frac{33+10}{30} = \frac{43}{30}$$

Yookiin HWX'n (2, 3, 5) = 30 waan ta'eef,

$$\frac{3}{5} + \frac{1}{2} + \frac{1}{3} = \frac{3 \times 6 + 1 \times 15 + 1 \times 10}{30} = \frac{43}{30}$$

$$f. \quad \frac{5}{8} + \frac{1}{2} + \frac{2}{3} = \left( \frac{5}{8} + \frac{1}{2} \right) + \frac{2}{3}$$

$$= \frac{5 \times 2 + 8 \times 1}{8 \times 2} + \frac{2}{5} = \frac{10 + 8}{16} + \frac{2}{3} = \frac{18}{16} + \frac{2}{3}$$

$$= \frac{18 \times 3 + 2 \times 16}{16 \times 3} = \frac{54 + 32}{48} = \frac{86}{48} = \frac{43}{24}$$

$$\text{g. } \frac{1}{10} + \frac{1}{2} = \frac{1 \times 2 + 10 \times 1}{10 \times 2}$$

$$= \frac{2+10}{20} = \frac{12}{20} = \frac{6}{10} = \frac{3}{5}$$

b.  $0.47 + 0.35$

0.53

0.47

0.45

0.35

0.98

0.82

c.	$\begin{array}{r} 0.92 + 0.75 \\ 0.92 \\ + 0.75 \\ \hline 1.67 \end{array}$	d.	$\begin{array}{r} 0.271 + 0.451 \\ 0.271 \\ + 0.451 \\ \hline 0.722 \end{array}$
e.	$\begin{array}{r} 1.358 \\ 0.814 \\ \hline 2.172 \end{array}$	f.	$\begin{array}{r} 0.385 + 0.6712 \\ 0.6712 \\ + 0.3850 \\ \hline 1.0562 \end{array}$
g.	$\begin{array}{r} 0.306 + 0.283 \\ 0.306 \\ + 0.283 \\ \hline 0.589 \end{array}$	h.	$\begin{array}{r} 0.925 + 0.034 \\ 0.925 \\ + 0.034 \\ \hline 0.959 \end{array}$

### 3.4.2 Hir'isuu firaakshinootaa fi Deesimaalotaa

Mata duree kana barsiisuuf gocha 3.8 tiin jalqabuu dandeessa. Wayitii barattoonni gocha kana hojjetan daree keessa adeemuun hojii barattootaa ilaali, jajjabeessi, gargaari. Erga barattoonni dhuunfaadhaan hojjetanii booda ati gaaffiilee gocha kanaaf deebii kenni. Waa'e hir'isuu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irrattis ibsa kenni. Dhimma kanaaf, fakkeenya 5, 6 fi 7 kan golee kanaaf kitaaba barataa irratti kennname fayyadami. Barattoonni waamsisaan firaakshinootaa wal fakkaatuu fi adda ta'u haala walirraa hir'isan irratti gadi fageenyaan ibsi. Maloota lamaan jiraan keessaa kamtu kamiif akka hojjetus akka hubatan gargaari.

#### Madaallii

Hir'isuun firaakshinootaa fi deesimaalotaa jireenya guyyaa guyyaa keessatti waan gargaaruuf, barattoonni golee kana sirriitti hubachuu qabu. Kana madaaluuf, barattoonni wayitii gocha hojjetanii fi hirmaannaa taasian madaalamuu danda'u. Mata keetiin gaaffiawan qopheessuun hojii daree kenni. Dabalataan gilgaala 3.7 akka hojii manatti kennun soroorsi. Barattoota fedhii qabanis daree keessatti hojjechiisi.

#### Deebii gocha 3.8

1. a. 
$$\frac{4}{5} - \frac{1}{5} = \frac{4-1}{5} = \frac{3}{5}$$

b. 
$$\frac{3}{2} - \frac{1}{2} = \frac{3-1}{2} = \frac{2}{2} = 1$$

c.  $\frac{7}{8} - \frac{3}{5} = \frac{7 \times 5 - 8 \times 3}{8 \times 5} = \frac{35 - 24}{40} = \frac{11}{40}$

2. Hammi Zayitii hafee = hamma zayitii bitamee – hamma zayitii hojii irra oo lee

$$\text{Hamm}i \text{ zayitii bitamee} = \frac{3}{4} L$$

$$\text{Hamm}i \text{ zayitii hojii irra oo lee} = \frac{1}{4} L$$

$$\text{Kanaaf hamm}i \text{ zayitii hafee} = \frac{3}{4} L - \frac{1}{4} L = \left( \frac{3-1}{4} \right) L = \frac{2}{4} L = \frac{1}{2} L$$

3.

a. 
$$\begin{array}{r} 0.75 \\ - 0.25 \\ \hline 0.50 \end{array}$$

b. 
$$\begin{array}{r} 0.897 \\ - 0.368 \\ \hline 0.529 \end{array}$$

c. 
$$\begin{array}{r} 0.749 \\ - 0.387 \\ \hline 0.362 \end{array}$$

### Deebii gilgaala 3.7

1.

a. 
$$\frac{3}{4} - \frac{1}{8} = \frac{3 \times 8 - 4 \times 1}{4 \times 8} = \frac{24 - 4}{32} = \frac{20}{32} = \frac{5}{8}$$

b. 
$$\frac{6}{7} - \frac{1}{2} = \frac{6 \times 2 - 7 \times 1}{7 \times 2} = \frac{12 - 7}{14} = \frac{5}{14}$$

c. 
$$\frac{7}{9} - \frac{1}{3} = \frac{7 \times 3 - 9 \times 1}{9 \times 3} = \frac{21 - 9}{27} = \frac{12}{27} = \frac{4}{9}$$

d. 
$$\frac{7}{8} - \frac{1}{2} = \frac{7 \times 12 - 8 \times 1}{8 \times 12} = \frac{84 - 8}{96} = \frac{76}{96} = \frac{19}{24}$$

e. 
$$\frac{5}{8} - \frac{1}{3} = \frac{5 \times 3 - 8 \times 1}{8 \times 3} = \frac{15 - 8}{24} = \frac{7}{24}$$

f. 
$$\frac{4}{5} - \frac{5}{12} = \frac{4 \times 12 - 5 \times 5}{5 \times 12} = \frac{48 - 25}{60} = \frac{23}{60}$$

g. 
$$\frac{5}{12} - \frac{1}{8} = \frac{5 \times 8 - 12 \times 1}{12 \times 8} = \frac{40 - 12}{96} = \frac{28}{96} = \frac{7}{24}$$

h. 
$$\frac{28}{10} - \frac{14}{8} = \frac{28 \times 8 - 14 \times 10}{10 \times 8} = \frac{224 - 140}{80} = \frac{84}{80} = \frac{21}{20}$$

i. 
$$\frac{16}{12} - \frac{16}{12} = \frac{16 - 16}{12} = \frac{0}{12} = 0$$

j. 
$$\frac{19}{5} - \frac{14}{5} = \frac{19 - 14}{5} = \frac{5}{5} = 1$$

2. a. 
$$\begin{array}{r} 0.469 - 0.142 \\ - 0.469 \\ \hline 0.327 \end{array}$$

b. 
$$\begin{array}{r} 0.847 - 0.307 \\ - 0.307 \\ \hline 0.540 \end{array}$$

c. 
$$\begin{array}{r} 0.682 - 0.471 \\ - 0.471 \\ \hline 0.211 \end{array}$$

d.  $0.889 - 0.268$

$$\begin{array}{r} 0.889 \\ - 0.268 \\ \hline 0.621 \end{array}$$

e.  $0.759 - 0.432$

$$\begin{array}{r} 0.759 \\ - 0.432 \\ \hline 0.327 \end{array}$$

f.  $0.213 - 0.2$

$$\begin{array}{r} 0.213 \\ - 0.200 \\ \hline 0.013 \end{array}$$

3. a.  $20\frac{2}{5} - 17\frac{1}{2}$

Duraan dursa firaakshinoota makaa kana gara firaakshinii sirriitti jijiiri.

$$20\frac{2}{5} = \frac{20}{5} + \frac{2}{5} = \frac{20 \times 5 + 2}{5} = \frac{102}{5}$$

$$17\frac{1}{2} = 17 + \frac{1}{2} = \frac{17 \times 2 + 1}{2} = \frac{35}{2}$$

$$\text{Kanaaf, } 20\frac{2}{5} - 17\frac{1}{2} = \frac{102}{5} - \frac{35}{2} = \frac{102 \times 2 - 5 \times 35}{5 \times 2} = \frac{204 - 175}{10} = \frac{29}{10}$$

b.  $6\frac{1}{3} - 2\frac{1}{3}$

Firaakshinoota makaa kana gara firaakshinii sirriitti haa jijiirru.

$$6\frac{1}{3} = 6 + \frac{1}{3} = \frac{6 \times 3 + 1}{3} = \frac{19}{3}$$

$$2\frac{1}{3} = 2 + \frac{1}{3} = \frac{2 \times 3 + 1}{3} = \frac{7}{3}$$

$$\text{Kanaaf, } 6\frac{1}{3} - 2\frac{1}{3} = \frac{19}{3} - \frac{7}{3} = \frac{19 - 7}{3} = \frac{12}{3} = 4$$

c.  $5\frac{2}{5} - 2\frac{1}{4}$

Ammas, Firaakshinii  $5\frac{2}{5}$  gara firaakshinii sirriitti jijiiri.

$$2\frac{1}{4} = 2 + \frac{1}{4} = \frac{2 \times 4 + 1}{4} = \frac{9}{4}$$

$$5\frac{2}{5} = 5 + \frac{2}{5} = \frac{5 \times 5 + 2}{5} = \frac{27}{5}$$

$$\text{Kanaaf, } 5\frac{2}{5} - 2\frac{1}{4} = \frac{27}{5} - \frac{9}{4} = \frac{27 \times 4 - 5 \times 9}{5 \times 4} = \frac{108 - 45}{20} = \frac{63}{20}$$

4. Lafa qotee bulaa kana akka waan guutuu tokkootti.

Kan wiixata irra qotame:  $\frac{1}{5}$

Kan kibxata irra qotame:  $\frac{1}{4}$

Kanaaf, guyyoota kana lamaanitti kan qotame,

$$\frac{1}{5} + \frac{1}{4} = \frac{4+5}{5 \times 4} = \frac{9}{20}$$

a. Kanaaf lafti qotee bulaa kanaa kan hin qotamne,

$$1 - \frac{9}{20} = \frac{(1 \times 20) - 9}{20} = \frac{20 - 9}{20} = \frac{11}{20}$$

b. Kan qotame dhibbeentaatti jijiiri.

$$\frac{9}{20} = \frac{9 \times 5}{20 \times 5} = \frac{45}{100} = 45\%$$

Kanaaf Lafti qotee bulaa kanaa kan qotame dhibbeentaadhaan, 45%.

c. Kan hin qotamne dhibbeentaatti jijiiri.

$$\frac{11}{20} = \frac{11 \times 5}{20 \times 5} = \frac{55}{100} = 55\%$$

Yookiin Lafte qotee bulaa 100% waan ta'eef, kan qotame ammoo 45% waan ta'eef, kan hin qotamne,  $100\% - 45\% = 55\%$  ta'a.

### 3.5 BAAYI'SUU FI HIRUU FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTAA

Wayitti kennname: Wayitii 11

#### Kaayyoowwan

- ⌚ Xumura mata duree kanaan booda, barattoonni
- ⌚ firaakshinoota waliin ni baay'isu
- ⌚ deesimaalota waliin ni baay'isu
- ⌚ firaakshinootaa fi deesimaalota waliin ni baay'isu
- ⌚ firaakshinii, firaakshinii biraaf ni hiru
- ⌚ deesimaalii, deesimaaliif ni hiru
- ⌚ lakkoofsa lakkaawwii tokko mallatloo saayinsawaa tiin ni ibsu.

#### Seensa

Mata dureen kun baay'isuu fi hiruu firaakshinootaa irratti xiyyeffata. Mata dureen kun goleewan Lamatti qoodameera. Inni jalqabaa, 3.5.1, waa'ee baay'isuu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti xiyyeffata. Inni Lammaffaan, 3.5.2 ammoo waa'ee hiruu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti xiyyeffata.

## Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuuf gargaaru

Golee jalqabaatiif barattoonni waa'ee gabatee baay'isuu laccofsota hundaa, baay'isuu firaakshinootaa, baay'isuu deesimaalotaa kan kutaalee gadi aanan keessatti baratan yaadachuu qabu. Golee isa lammaffaaf ammo hiruu laccofsota hundaa, hiruu firaakshinootaa, hiruu deesimaalotaa yaadachuu qabu. Kana malees golee lamaan keessatti ciminaan hirmaachuu qabu.

### 3.5.1 Firaakshinootaa fi Deesimaalotaa baay'isuu

Golee kana jalqabuuf, barattoonni kutaalee gadi aanan keessatti baay'isuu laccofsota hundaa barachuu isaani yaadachisi. Laccofsota hundaa dijiitii 3 qaban lama akka walitti baay'isan kennif. Itti aansuun barattoonni **gocha** 3.9 akka hojjetan taasisi. wayitii barattoonni gocha kana hojjetan daree keessa adeemuun gargaari. Akka cimanii hojjetaniif jajjabeessi. Yeroo muraasa booda barattoonni gaaffiwwan kana fulduratti bahanii akka hojjetaniif haala mijeessi. Ergasii deebii gaaffilee gocha kana keessaaf kenni. Itti aansuun waa'ee baay'isuu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti ibsa kenni. Ibsaa kee kana fakkeenya 1 fi fakkeenya 2 kitaaba barataa irratti kennameen cimsi.

Kanuma waliin haala walqabateen, jechi "kan" jedhu herrega keessatti baay'isuu akka ibsu barattoota hubachiisuun fakkeenyan cimsi.

### Madaallii

Barattoota wayitii isaan gaaffii gocha 3.9 keessaa hojjetan madaali. Hojii darees kenni. Kana malees gilgaala 3.8 akka hojii manatti kennuun soroorsi.

### Deebii Gocha 3.9

1. a. Danaan kenname gartokkeewwan walqixa ta'an 4 tti qoodamee jira.  
 b. Eeyyee  $\frac{1}{2}$   
 c. Eeyyee  $\frac{1}{4}$   
 d. Walakkaa kan walakkaa waan ta'eef,  $\frac{1}{2} \times \frac{1}{2} = \frac{1}{4}$  ta'a.
2. a. "kan" jechuun herrega keessatti baay'isuu ibsa.  
 a.  $\frac{1}{2} \times 2 = \frac{2}{2} = 1$       e.  $\frac{1}{2} \times \frac{3}{4} = \frac{3}{8}$   
 b.  $\frac{1}{2} \times \left(\frac{1}{2}\right) = \frac{1}{4}$       f.  $\frac{1}{2} \times \frac{5}{6} = \frac{5}{12}$   
 c.  $\frac{1}{2} \times \frac{1}{3} = \frac{1}{6}$       g.  $\frac{1}{2} \times \frac{2}{3} = \frac{2}{6}$   
 d.  $\frac{1}{2} \times \frac{1}{4} = \frac{1}{8}$       h.  $\frac{1}{2} \times \frac{6}{5} = \frac{6}{10} = \frac{3}{5}$

3. a.  $\frac{1}{4} \times \frac{2}{15} = \frac{2}{60} = \frac{1}{30}$       b.  $\frac{1}{4} \times \frac{1}{6} = \frac{1}{24}$

c.  $\frac{1}{4} \times \frac{2}{5} = \frac{2}{20} = \frac{1}{10}$       d.  $\frac{1}{4} \times \frac{5}{8} = \frac{5}{32}$

e.  $\frac{1}{4} \times \frac{10}{9} = \frac{10}{36} = \frac{5}{18}$

4.  $\frac{2}{3}$  kan 60,  $\frac{2}{3} \times 60 = \frac{120}{3} = 40$

5.  $\frac{2}{3}$  kan 45,  $\frac{2}{3} \times 45 = \frac{90}{3} = 30$

6. a. Jalqaba irratti 342 fi 2 waliin baay'isi.

$$342 \times 2 = 684$$

Tuqaa deesimaalii booda dijiitii 3 tu jira.

$$\text{Kanaaf, } 0.342 \times 2 = 0.684$$

b. Jalqaba irratti 213 fi 2 waliin baay'isi.

$$213 \times 2 = 426$$

Tuqaa deesimaalii booda dijiitota 4 kan jalqabaa keessaa jira

$$\text{Kanaaf, } 0.0213 \times 2 = 0.0246 \text{ ta'a.}$$

c. Jalqaba 412 fi 21 waliin baay'isi.

$$412 \times 21 = 8652$$

Tuqaa deesimaalii booda dijiitota 5 tu jira.

(3 kan jalqabaa keessaa, 2 kan Lammaffaa keessaa)

$$\text{Kanaaf, } 0.412 \times 0.21 = 0.08652$$

7. Atileetichi guyyaa guyyaadhaan, guyyoota shaniif aannan litira  $\frac{3}{4}$  dhuga.

Kanaaf, Atileetin kun torbanitti aannan liitira  $\frac{3}{4} + \frac{3}{4} + \frac{3}{4} + \frac{3}{4} + \frac{3}{4} = 5 \times \frac{3}{4} = \frac{15}{4}$  dhuga.

### Deebii Gilgaala 3.8

1. a.  $\frac{1}{2} \times \frac{2}{3} = \frac{1 \times 2}{2 \times 3} = \frac{2}{6} = \frac{1}{3}$       b.  $\frac{1}{6} \times \frac{12}{13} = \frac{1 \times 12}{6 \times 13} = \frac{12}{78} = \frac{2}{13}$

c.  $\frac{27}{11} \times \frac{11}{27} = \frac{297}{297} = 1$       d.  $\frac{35}{13} \times \frac{13}{35} = \frac{35 \times 13}{13 \times 35} = \frac{455}{455} = 1$

e.  $\frac{20}{9} \times \frac{7}{10} = \frac{140}{90} = \frac{14}{9}$       f.  $\frac{3}{5} \times \frac{15}{18} = \frac{3 \times 15}{5 \times 18} = \frac{45}{90} = \frac{1}{2}$

g.  $\frac{10}{143} \times \frac{143}{27} = \frac{10 \times 143}{143 \times 27} = \frac{10}{27} \times \frac{143}{143} = \frac{10}{27} \times 1 = \frac{10}{27}$

h.  $\frac{8}{17} \times \frac{51}{64} = \frac{8 \times 51}{17 \times 64} = \frac{408}{1088} = \frac{3}{8}$

i.  $2\frac{2}{3} \times \frac{6}{7}$

Jalqaba firaakshinii  $2\frac{2}{3}$  gara firaakshinii sirriitti jijiiri.

Kanaaf,  $2\frac{2}{3} = 2 + \frac{2}{3} = \frac{2 \times 3 + 2}{3} = \frac{6 + 2}{3} = \frac{8}{3}$ .

Kanaaf,  $2\frac{2}{3} \times \frac{6}{7} = \frac{8}{3} \times \frac{6}{7} = \frac{48}{21} = \frac{16}{7}$ .

j.  $2\frac{2}{5} \times 2\frac{1}{2}$

Jalqaba firaakshinoota lamaan gara firaakshinii sirriitti jijiiri.

Kanaaf,  $2\frac{2}{5} = 2 + \frac{2}{5} = \frac{2 \times 5 + 2}{5} = \frac{10 + 2}{5} = \frac{12}{5}$  fi

$2\frac{1}{2} = 2 + \frac{1}{2} = \frac{2 \times 2 + 1}{2} = \frac{4 + 1}{2} = \frac{5}{2}$

Kanaaf,  $2\frac{2}{5} \times 2\frac{1}{2} = \frac{12}{5} \times \frac{5}{2} = \frac{12 \times 5}{5 \times 2} = \frac{60}{10} = 6$

2. a.  $0.75 \times 0.32$

Tarkaanfii 1: Jalqaba 75 fi 32 waliin baay'isi.

$$75 \times 32 = 2400$$

Tarkaanfii 2: Tuqaa deesimaalii booda dijiitota 4 tu jira (2 kan jalqabaa keessaa, 2 kan lammataa keessaa).

Tarkaanfii 3:  $0.75 \times 0.32 = 0.2400$

b.  $0.59 \times 0.13$

Tarkaanfii 1: Jalqaba 59 fi 13 waliin baay'isi.

$$59 \times 13 = 767$$

Tarkaanfii 2: Tuqaa deesimaalii booda dijiitota jiran lakkaa'i. Tuqaa deesimaalii booda dijiitota 4 tu jira.

Tarkaanfii 3:  $0.59 \times 0.13 = 0.0767$

c. Tarkaanfii 1:  $612 \times 2 = 1224$

Tarkaanfii 2: Tuqaa deesimaalii booda dijiitota jiran lakkaa'i.  
Tuqaa deesimaalii booda dijiitota 5 tu jira.

Tarkaanfii 3:  $0.612 \times 0.02 = 0.01224$

d. Haaluma armaan oliitiin,  $0.861 \times 0.121 = 0.104181$ .

3. a.  $0.75 \times \frac{2}{3} = \frac{0.75 \times 100}{100} \times \frac{2}{3} = \frac{75}{100} \times \frac{2}{3} = \frac{150}{300} = \frac{1}{2}$
- b.  $0.5 \times \frac{1}{2} = \frac{0.5 \times 10}{10} \times \frac{1}{2} = \frac{5}{10} \times \frac{1}{2} = \frac{5}{20} = \frac{1}{4}$
- c.  $0.625 \times \frac{1}{4} = \frac{0.625 \times 1000}{1000} \times \frac{1}{4} = \frac{625}{1000} \times \frac{1}{4} = \frac{625}{4000} = \frac{25}{160} = \frac{5}{32}$
- d.  $0.5 \times \frac{21}{20} = \frac{0.5 \times 10}{10} \times \frac{21}{20} = \frac{5}{10} \times \frac{21}{20} = \frac{105}{200} = \frac{21}{40}$
- e.  $0.35 \times \frac{1}{7} = \frac{0.35 \times 100}{100} \times \frac{1}{7} = \frac{35}{100} \times \frac{1}{7} = \frac{35}{700} = \frac{1}{20}$
4. a. Dhibbeentaa 10 = 10% =  $\frac{10}{100} = \frac{1}{10}$   
 Kanaaf, Dhibbeentaan 10 kan 60,  $\frac{1}{10} \times 60 = 6$  ta'a.
- b.  $\frac{5}{9}$  kan 27 =  $\frac{5}{9} \times 27 = \frac{135}{9} = 15$
- c.  $\frac{4}{5}$  kan  $\frac{2}{7} = \frac{4}{5} \times \frac{2}{7} = \frac{8}{35}$
- d. Baay'ataan  $\frac{4}{5}$  fi  $\frac{15}{16}$ , =  $\frac{4}{5} \times \frac{15}{16} = \frac{4 \times 15}{5 \times 16} = \frac{60}{80} = \frac{3}{4}$

### 3.5.2 Deesimaalotaa fi firaakshinoota hiruu

Golee kana gocha 3.10 niin jalqabi. Wayitii barattoonni gocha kana hojjetan daree keessa adeemuun hojii isaanii madaali. Jajjabeessi. Gocha kana hojjetanii erga xumuranii booda, barattoonni tokko tokko fulduratti bahuun gabatee gurraacha irratti akka hojjetan taasisi.

Achiin booda waa'ee hiruu firaakshinootaa, hiruu deesimaalotaa irratti ibsa godhi. Ibsa kee kana fakkeenya 4, 5 fi 6 golee kana jalatti, kitaaba barataa irratti kenname fayyadamuun cimsi.

Mallatoo saayinsawaa jechuun maal jechuu akka ta'e erga ibsitee booda, lakkofsa kenname tokko mallatoo saayinsawaatiin akka barreessaniif gargaari. Kana cimsuuf fakkeenya 7 kitaaba barataa irratti kenname fayyadami.

### Madaallii

Akkuma baratameen barattoota wayitii isaan gocha hojjetan madaali. Kana malees gilgaala 3.9 akka hojii manatti kennuun madaali.

**Deebii gocha 3.10**

1. Eeyyee  $\frac{1}{2}$  kan  $\frac{1}{2} = \frac{1}{2} \times \frac{1}{2} = \frac{1}{4}$   
 $\frac{1}{4}$  lakkofsa walakkaa walakkaa ibsu dha.
2.  $\frac{1}{4} = \frac{1}{2}$  kan  $\frac{1}{2}$
3.  $\frac{1}{2} \div \frac{2}{5} = 0.5 \div 0.4 = 1.25$
4.  $\frac{1}{2} \times \frac{5}{2} = \frac{5}{4} = 1.25$
5. Walqixa dha. Eeyyee  $\frac{1}{2} \div \frac{2}{5} = \frac{1}{2} \times \frac{5}{2} = \frac{5}{4}$
6. a.  $\frac{12}{25} \div \frac{4}{5} = 0.48 \div 0.8$   
 $= \frac{0.48}{0.8} = \frac{0.48 \times 100}{0.8 \times 100} = \frac{48}{80} = \frac{6}{10} = \frac{3}{5}$   
b.  $\frac{12}{25} \times \frac{5}{4} = \frac{60}{100} = \frac{6}{10} = \frac{3}{5}$   
c.  $\frac{12}{25} \div \frac{4}{5} = \frac{12}{25} \times \frac{5}{4}$
7.  $0.125 \div 0.35 = \frac{0.125}{0.35} = \frac{0.125 \times 1000}{0.35 \times 1000} = \frac{125}{350} = \frac{5}{14}$

**Deebii Gilgaala 3.9**

1. a.  $\frac{1}{5} \div \frac{3}{10} = \frac{1}{5} \times \frac{10}{3} = \frac{10}{15} = \frac{2}{3}$       b.  $\frac{3}{4} \div \frac{1}{3} = \frac{3}{4} \times \frac{3}{1} = \frac{9}{4}$   
c.  $\frac{3}{4} \div \frac{1}{6} = \frac{3}{4} \times \frac{6}{1} = \frac{18}{4} = \frac{9}{2}$   
d.  $2 \div 1\frac{1}{3}$

Duraan dursa firaakshinii makaa  $1\frac{1}{3}$  gara firaakshinii sirriitti jijiiri.

$$1\frac{1}{3} = 1 + \frac{1}{3} = \frac{3+1}{3} = \frac{4}{3}$$

$$\text{Kanaaf, } 2 \div 1\frac{1}{3} = 2 \div \frac{4}{3} = 2 \times \frac{3}{4} = \frac{6}{4} = \frac{3}{2}$$

$$\text{e. } 3\frac{1}{2} \div \frac{1}{3}$$

Jalqaba firaakshinii makaa  $3\frac{1}{2}$  gara firaakshinii sirriitti jijiiri.

$$3\frac{1}{2} = 3 + \frac{1}{2} = \frac{3 \times 2 + 1}{2} = \frac{6 + 1}{2} = \frac{7}{2}$$

$$\text{Kanaaf, } 3\frac{1}{2} \div \frac{1}{3} = \frac{7}{2} \div \frac{1}{3} = \frac{7}{2} \times \frac{3}{1} = \frac{7 \times 3}{2} = \frac{21}{2}$$

$$\text{f. } \frac{7}{10} \div \frac{3}{20} = \frac{7}{10} \times \frac{20}{3} = \frac{7 \times 20}{10 \times 3} = \frac{140}{30} = \frac{14}{3}$$

$$\text{g. } 6 \div \frac{1}{2} = 6 \times \frac{2}{1} = 12.$$

$$2. \quad \text{a. } 2.3 \div 10$$

$$\text{Jalqaba } 2.3 = \frac{2.3 \times 10}{10} = \frac{23}{10}$$

$$\text{Kanaaf } 2.3 \div 10 = \frac{23}{10} \div 10 = \frac{23}{10} \times \frac{1}{10} = \frac{23}{100}$$

$$\text{b. } 3.6 \div 100 = 3.6 \times \frac{1}{100} = \frac{3.6}{100} = 0.036$$

$$\text{c. } 9.6 \div 0.96$$

$$\frac{9.6}{0.96} = \frac{9.6 \times 100}{0.96 \times 100} = \frac{960}{96} = 10$$

$$\text{d. } 3.2 \div 4$$

$$\frac{32}{10} \div 4$$

$$\frac{32}{10} \times \frac{1}{4} = \frac{32}{40} = \frac{4}{5} = 0.8$$

$$\text{e. } 0.354 \div 5.004 = \frac{0.354}{5.004} = \frac{0.354 \times 1000}{5.004 \times 1000} = \frac{354}{5004}$$

$$\text{f. } 0.042 \div 6 = 0.042 \times \frac{1}{6}$$

$$= \frac{0.042}{6} = \frac{0.042 \times 1000}{6 \times 1000} = \frac{42}{6000} = \frac{21}{3000} = \frac{7}{1000}$$

$$\text{g. } 52.5 \div 5.5 = \frac{52.5}{5.5} = \frac{52.5 \times 10}{5.5 \times 10} = \frac{525}{55} = \frac{105}{11}$$

3. a.  $0.4 \div \frac{1}{4} = 0.4 \times \frac{4}{1} = 1.6$
- b.  $\frac{1}{2} \div \frac{3}{5} = \frac{1}{2} \times \frac{5}{3} = \frac{5}{6}$
- c.  $\frac{4}{7} \div \frac{16}{21} = \frac{4}{7} \times \frac{21}{16} = \frac{84}{112} = \frac{3}{4}$
- d.  $5 \div 2.5 = \frac{5}{2.5} = \frac{5 \times 10}{2.5 \times 10} = \frac{50}{25} = 2$
- e.  $1.25 \div 0.05 = \frac{1.25}{0.05} = \frac{1.25 \times 100}{0.05 \times 100} = \frac{125}{5} = 25$
- f.  $0.25 \div 0.75 = \frac{0.25}{0.75} = \frac{0.25 \times 100}{0.75 \times 100} = \frac{25}{75} = \frac{1}{3}$
- g.  $10 \div \frac{1}{5} = 10 \times \frac{5}{1} = 50$
- h.  $\frac{4}{5} \div \frac{2}{5} = \frac{4}{5} \times \frac{5}{2} = \frac{4 \times 5}{5 \times 2} = \frac{20}{10} = 2$
- i.  $\frac{2}{3} \div \frac{16}{24} = \frac{2}{3} \times \frac{24}{16} = \frac{48}{48} = 1$
4. a.  $35 = 3.5 \times 10$
- b.  $105 = 1.05 \times 100 = 1.05 \times 10^2$
- c.  $2005 = 2.005 \times 1000 = 2.005 \times 10^3$
- d.  $191 = 1.91 \times 100 = 1.91 \times 10^2$
- e.  $8900 = 8.9 \times 1000 = 8.9 \times 10^3$

### Deebii gilgaala waliigala Boqonaa 3

1. a.  $\frac{3}{6} = \frac{1}{2}$       b.  $\frac{2}{5}$       c.  $\frac{2}{6} = \frac{1}{3}$
2. a.  $\frac{18}{10}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (18, 10) = 2

**Tarkaanfii 2:** 18, 2'f yoo hirtu, firiin argattu 9 ta'a.

**Tarkaanfii 3:** 10, 2'f yoo hirtu, firiin argattu 5 ta'a.

**Tarkaanfii 4:** firaakshinii haaraan  $\frac{9}{5}$  ta'a.

Kanaaf,  $\frac{18}{10} = \frac{9}{5}$

b.  $\frac{24}{42}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (24, 42) = 6

**Tarkaanfii 2:** 24, 6'f yoo hirtu firiin argattu 4 dha.

**Tarkaanfii 3:** 42, 6'f yoo hirtu firiin argattu, 7 dha.

**Tarkaanfii 4:** Firaakshinii haraan,  $\frac{4}{7}$  ta'a.

Kanaaf,  $\frac{24}{42} = \frac{4}{7}$

c.  $\frac{9}{36}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (9, 36) = 9

**Tarkaanfii 2:** 9, 9'f yoo hirtu firiin argattu 1 dha.

**Tarkaanfii 3:** 36, 9'f yoo hirtu, firiin argattu 4 dha.

**Tarkaanfii 4:** firaakshinii haaraan,  $\frac{1}{4}$  ta'a.

Kanaaf,  $\frac{9}{36} = \frac{1}{4}$ .

d.  $\frac{55}{77}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (55, 77) = 11

**Tarkaanfii 2:** 55, 11'f yoo hirtu, firiin argattu, 5 dha.

**Tarkaanfii 3:** 77, 11'f yoo hirtu firiin argattu, 7 dha.

**Tarkaanfii 4:** Firaakshinii haaraan  $\frac{5}{7}$  dha.

Kanaaf,  $\frac{55}{77} = \frac{5}{7}$  ta'a.

e.  $\frac{21}{28}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (21, 28) = 7

**Tarkaanfii 2:** 21, 7'f, yoo hirtu firiin argattu, 3 dha.

**Tarkaanfii 3:** 28, 7'f, yoo hirtu firiin argattu, 4 dha.

**Tarkaanfii 4:** firaakshinii haaraan,  $\frac{3}{4}$  dha.

Kanaaf,  $\frac{21}{28} = \frac{3}{4}$

f.  $\frac{48}{84}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (48, 84) = 12

**Tarkaanfii 2:** 48, 12'f yoo hirtu, firiin argattu, 4 dha.

**Tarkaanfii 3:** 84, 12'f yoo hirtu firiin argattu 7 dha.

**Tarkaanfii 4:** firaakshinii haaraan  $\frac{4}{7}$

Kanaaf,  $\frac{48}{84} = \frac{4}{7}$

g.  $\frac{18}{20}$

**Tarkaanfii 1:** HWG (18, 20) = 2

**Tarkaanfii 2:** 18, 2'f yoo hirtu, firiin argattu 9 dha.

**Tarkaanfii 3:** 20, 2'f yoo hirtu, firiin argattu 10 dha.

**Tarkaanfii 4:** Firaakshinii haaraan,  $\frac{9}{10}$

Kanaaf,  $\frac{18}{20} = \frac{9}{10}$

3. a. HWG (15, 20) = 5 ≠ 1 waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{15}{20}$  firaakshinii salphaa miti.
- b. HWG (6, 9) = 3 ≠ 1, waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{6}{9}$  firaakshinii salphaa miti.
- c.  $\frac{1}{3}$  firaakshinii salphaa dha. Sababni isaas, HWG (1, 3) = 1.
- d.  $\frac{13}{24}$  firaakshinii salphaa dha. Sababni isaas, HWG (13, 24) = 1.
- e. HWG (64, 72) = 8 ≠ 1, waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{64}{72}$  firaakshinii salphaa miti.
- f.  $\frac{14}{15}$  firaakshinii salphaa dha. Sababni isaas HWG (14, 15) = 1.
- g.  $\frac{9}{100}$  firaakshinii salphaa dha. Sababni isaas, HWG (9, 100) = 1.
- h.  $\frac{5}{6}$  firaakshinii salphaa dha. Sababni isaas, HWG (5, 6) = 1.
- i. HWG (39, 52) = 13 ≠ 1 waan ta'eef, firaakshinii  $\frac{39}{52}$  firaakshinii salphaa miti.

4.

	Deesimaala	Firaakshinii	Dhibbeentaa
a	0.2	$\frac{1}{5}$	20%
b	0.4	$\frac{2}{5}$	40%
c	0.51	$\frac{51}{100}$	51%
d	3.25	$\frac{13}{4}$	325%
e	0.85	$\frac{17}{20}$	85%
f	0.08	$\frac{2}{25}$	8%
g	0.35	$\frac{7}{20}$	35%
h	0.125	$\frac{1}{8}$	12.5%
i	0.625	$\frac{5}{8}$	62.5%
j	1.00	1	100%
k	0.375	$\frac{3}{8}$	37.5%

5.

a.  $\frac{1}{10} = 0.1 ; \frac{0.1 \times 10}{10 \times 10} = \frac{10}{100} = 0.1$

b.  $\frac{8}{10} = 0.8 ; \frac{8 \times 10}{10 \times 10} = \frac{80}{100} = 0.8$

c.  $\frac{4}{10} = \frac{4 \times 10}{10 \times 10} = \frac{40}{100} = 0.4$

d.  $\frac{3}{5} = \frac{3 \times 20}{5 \times 20} = \frac{60}{100} = 0.6$

e.  $\frac{19}{20} = \frac{19 \times 5}{20 \times 5} = \frac{95}{100} = 0.95$

f.  $\frac{3}{50} = \frac{3 \times 2}{50 \times 2} = \frac{6}{100} = 0.06$

g.  $\frac{39}{50} = \frac{39 \times 2}{50 \times 2} = \frac{78}{100} = 0.78$

h.  $\frac{17}{25} = \frac{17 \times 4}{25 \times 4} = \frac{68}{100} = 0.68$

6.

a.  $15.5\% = \frac{15.5}{100} = \frac{15.5 \times 10}{100 \times 10} = \frac{155}{1000} = \frac{31}{200}$

b.  $7.5\% = \frac{7.5}{100} = \frac{7.5 \times 10}{100 \times 10} = \frac{75}{1000} = \frac{3}{40}$

c.  $0.5\% = \frac{0.5}{100} = \frac{0.5 \times 10}{100 \times 10} = \frac{5}{1000} = \frac{1}{200}$

d.  $17.3\% = \frac{17.3 \times 10}{100 \times 10} = \frac{173}{1000}$

e.  $45\% = \frac{45}{100} = \frac{9}{20}$

f.  $0.05\% = \frac{0.05}{100} = \frac{0.05 \times 100}{100 \times 100} = \frac{5}{10000} = \frac{1}{2000}$

7.

a.  $\frac{19}{100} = 19\%$

b.  $\frac{43}{100} = 43\%$

c.  $\frac{7}{10} = \frac{7 \times 10}{10 \times 10} = \frac{70}{100} = 70\%$

d.  $\frac{19}{25} = \frac{19 \times 4}{25 \times 4} = \frac{76}{100} = 76\%$

e.  $\frac{7}{20} = \frac{7 \times 5}{20 \times 5} = \frac{35}{100} = 35\%$

8.

a.  $\frac{1}{4} < \frac{1}{2} < \frac{2}{3} < \frac{3}{4}$

c.  $\frac{7}{10} < \frac{7}{9} < \frac{3}{4} < \frac{5}{6}$

b.  $\frac{1}{2} < \frac{4}{7} < \frac{5}{8} < \frac{3}{4}$

d.  $\frac{1}{4} < \frac{7}{20} < \frac{9}{25}$

9.

a.  $\frac{4}{5} > \frac{7}{10} > \frac{1}{2} > \frac{2}{5}$

b.  $\frac{3}{4} > \frac{5}{8} > \frac{3}{5} > \frac{1}{2}$

c.  $\frac{4}{6} > \frac{7}{12} > \frac{1}{2} > \frac{9}{20}$

10. a.  $1\frac{1}{2} + \frac{4}{9}$

Duraan dursa firaakshinii makaa  $1\frac{1}{2}$  gara firaakshinii sirriitti jijjiiri.

$$1\frac{1}{2} = 1 + \frac{1}{2} = \frac{2+1}{2} = \frac{3}{2}$$

$$\text{Kanaaf, } 1\frac{1}{2} + \frac{4}{9} = \frac{3}{2} + \frac{4}{9} = \frac{3 \times 9 + 2 \times 4}{2 \times 9} = \frac{27+8}{18} = \frac{35}{18}$$

b.  $2 + \frac{5}{8} + \frac{7}{8} = \left(2 + \frac{5}{8}\right) + \frac{7}{8}$   
 $= \frac{2 \times 8 + 5}{8} + \frac{7}{8} = \frac{16 + 5}{8} + \frac{7}{8} = \frac{21}{8} + \frac{7}{8} = \frac{21 + 7}{8} = \frac{28}{8} = \frac{14}{4}$

c.  $\frac{1}{4} + \frac{1}{3} + \frac{1}{2} = \left(\frac{1}{4} + \frac{1}{3}\right) + \frac{1}{2}$   
 $= \frac{1 \times 3 + 4 \times 1}{4 \times 3} + \frac{1}{2}$   
 $= \frac{3 + 4}{12} + \frac{1}{2}$   
 $= \frac{7}{12} + \frac{1}{2}$   
 $= \frac{7 \times 2 + 12 \times 1}{12 \times 2} = \frac{14 + 12}{24} = \frac{26}{24} = \frac{13}{12}$

d.  $3\frac{2}{3} - 1\frac{3}{4}$

Firaakshinoonni lamaanuu firaakshinii makaa waan ta'aniif, firaakshinoota kana gara firaakshinii sirriitti jijiiri.

$$3\frac{2}{3} = 3 + \frac{2}{3} = \frac{3 \times 3 + 2}{3} = \frac{9 + 2}{3} = \frac{11}{3}$$

$$1\frac{3}{4} = 1 + \frac{3}{4} = \frac{1 \times 4 + 3}{4} = \frac{4 + 3}{4} = \frac{7}{4}$$

Kanaaf,  $3\frac{2}{3} - 1\frac{3}{4} = \frac{11}{3} - \frac{7}{4} = \frac{11 \times 4 - 3 \times 7}{3 \times 4} = \frac{44 - 21}{12} = \frac{23}{12}$

e.  $\frac{3}{4} - \frac{1}{4} = \frac{3-1}{4} = \frac{2}{4} = \frac{1}{2}$

f.  $\frac{3}{4} - \frac{3}{8} = \frac{3 \times 8 - 4 \times 3}{4 \times 8} = \frac{24 - 12}{32} = \frac{12}{32} = \frac{3}{8}$

g.  $\frac{7}{10} - \frac{3}{5} = \frac{7 \times 5 - 10 \times 3}{10 \times 5} = \frac{35 - 30}{50} = \frac{5}{50} = \frac{1}{10}$

h.  $\frac{3}{4} \times \frac{5}{5} = \frac{15}{20} = \frac{3}{4}$

i.  $\frac{7}{6} \times \frac{2}{5} = \frac{7 \times 2}{6 \times 5} = \frac{14}{30} = \frac{7}{15}$

j.  $\frac{3}{5} \times \frac{25}{6} = \frac{3 \times 25}{5 \times 6} = \frac{75}{30} = \frac{15}{6} = \frac{5}{2}$

k.  $\frac{2}{3} \times \frac{6}{5} \times \frac{15}{2} = \frac{2 \times 6 \times 15}{3 \times 5 \times 2} = \frac{12 \times 15}{30} = \frac{180}{30} = 6$

l.	$1.27 + 5.063$	$m. \quad 4.5 + 1.83$
	$\begin{array}{r} + 1.270 \\ \hline 5.063 \end{array}$	$\begin{array}{r} + 4.50 \\ \hline 1.83 \end{array}$
	$6.333$	$6.33$
		$\begin{array}{r} + 0.009 \\ \hline 0.435 \end{array}$
		$0.444$

o.	$4.063 - 1.27$	$p. \quad 4.5 - 1.83$
	$\begin{array}{r} - 4.063 \\ \hline 1.270 \end{array}$	$\begin{array}{r} - 4.50 \\ \hline 1.83 \end{array}$
	$2.793$	$2.67$
		$\begin{array}{r} + 1.000 \\ \hline 0.999 \end{array}$
		$0.001$

r.  $6.3 \times 0.9$

Tarkaanfii 1:  $63 \times 9 = 567$

Tarkaanfii 2: Tuqaa deesimaalii booda dijiitota jiran lakkaa'i. kanaaf tuqaa deesimaalii booda dijiitota 2 tu jira.

Kanaaf,  $6.3 \times 0.9 = 5.67$

s.  $0.4 \times 0.3 \times 0.028 = (0.4 \times 0.3) \times 0.028 = (0.12) \times (0.028) = 0.00336$

11. a.

$3\frac{1}{2}$	a	b
c	5	3
d	e	$6\frac{1}{2}$

Haala kenname irraa dalgeen, oleen fi sarbiwwan hundinuu ida'amni isaanii wal qixa dha.

$$\begin{aligned} 3\frac{1}{2} + 5 + 6\frac{1}{2} &= 3.5 + 5 + 6.5 \\ &= 15 \end{aligned}$$

Kanaaf, ida'amni dalgeewwanii, sarbiwwanii fi naqa (ookeewwanii) 15 ta'au qaba.

Kana waan ta'eef,  $b + 3 + 6.5 = 15$

$$b + 9.5 = 15 = 15 - 9.5$$

$$b = 5.5 = 5\frac{1}{2}$$

Ammas,  $3\frac{1}{2} + a + b = 15$

$$3.5 + a + 5.5 = 15 \quad b = 5.5 \text{ waan ta'eef}$$

$$3.5 + 5.5 + a = 15$$

$$9 + a = 15$$

$$a = 15 - 9$$

$$a = 6$$

$c + 5 + 3 = 15$	$3\frac{1}{2} + c + d = 15$	$d + e + 6\frac{1}{2} = 15$
$c + 8 = 15$	$3.5 + 7 + d = 15$	$4.5 + e + 6.5 = 15$
$c = 15 - 8$	$10.5 + d = 15$	$4.5 + 6.5 + e = 15$
<b>c = 7</b>	$d = 15 - 10.5$	$11 + e = 15$
	$d = 4.5 = 4\frac{1}{2}$	$e = (5 - 1)$
		$e = 4$

Kanaaf Iskuweeriin majikiin kun haala armaan gadiin kaa'ameera

$3\frac{1}{2}$	6	$5\frac{1}{2}$
7	5	3
$4\frac{1}{2}$	4	$6\frac{1}{2}$

# BOQONNAA 4 INTIIJAROOТА

## SEENSA

Intiijaronni lakkofsota nuti jirenya guyyaa guyyaa keessatti fayyadamuu fi kan wa'ee isaanii sirriitti baruu qabnu dha.

Kaayyoon boqonnaa kanaa, waa'ee intiijarootaa, intiijaroota pozatiivii, intiijaroota negaatiivii, masaanuu lakkofsostaa, sarara lakkofsaa fi maallattoowwan lakkofsota fulduratti itti fayyadamnu barattoota waliin wal barsiisuu dha. Barattooni yaad-rimee intiijarootaa waliin yoo walitti dhufan, kun yeroo jalqabaatiif waan ta'eef, barattoota hubachiisuuf tattaaffii fi hojii cimaan hojjetamuu qaba. Keessumayyuu fakkeenyota irra deddeebi'anii hojjechuun baay'ee barbaachisaa dha.

Kana malees boqonnichi barattooni intiijaroota xiqqaa irraa gara guddaattii fi guddaa irraa gara xiqlaatti tartibessuu akka danda'aniif gargaarsa gochuu irratti xiyyeffata. Kanaaf barattooni haala intiijaroota mallaattoon isaanii tokko ta'ee ida'uun fi hir'isuu akkasumas tartibessuu irratti gargaaramuu qabu. Kanamalees barattooni yaad-rimee intiijarootaa jirenya guyyaa guyyaa waliin wal qabsiifachuu fi ittiin hojjechuu akka danda'aniif gargaaramuu qabu. Boqonnaan kun mata dureewwan adda addaa kan waa'ee intiijaroota pozatiivii, intiijaroota nagatiivii, intiijaroota waliin madaaluuf tartibessuu fi intiijaroota sarara lakkofsota irratti agarsiisuu irratti kan xiyyeffatan qabatee jira.

### Kaayyoo Gooro Boqonnaa

*Boqonnaa kana erga xumuraniin booda ,barattooni :*

- ⌚ *hiikoo tuuta intiijarootaa ni kennu.*
- ⌚ *garaagarummaa lakkofsota hundaa, lakkofsota lakkaawwii fi intiijaroota gidduu jiru adda ni baasu.*
- ⌚ *hiikoo intiijaroota pozatiivii fi nagatiivii ni kennu.*
- ⌚ *intiijaroota walitti ni ida'u.*
- ⌚ *intiijaroota wal irraa ni hir'isu.*
- ⌚ *intiijaroota sarara lakkofsota irratti ni agarsiisu.*
- ⌚ *intiijaroota ni wal madaalchisu.*
- ⌚ *intiijaroota xiqqaa irraa gara guddaatti yookiin guddaa irraa gara xiqlaatti ni tartibessu.*

## Meeshaalee deggarsa barnootaa boqonnaa 4<sup>ffaa</sup> tiif barbaachisan.

- *termoomeetirii (meeshaa hoo'insa fi qorriinsa safaru).*
- *chartii intiijaroota sarara lakkoofsaa irratti ibsu.*
- *silabasii kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa*

## 4.1 SEENSA INTIIJAROOTAA

**Wayitii kenname: wayitii 5**

### Kaayyoowwan

**Dhuma mata duree kanaan booda, barattoonni:**

- ⌚ *hiikoo intiijarootaa ni kenu.*
- ⌚ *"itiijarii" jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu.*
- ⌚ *yaad-rime intiijarootaa jirenya guyyaa guyyaa waliin ni wal qabsiifatu.*

**Jechoota ijoo:** Intiijaroota, mallatoo pozatiivii, mallatoo nagatiivii, masaanuu

### Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru

Hiikoo intiijarootaa (hikoo 4.1 kan kitaaba barataa irraa) otoo hin kenniin dura, barattoonni gocha 4.1 kan kitaaba barataa irratti kenname akka hojjetan taasisi. Kan waliin walqabiisuun fakkeenyota adda addaa kan waa'ee faallaa, argachuu fi dhabuu, k.k.f barattoonni akka hubatan godhi. Wayitii barattoonni gocha 4.1 hojjetan daree keessa adeemuun hojii isaanii hordofii jajjabeessi. Gaaffiwwan gocha kana keessaa irratti ibsa akka waliif kennaniif jajjabeessi.

Itti aansuun barattoonni waa'ee lakkoofsota lakkaawwii akka yaadatan gochuun, lakkoofsi lakkoofsa lakkaawwii hin taane kan waan homaa hin qabne ibsuuf itti gargaaramun yoo jiraate barattoonni akka siif ibsan gaafadhu. Kana waliin wal qaabsiisuun barbaachisumaa zero ibsi. Erga kana gootee booda hiikoo intiijarootaa kan kitaaba barataa irratti kennama barattootaaf ibsi. Jirenya guyyaa guyyaa keessatti waan fayyadamnu waliin akka wal qabsiifachuu danda'aniif fakkeenyaa ibsi. Fakkeenyota warreen kitaaba barataa irratti kennamaniin alatti fakkeenyota armaan gadii dabalataan fayyadamuu dandeessa.

### Fakkeenya 1

Haalota jiruu fi jirenya guyyaa guyyaa keessatti fayyadamnu kan intiijarootaan ibsaman kan akka

- Qarshii argachuu fi qarshii baasuu
- Ol ka'insa yookiin gadi bu'insa Tempireecherii (hoo'insa fi qorriinsaa)

Barattoonni kees fakkeenyota akkasii akka siif kennaniif gaafadhu.

Dhuma irratti gocha 4.2 fi hojii garee 4.1 barattooni akka hojjetaniif haala mijeessuun, hojii barattootaa madaali.

### Deebii gocha 4.1

- a. 2                    b. 0                    c. Lakki  
d. Qarshii dabalataa lama waan si barbaachisuuf qarshii 2 liqeeffachuu qabda.


### Deebii gocha 4.2

Haala (yaada)	Hamma isaa lakkoofsaan
O'n ol itti digirii seentii gireedii 10	+10
Qarshii 13 baasuu	-13
Qarshii 7 argachuu	+7
Tarkaanfii 3 duubatti deebi'uu	-3

2. Ganama barii sa'aatii 11tti tempireecherichi  $-4^{\circ}\text{C}$ , ganama sa'aatii 3tti, tempireecheriin jiru  $+11^{\circ}\text{C}$ .

### Deebii Hojii Garee 4.1

1. Tempireecharii guyyaa waaree fi halkan waarii, qarshii baankii kaa'uu fi qarshii baankiitii baasuu, fulduraa fi duubatti adeemuu, daldala keessatti bu'aa buufachuu fi kasaaruu fi k.k.f
2. a. 15                    b. -44                    c. -9                    d. 53  
e. -88                    f. -17                    g. 37
- 3.



### Deebii Gilgaala 4.1

- |                          |                          |                            |        |
|--------------------------|--------------------------|----------------------------|--------|
| 1. i. + 210 m            | ii. -162                 | iii. $-12^{\circ}\text{C}$ | v. +10 |
| vi. -150                 | vii. +400                | iv. -100                   |        |
| 2. a. +6                 | b. -73                   | c. $-36^{\circ}\text{C}$   | d. 0   |
| e. $+12^{\circ}\text{C}$ | f. $+16^{\circ}\text{C}$ |                            |        |

## 4.2 INTIJJAROOTA WALIIN MADDAALUU FI TARTIIBESSUU

Wayitii kennname: wayitii 5

### Kaayyoowwan

*Dhuma mata duree kanaan booda, barattoonni:*

- ⌚ sarara lakkofsaa ni ibsu.
- ⌚ intijaroota sarara lakkofsotaa irratti ni ibsu.
- ⌚ intijaroota sarara lakkofsotaa fayyadamuun ni wal madaalchisu, ni tartiibessu.

**Jechoota Ijoo:** Sarara lakkofsaa, waliin madaaluu, tartiibessuu, intijaroota nagatiivii,

### Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuuf gargaaru

#### I. Sarara Lakkoofsaa

Waa'ee lakkofsota lakkaawwii fi lakkofsota hundaa ibsuun jalqabuu dandeessa. Lakkofsota kana barattoonni tartiibessuu fi waliin madaaluu danda'uu isaanii mirkanoeffadhu. Waa'ee masaanuu lakkofsota hundaa ibsa kenuun, masaanuu lakkofsota hundaa akka kenuu danda'aniif haala mijeessi. Itti aansuun sarara qajeelaa dalgee kaasi. Sararri kun sararuma duraan beekan akka hin taane itti himuun, lakkofsota, intijaroota pozatiivii, intijaroota nagatiivii fi zeeroo sarara kana irratti mul'isi. Intijaronni pozatiivii gara mirgaatti xiqqaa irraa gara guddaatti akka tartiibeffamani, intijaronni nagatiivii ammo mirga irraa gara bitaatti guddaa irraa gara xiqqaatti akka tartiibeffaman itti himi. O'n ammo qixxalamaan isaanii taa'a. Hundaafuu bakki ka'umsaa zeeroo akka ta'e ifa godhi. Itti aansuun barattoonni intijaroota sarara lakkofsostaa irratti mul'isuu akka danda'aniif gaaffiiwan adda addaa kenuun hojjechiisi.

Fakkeenyaaaf: Lakkofsota –6, 4, –2, 3, 0, 5 gabatee gurraachaa irratti barreessuun barattoonni sarara lakkofsotaa irratti akka agarsiisan gaafadhu.

Barattoonni intijaroota wal madaalchisuu akka danda'aniif gargaari. Kanaaf gocha 4.3 kan kitaaba barataa irratti kennname barattoonni akka hojjetan taasisi. Wayitii barattoonni gocha kana hojjetan daree keessa adeemuun hojji isaanii hordofi, jajjabeessi. Deebii gaaffiiwan gocha kanaa barattoonni sababa isaanii waliin akka ibsaniif gargaari. (Haala mijeessi).

Dhuma irratti haala barattoonni

- i. Intijaroota pozatiivii waliin madaalan
- ii. Intijaroota nagatiivii waliin madaalan
- iii. Intijaroota nagatiivii fi Intijaroota pozatiivi waliin madalan

- iv. Intijaroota nagatiivii, zeeroo fi intijaroota pozatiivii waliin madaaluu fi tartii bessuu danda'an irratti ibsa gahaa kenni. Ibsa kee kanas fakkeenyaan cimsi.

Kessumayyuu intijarii pozatiiviin zeeroo irraa gara mirgaatti fagaachaa yoo deemu guddachaa akka adeemu, intijarri nagatiiviin zeeroo irraa garra bitaatti fagaachaa yoo adeemu, xiqqaachaa akka adeemu irratti ibsa gochuun fakkeenyaan cimsi.

### Deebii Gocha 4.3

1. a. Aadde Samiiraan Obbo Gammachiisiif qarshii 5, Aadde Biqileef ammo qarshii 2 waan


liqeessiteef, Aadde Samiiraan Obbo Gammachiis irra qarshii baay'ee qabdi.

- b. Aadde Biqilee


- c.  $-2$ , sababni isaas  $-2$  sarara lakkofsaa irratti harka mirgaa  $-5$  tti waan arggamuuuf.

- d.  $-2$


2. a.  $-5, -3, 0$




- b.  $-7, -2, 1,$




- c.  $-8, -3, 0,$




- d.  $0, 2, 4$




- e.  $-55, -5, 5$




- f.  $-3, -2, -1$




3. a.  $7, 1, -3$




- b.  $9, 0, -9$




- c.  $12, 2, -2$




- d.  $-7, -8, -9$



- e.  $5, 4, -4$



- f.  $1, -1, -10$




#### Deebii Gocha 4.4

Pilaaneetii	Teempireechera giddu galeessaa
Veenusii	$453^{\circ}\text{C}$
Meerkurii	$179^{\circ}\text{C}$
Lafa	$8^{\circ}\text{C}$
Maarsii	$-37^{\circ}\text{C}$
Jupitarii	$-150^{\circ}\text{C}$
Saatarnii	$-185^{\circ}\text{C}$
Yuraanesii	$-214^{\circ}\text{C}$
Nepitooni	$-225^{\circ}\text{C}$
Piluutoo	$-236^{\circ}\text{C}$

**Deebii Gilgaala 4.2**

1.



$$-9 < -8 < -5 < -3 < 3 < 5 < 6 < 8$$

2. a. -16      b. 7      c. 31      d. -18
3. a. <      b. >      c. >      d. <      e. =  
f. >      g. >      h. >      i. >
4. a. -12, -11, -9, 0, 8, 12, 15      b. -13, -12, -7, -5, 0, 4, 6, 17  
c. -33, -31, -30, -28, 3, 27
5. a. 22, 21, 16, 14, 0, -8, -21      b. 24, 14, 10, -14, -20, -22  
c. 11, 10, 9, -1, -9, -13, -19
6.  $27 - (-8) = 35^{\circ}\text{C}$

**4.3 INTIIJAROOТА IDА'UU FI HIR'ISUУ**

Wayitii kennname: wayitii 8

**Kaayyoowwan***Dhuma mata duree kanaan booda barattoonni:*

- ⌚ intijaroota ni ida'uu.
- ⌚ intijaroota wal irraa ni hir'isu.

**Jechoota Ijoo:** Ida'uu intijarootaa, hir'isuu intijarootaa, ida'ama, caalmaa, miseensa of taasisaa.

**Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaau**

Mata duree kana gocha 4.5 barattoonni akka hojjatan taasisuun jalqabi. Wayitii barattoonni gocha kana hojjetan daree keessa adeemuun hojji barattootaa hordofi. Gargaari. Gocha kana erga dhuunfaadhaan hojjetanii booda barattooni fulduratti bahuun gocha kana gabatee gurraachaa irratti akka hojjetan taasisi. Wayitii sarara lakkoofsaa fayyadamuun lakkoofsota ida'anii fi lakkoofsota wal irraa hir'isan garaa garummaa adeemsa jiruu ifa akka godhan gaafadhu. Dhuma irratti ibsa gahaa (fakkeenya) kenni. Itti aansuun sarara lakkoofsaa otoo hin fayyadamiin intijaroota akka ida'an godhi.

Intijaronni mallatoo walfakkaatuu yoo qabaatanii fi mallatoo adda addaa yoo qabatan haala ida'uu danda'an irratti ibsa kenni.

### **Fakkeenyaaf**

1. Ida'ama intijaroota armaan gadii barbaadi.
  - a.  $(+5) + (+2) = 5 + 2 = 7$
  - b.  $(+4) + (+(-3)) = 4 - 3 = 1$
  - c.  $(-6) + (+8) = -6 + 8 = 2$

Haaluma walfakkaatuun seera intijaroota mallattoo walfakkaatuu fi mallattoo adda addaa qaban wal-irraa hir'isuun danda'amu irratti ibsa kenni.


### **Fakkeenya**

Caalamaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

- a.  $(+6) - (+2) = 6 - 2 = 4$
- b.  $(+7) - (-3) = 7 + 3 = 10$
- c.  $(-3) - (+4) = -3 - 4 = -7$
- d.  $(-2) - (-7) = -2 + 7 = 5$

Itti aansuun gocha 4.6 barattoonni akka hojjetaniif haala mijeessi. Kun hubannoo barattoonni ida'ama, caalmaa, masaanuu, miseensaa oftaasisaa ida'uu irratti qaban madaaluuf si gargaara gaffiwwan 1, 2 fi fakkeenyaan akka cimsan taasisi gocha kana booda ibsa kitaaba barataa irratti kennname fayyadamuun yaadota ijoo kana ifa taasisi.


### **Deebii gocha 4.5**



i.


- a. 5
- b.  $1 + 4 = 5$

ii.




- a. -1
- b.  $5 - 6 = -1$

iii.



iv.



- a. 0  
b.  $8 - 8 = 0$   
2. Kan hanqatu,  $65 - 35 = 30$   
Qarshii 30 dha.  
3. Mee kan ida'amu qabu x haa jennu.  
 $x + 44 = 73$   
 $x + 44 - 44 = 73 - 44 = x + 0 = 29$   
 $x = 29$

Kanaaf 73 argachuuf 44 irratti ida'amu kan qabu, 29 dha.

### Deebii gocha 4.6

- a. Mee a'n intijaricha haa jennu. Intijara kana irratti ida'amee mataa isaa kan nuuf kenu ammo b haa jennu.  
Kanaaf  $a + b = a$   
 $a - a + b = a - a$   
 $b + 0 = 0$   
 $b = 0$   
kanaaf, intijara kamuu irratti ida'amee intijaricha kan nuuf kenu  $b = 0$  dha.  
Intijarri biraa akkasii hin jiru.
- b. 0  
 $a - b = a$   
 $a - a - b = a - a$   
 $0 - b = 0$   
 $-b = 0$   
 $b = 0$  masaanuun zeeroo zeeroo waan ta'eef.
3. Mee a'n intijara haa jenuu. Masaanuun isaa  $-a$  dha. Kanaaf  $a + (-a) = a - a = 0$   
Kanaaf intijara tokkoo masaanuu isaa waliin walittii yoo idaanu firiin argannu 0 dha.
4. a.  $-4 + 4 = 0$       b.  $5 - 5 = 0$       c.  $9 + 0 = 9$   
d.  $-3 + 3 = 0$       e.  $8 + (-8) = 0$       f.  $7 - 0 = 7$   
g.  $-100 + 100 = 0$

### Deebii gilgaala 4.3

1. a.  $8, 4, 0, -3, -4, -9$       b.  $6, 2, 1, 0, -3, -5, -7, -11$   
c.  $12, 8, 6, 3, -3, -5, -8$       d.  $10, 7, 2, 0, -3, -5, -6, -7$
2. a.  $-23 + -12 = -35$       b.  $-3 - 7 = -10$       c.  $12 - 33 = -21$   
d.  $-42 - (-21) = -21$       e.  $24 - (-24) = 48$       f.  $-24 + 24 = 0$
3. a.  $<$       b.  $<$       c.  $<$       d.  $>$       e.  $<$

**Deebii gilgaala waliigalaa Boqonnaa 4**

1.  $22 - (-3) = 25^{\circ}\text{C}$
2.  $-137 - 91 = -228$   
Kanaaf dooniin kun diriira galaanaa gaditti meetira 128 fagaatee jira.
3.  $33 - 15 = 18$   
Qarshiin daldalaa kanaa kan Haliimaa irratti hafe qarshii 18 dha.
- 4.

Haala	Gatii lakkoofsaan
Zeeroo olitti digirii seentiigireedii 9	+9°C
Diriira galaanaatii olitti meetira 54	+54m
Sarara lakkoofsota irratti, 0 irraa gara bitaatti yuuniitii 12	-12
Baankii keessatti qarshii 860 kuufachuu	+860
Qarshii 45 argachuu	+45
Masaanuu 181	-181
Saraara lakkoofsota irratti 1 irraa gara bitaatti yuuniitii 8	-7

5. a. -14      b. -91      c. 65      d. -3  
e. -12      f. 0      g. -23
6. a. -85, -43, -37, 16, 34, 36, 58  
b. -29, -27, -22, -10, -4, 0, 16, 19, 29  
c. -41, -22, -18, -14, -8, 12, 16, 20  
d. -53, -35, -31, -13, 41, 46, 48
7. a. 77, 33, 15, 11, -19, -27, -41  
b. 72, 46, 42, 29, -1, -4, -13, -43  
c. 81, 31, 26, -5, -17, -63, -69  
d. 61, 55, 53, 40, 33, 9, -34, -45, -56
8. a.  $8^{\circ}\text{C} - 11^{\circ}\text{C} = -3^{\circ}\text{C}$
9. a.  $-5 + 47 = 42$       b.  $27 + 14 = 41$       c.  $18 + -45 = -27$   
d.  $-47 + -44 = -91$       e.  $-23 + 32 = 9$       f.  $-1 + 59 = 58$
10. a. 15      b. 8      c. 31      d. 20      e. 42      f. 55
11. a. <      b. >      c. >      d. =      e. >      f. =
12. a.  $12 + 8 + 8 = 12 + 16 = 28$   
Aadda Tolsheen re'oota 28 qabdi.  
b.  $28 - 8 = 20$   
Kanaaf Aadde tolasheen re'oota gugurracha hin taane 20 qabdi.

# BOQONNAA

## HIMOOTA WAL-QIXAA FI HIMOOTA WAL-CAALMAA SARARAAWOO FI PIROPPORSHINAALUMMAA

### SEENSA

Boqonnaan kun yaad rimeewwan ijoo hima walqixa sararaawaa, hima walcaalmaa sararaawaa, ko'oordinateetaa fi piropporshinaalummaa irratti xiyyeffata. Mata dureewwan hunda jalatti, gochaalee, hojiwwan garee, fi gilgaalotni kennamanii jiru. Dhuma boqonnaa irratti ammoo gilgalli walii galaa kennamee jira.

Gaaffiwwan gilgaala kana keessaa baay'inaan xiqqaa haa ta'an malee, beekumsaa fi sadarkaa dandeettii (hubannoo) barattootaa madaaluuf ga'oo dha.

### Kaayyoo Boqonnaa

*Boqonnaa kana erga xumuraniin booda barattoonni*

- ⌚ dandeettii himoota walqixaa sararaawoo ( $bifa x + a = b$ ) furuuf qaban ni gabbifatu.
- ⌚ dandeetti himoota wal caalmaa sararaawoo ( $bifa x + a > b$ ) furuuf qaban ni gabbifatu.
- ⌚ yaad rime piropporshinaalummaa kallattii fi piropporshinaalummaa fuggisoo ni hubatu.
- ⌚ piropporshinaalummaa kallattii fi piropporshinaalummaa fuggisoo giraafiiidhaan ni agarsiisu.

## 5.1 FURMAATA HIMOOTA WALQIXA SARARAAWOO FI HIMOOTA WAL CAALMAA SARARAAWOO SASSALPHOO

Wayitii kenname: wayitii 7

### Kaayyoowwan

*Xumura mata duree kanaan booda barattoonni;*

- ⌚ hima wal qixa sararaawaa bifa  $x + a = b$  tarkaanfii tokkoon ni furu.
- ⌚ hima wal caalmaa sararaawaa bifa  $x + a > b$ , tarkaanfii tokkoo ni furu.

**Jechoota Ijoo:** Hima wal qixa, hima wal qixa sararaawaa, mandhee jijjiiramoottaa, tuuta furmaataa, himoota wal qixaa, wal madaaloo, himoota walcaalmaa wal madaaloo

### Seensa

Mata dureen kun barnoota herregaa kutaa 5<sup>ffaa</sup> keessatti akka seensaatti kennamee jira. Kanaaf, sadarkaa kanatti, barattoonni beekumsa kutaa 5<sup>ffaa</sup> keessatti argatan kana akka gabbifatanitu irraa eegama.

Mata dureen kun goleewan lamatti goodamee jira. Inni jalqabaa waa'ee furmaata himoota wal qixaa sararaawoo tarkaanfii tokkoo irratti xiyyeffata. Inni lammaffaan ammo waa'ee furmaata himoota walcaalmaa saraawoo tarkaanfii tokkoo irratti xiyyeffata.

### 5.1.1 Furmaata Himoota Wal-qixaa sararaawoo tartiiba 1<sup>ffaa</sup>

Golee kana jalqabuuf, haala mijataa ta'een, barattoonni garee gareedhaan akka walgurmeessan godhi. Itti aansuun garee gareedhaan gocha 5.1 kan kitaaba barataa keessatti kenname akka hojjetan taasisi. Wayitii barattoonni kun gareedhaan hojjetan keessa deemuun gargaari(Jajjaabeessi). Itti aansuun deebii argatan kana karaa bakka bu'aa garee isaanii akka gabaasan taasisi. Hojiin garee kun barattoota si'eessuun akkasumas dadamaqsuun, beekumsa yaad rime "furmaatni kan jiraatu mandhee kenname irratti hundaa'eetu" kan jedhu akka yaadataniif isaan gargaara.

### Deebii Hojii garee 5.1

1. a. Jijjiirama: qubee yookiin mallattoo lakkofsa /lakkoofsota bakka bu'u.
- b. Hima wal-qixaa: Hima ibsamoota herregaa lama qabatee kan mallattoon “=” gidduu isaanii jiru jechuu dha.
- c. Himoota wal-qixaa wal-madaaloo: Himoota wal-qixaa kan tuuta furmaataa tokko qaban jechuu dha.
- d. Hima wal-qixaa sararaawaa: Hima wal qixaa jijjiiramoottaa digirii tokkoo qaban kan qabate jechuu dha.

- e. Mandhee jijiiramootaa: Tuuta kan miseensonni isaa, bakka jijiiramaa hima wal-qixaa bu'uun hima walqixaa sana dhugaa yookiin soba taasisan jechuu dha.
- f. Tuuta furmaataa: Tuuta furmaatota hima banaa (hima walqixaa yookiin hima wal caalmaa) kan qabate jechuu dha.
2. a. {2}                    b.  $\emptyset$                     c. {2}
- d. {0}                    e. {10}                    f. {1}

### Madaallii

Barattoonni waa'ee furuu, furmaataa fi tuuta furmaataa akka siif deebisaniff gaafachuu dandeessa. Hubannoo isaanii cimsuuf, gilgaale 5.1 keessaa gaaffii 1<sup>ffaa</sup> akka hojii manaatti kennuu dandeessa. Achiin booda hojii barattootaa karaa adda addaa madaali.

### Deebii Gocha 5.1

- a. Gama harka mirgaa irratti 3kg ida'i  
 b. Gama harka mirgaa irraa 3kg hir'isi (kaasi)

Mata duree kana otoo hin guduunfiin dura, fakkeenyoota dabalataa kennuu dandeettii barattootaa cimsa. Dabalatan Gilgaala 5.1 fi 5.2 akka hojii manatti barattootaaf kennuu hojii isaanii kana soroorsi.

### Deebii gilgaala 5.1

1. Himootni kennaman kan dhugaa ta'an yoo

$$\text{a. } x = \frac{3}{4} \quad \text{b. } x = 0.4 \quad \text{c. } x = 0.4 \quad \text{d. } x = 9$$

Gaaffii 2<sup>ffaa</sup> wayitii barattootaaf hojjattu, waa'ee mala daddabarsoo itti himuu qabda.

“gama lamaan mallattoo wal-qixaa irratti lakkofsa walfakkaatu ida'uu” “gama lamaan mallattoo wal-qixaa irraa lakkofsa wal-qixa ta'e hir'isuun” mallattoo wal qixaa akka hin jijiirre barattootatti himi.

Kana jechuun,  $a = b$  yoo ta'e,  $a + c = b + c$  ta'a  $a, b, c \in Q$

Kana malees, himootni wal qixaa hima wal qixaa tokko waliin wal madaaloo ta'an hedduu akka ta'an barattootatti himi. Fakkeenya armaan gadii ilaali.

$$\begin{aligned} 2. \quad \text{a. } x - \frac{1}{2} &= \frac{7}{2} \text{ fudhadhu} \\ x - \frac{1}{2} + \frac{1}{2} &= \frac{7}{2} + \frac{1}{2} \text{ (gama lamaan irratti } \frac{1}{2} \text{ ida'uu)} \end{aligned}$$

$$x + 0 = \frac{7+1}{2} \Rightarrow x = \frac{8}{2} \Rightarrow x = 4$$

Kanaaf,  $x = 4$

Haaluma walfakkaatuun;

- b.  $x - 3 = 4.5$  fi  $x = 7.5$
- c.  $y + \frac{3}{2} = 2$ ,  $y = \frac{1}{2}$  himoota wal-qixaa wal madaaloo dha.
- d.  $x = 9$ ,  $x - 1 = 8$ , fi  $x + 3 = 12$  hunduu himoota wal qixaa wal madaaloo dha.
- 3. a.  $\emptyset$       b.  $\{14\}$       c.  $\{0\}$       d.  $\{4\}$       e.  $\emptyset$
- f.  $\emptyset$
- 4.  $-6$

### 5.1.2 Furmaata hima wal caalmaa tarkaanfii tokkoon furaman

Golee kana jalqabuuf, gaaffii hubannoo barattooni kutaa 5<sup>ffaa</sup> irratti argatan madaaluuf si gargaaru barattoota gaafadhu. Golee kana hanga danda'ameti haala salphaa fi ifa ta'een ibsuu yaali.

#### Deebii Gocha 5.2

- 1. a. Hima wal qixaa      d. Hima wal qixaa
- b. Hima wal caalmaa      e. Hima wal caalmaa
- c. Hima wal caalmaa      f. Hima wal caalmaa
- 2. a. Soba      b. Dhugaa      c. Dhugaa      d. Dhugaa
- e. Dhugaa      f. Dhugaa

#### Madaallii

Yeroo hunda dandeettiawan barattoota irraa eegamu ilaalcha keessa galchi. Maloota madalli adda addaa fayyadamuun dandeettii barattootaa irratti odeeffannoo sassabbadhu. Itti aansuun barattoota laafina agarsiisan gargaari.

#### Deebii Gilgaala 5.2

- 1. a.  $\{\dots, 4, 5, 6\}$       b.  $\mathbb{N}$       c.  $\{-5, -4, -3, \dots\}$       d.  $\{-2, -1, 0, \dots\}$
- 2. a.  $\{0\}$       b.  $\{1\}$       c.  $\{-5, -4, -3, \dots\}$       d.  $\{0, 1, 2, 3\}$
- 3. a. Furmaata hin qabu
  - b. Furmaata qaba. Tuutni Furmaatni isaa  $\{4, 5, 6, \dots\}$
  - c. Furmaata ni qaba. Tuutni furmaata isaa ammo tuuta lakkofsota hundaa ti.
  - d. Furmaata hin qabu.

4. i. a.  $\{-5, -3, 0, 2\}$  b.  $\{-5, -3, 0, 2, 4\}$   
c.  $\{-5, -3\}$  d.  $\{-5, -3, 0\}$
- ii a.  $\{0, 1, 2, 3\}$  b.  $\{0, 1, 2, 3, 4\}$   
c.  $\phi$  d.  $\{0\}$

## 5.2 KO'OORDINEETOTA

Wayitii kennname: wayitii 6

### Kaayyoowwan

Xumura mata duree kanaan booda barattoonni;

- qarxii  $I^{ffaa}$  keessatti, ko'oordinateeta tutaa kennname ni himu.
- tuqaa qarxii tokkoof ko'ordineetonni isaa yoo kennaman tuqaa kana, dirraa ko'oordinateetaa irratti ni mul'isu.

Jechoota ijoo: Siiqqee qarxii, diriirroo, tartii ciimdii, ko'oordinateeti, absiisaa, oordinateeti.


### Seensa

Mata duree kana keessatti, barattoonni sirna ko'oordinateeti waliin ni walbaru. Mata duree kana keessatti yaadrimewwan hedduun barattootaaf haaraa dha. kana waan ta'eef barattoonni yaad rimeewwan kana sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuu qabda.

### Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru

Mata duree kana keessatti, ko'ordineeti tuqaa diriirroo irraa kan qarxii I keessa jiruu irratti ni mariyat. Kana malees, ko'ordineetiin tuqaa qarxii I keessaa yoo kennama tuqaa kana dirraa ko'oordinateeti irratti ni mul'isu. Yeroo baay'ee, kallattiidhaan gara hiikoo herregaa otoo hin deemiin dura, gochoota irratti barattoonni gadii fageenyaan akka mariyatan gochuutu filatama.

### Deebii Gocha 5.3



- b. Tokko  
c.  $90^0$   
d. Afur

## Deebii gocha 5.4

- A(1, 7),      B(2, 5)      C(3, 6)

Gocha kana erga xumuranii booda barattoonni waa'ee sararoota waliif perpandiikulaarii ta'an kanaa, iddoa isaan itti wal kiphan, fi waa'ee kutaalee uumamanii (Qarxiwwan) hamma tokko ni hubatu. Kanaaf kanneen armaan gadii barattootaaf ibsuu qabda.

Mee  $\overrightarrow{OX}$  fi  $\overrightarrow{OY}$  tuqaa O irratti wal kiphu haa jennu.

1.  $OX'$ n siiqqee X jedhama.
2.  $OY'$ n siiqqee Y jedhama.
3.  $\overrightarrow{OX}$  fi  $\overrightarrow{OY}$  waliin yoo fudhataman siiqqeewan ko'oordinateetii jedhamu.
4. Tuqaan xiyyooliin kun itti wal kiphan madda (handhuura) siiqqeewan ko'oordinateetii jedhama.

Mee P tuqaa diriiroo ko'oordinateetii keessaa, kan qarxii I keessa jiru dha, haa jennu. Tuqaa P kana irraa gara siiqqee x tti, sarara PM, kan  $OX$  tiif perpandiikulaarii ta'e sarari.


- a. OM'n ko'oordinateetii x (Absiisaa) P jedhama.
- b. MP'n ko'oordinateetii y (oordinateetii) P jedhama.
- c. Tuqaalee X fi Y'n ko'ordineetota tuqaa P jedhamu.
- d. Mallatoo P (x, y) tuqaa, P ko'oordinateetota isaa (x'n Absiisaa y'n ordineetii) waliin agarsiisa.

## Madaallii

Gilgaala 5.4 kessaa gaaffiwwan 1, 2, 3, 4 akka hojii dareetti kennuun hojii isaanii kana soroorsi gilgaala 5.4 keessaa warra hafan akka hojii manatti kennuun soroorsi.

## Deebii gilgaala 5.3

1. (0, 0)
2. 0
3. 0
4. Tuqaa A – siiqqee x fi seeqqee y  
Tuqaa B – siiqqee y  
Tuqaa C – siiqqee x
- 5.



6.    A(2, 2)              C(0, 3)  
       B(5, 0)              D(3, 1)

## 5.3 PIROPPORSHINAALUMMAA

Wayitii kenname: Wayitii 12

### Kaayyoowwan

*Xumura mata duree kanaanbooda , barattoonni:*

- ⌚ piropporshinalummaa kallattii fi dhaabgiteessa piropporshinaalummaa ni ibsu.
- ⌚ dhaabgiteessa piropporshinaalummaa kallattii ni barbaadu.
- ⌚ giraafii piropporshinaalummaa kallattii kaasuun ni ibsu.
- ⌚ beekumsa piropporshinalummaa kallattii fayyadamuun, pirobileemota jechaa ni furu.
- ⌚ piroporshinaalummaa fuggisoo fi dhaabgiteessa piropporshinaalummaa fuggisoo ni ibsu.
- ⌚ dhaabgiteessa piropporshinaalummaa fuggisoo ni barbaadu.
- ⌚ beekumsa piropporshinaalummaa fuggisoo fayyadamuun, pirobileemota jechaa ni furu.

**Jechoota ijoo:** Piropporshinaalummaa, piropporshinaalummaa kallattii, piropporshinaalummaa fuggisoo, dhaabgiteessa piropporshinaalummaa.

### Seensa

Mata dureen kun kan xiyyeffatu ibsa piroporshinalummaa kallattii fi dhaabgiteessa piropporshinaalummaa kallattii irratti dha. qajeelchi barsiisaa mata duree kana barsiisuuf mala fayyadamuu qabdu irratti yaada siif kenna. Hanga siif dandaametti, barsiisa kee barataa giddu galeessa taasisi.

### Mala baruu barsiisuuf mata dure kana barsiisuuf gargaaru

Mata duree kana keessatti barattoonni waa'ee piropporshinaalumma kallatti irratti akka mariyatan godhi. Yaadrimnee piroporshinalummaa barattoonni hubachuu isaanii erga mirkaneeffattee booda, piroporshinaalumma. Kallattii giraafiidhaan akka agarsiisan

gargaari. Itti aansuun yaad-rimee piroporshinaalummaa fuggisoo irratti erga mariyachiistee booda, yaad-rimee kana hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Ergasii piroporshinaalummaa fuggisoo giraafiidhaan akka mul'isan taasisi.

### 5.3.1 Piropporshinaalummaa kallattii

Barattoonni hojii garee 5.2 akka hojjetan gochuun jalqabi. Hojiin garee kun, isa garafuluduratti adeemanifiif akka of qopheessan isaan gargara. Marii isaanii kana irraa, barattoonni kanneen armaan gadii hubachuu isaanii mirkaneeffadhu.

1. Gatiin  $x$  fi  $y$  wal-irratti akka hundaa'an, kana jechuun tokko yoo dabalu inni biraan ni dabala yookiin tokko yoo hir'isu inni birra ni hir'isa.

Reeshoon  $\frac{y}{x}$  yookiin  $\frac{x}{y}$  lakkofsa dhaabbataa dha.

### Deebii Gocha 5.5


1. Eeyyee
2. a.  $x = \frac{1}{5}y$  yookiin  $y = 5x$
- b.  $x = \frac{1}{3}y$  yookiin  $y = 3x$
3. ni dabala
4. ni hir'ata

### Madaallii

Barattoonni waan baratan sirriitti hubachiisuuf, fakkeenyota fi gochaawwan adda addaa kennuun barbaachisaa dha. kitaabolee adda addaa irraa hojii daree, hojii manaa (kitaaba barataa irraa), abbaaltii k.k.f kennuun barattoota madaaluu ni dandeessa.

### Deebii Hojii Garee 5.2

- a. Eeyyee
- b.  $y = 3x$
- c.



- d. Sarara qajelaa madda ko'oordinateetotaa keessa darbu
- e. Eeyyee

### Deebii gilgaala 5.4

1. Gatiwwan  $b(y=2x)$  keessaa, gatiwwan  $C$  keessaa ( $y=10x$ ) fi gatiwwaan  $d$  keessaa  $\left( y = \frac{1}{11}x \right)$  piroporshinaalummaa kallattii hin qaban.
2. gatiwwan  $x$  fi  $y$  kennaman irraa, dura dhaabgiteessa piroporshinaalummaa kallattii barbaadi.

a.  $k = \frac{2}{2} = 1$

Kanaaf, gatiwwan hafan tarttiibaan, 3, 4, 5, 8 ta'u.

b.  $k = \frac{36}{9} = 4$

$$a = \frac{5}{4}, \quad b = \frac{7}{4}, \quad c = 24, \quad d = 32, \quad e = 12$$

Kanafuu lakkoonsonni bakka duwwaa galan.

$$\frac{5}{4}, \frac{7}{4}, 24, 32 \text{ fi } 12 \text{ dha.}$$

c.  $k = \frac{17}{3.4} = 5, \quad y = 5x$

Kanaaf, lakkoonsonni bakka duwwaa galan 23, 5.6, 7.2 fi 45 dha.

d.  $k = \frac{y}{x} = \frac{240}{48} = 5, \quad y = 5x$

Kanaaf lakkoonsonni bakka duwwaa galan: 25, 7, 55, 90

3.  $x \sim y$  waan ta'eef,  $y = kx$  ta'a.

$$\Rightarrow 12 = kg$$

$$k = 1.5$$

Kanaaf cimdiwwan kennaman keessaa dhaabgiteessa piroporshinaalummaa kallatti,  $k = 1.5$  kan hin kennine 12 fi 20 dha.

- 4.

Bal'ina ( $m^2$ )	22	13	x
Hanga xaa'oo (gm)	682	y	248

Lafti gabbachuu qabuu fi hangi xaa'oo barbaachisuu piroporshinaalummaa kallattii waan qabaniif,

a.  $\frac{682}{22} = \frac{y}{13}$

$$y = 13 \times \frac{341}{11} = 403 \text{ gm}$$

Kanaaf lafa  $13m^2$  gabbisuuf, xaa'oo 403gm barbaachisa.

b.  $\frac{682}{22} = \frac{248}{x}$

$$\Rightarrow x = \frac{22 \times 248}{682} = 8m^2$$

5. a.  $k = 15$

x	5	8	9	13
y	15	24	27	39

b.  $k = 15$

x	2	8	16	30
y	3	12	24	45

c.  $k = 3$

x	1	4	8	15
y	3	12	24	45

6. a.  $k = \frac{a}{L} = \frac{60}{3} = 20$  dhaabgiteessa piropporshinaalumaa kallattii ti.

$C \sim L$  waan ta'eef,  $C = KL$  ta'a.


$K = 20$  waan ta'eef,  $C = 20L$  ta'a

$$C = 20 \times \frac{9}{2} = 90$$

Kanaaf gatiin C qarshii 90 ta'a.

c.  $C = 20L$

d.



### 5.3.2 Piropporshinaalummaa fuggisoo

Amma, hanga tokko barattoonni waa'ee piropporshinaalummaa fi piropporshinaalummaa kallattii waliin wal baranii jiru. Mata duree kana jala gochaalee hedduu kan barattootaa hirmaachisanii fi beekumsa mata duree kana irraa argachuu qaban kan isaan gafachiisantu jiru.


#### Deebii Gocha 5.6

1. a.  $x = 8$       b.  $y = 8$
2. a. ni hir'ata      b. Lakkii      c. Eeyyee gatiin isaa 32 ta'a.

Gocha kana irraa ka'uun fakkeenyota kitaaba barataa keessatti kennaman irratti barattoonni akka mariyatan jajjabeessi.

#### Deebii Gocha 5.7

- a. Eeyyee, piropporshinaalummaa fuggisoo
- b.



giraafin piroporshinaalummaa fuggisoo sarara madda ko'oordinateetotaa keessa darbu miti.

#### Madaallii

Barattoonni kee waa'ee piropporshinaalummaa fuggisoo akka yaadatanii fi akka itti fayyadamuu danda'aniif gaaffiiwwan adda addaa qopheessuun madaali.

Akka ka'uumsaatti kanneen armaan gadii fayyadamuu dandeessa.

1. Yoo  $xy = \text{lakkoofsa dhaabataa ta'e}$ ,  $x$  fi  $y$  pirooporshinaalumma \_\_\_\_\_ qabu jenna.
2. Baay'ina namootaa fi yeeroo namoonni kun hojji xumuruuf fudhatan" akka piropporshinaalummaa kallattii tti moo akka piroporshinaalummaa fuggisootti fudhanna?
3. Gatiiwwan lama haa jennu  $x$  fi  $y$ 'n piroporshinaalummaa fuggisoo yoo qabaatan formulaa \_\_\_\_\_ tiin ibsina.

### Deebii gilgaala 5.5

1.  $x$  fi  $y$ 'n piroporshinaalummaa fuggisoo waan qabaniif,  $xy = k$  ta'a.

Kanaaf,  $k = 5 \times 40 = 200$

a.  $xy = k$

$$y = \frac{k}{x} \quad \text{yookiin } x = \frac{k}{y}$$

$$y = \frac{k}{x} = \frac{200}{x}, \quad x = \frac{200}{y}$$

b.  $x = \frac{200}{y}$ , kanaaf  $x = \frac{200}{100} = 2 \Rightarrow x = 2$

c. yoo  $x = 20$  ta'e

$$y = \frac{200}{x} = \frac{200}{20} = 10$$

Kanaaf  $y = 10$  ta'a

2. a. Piroporshinaalummaa fuggisoo  
 b. Piroporshinaalummaa fuggisoo  
 c. Piroporshinaalummaa kallattii
3. d qofatu piroporshinaalummaa fuggisoo qaba.
4.  $x$  fi  $y$ 'n piroporshinaalummaa fuggisoo waan qabaniif,
- i.  $xy = \text{lakkoofsa dhaabbataa} \Rightarrow 36 \times 48 = 72 \times a = b \times 16 = c \times 12$   
 $a = 24, b = 108, c = 144$
  - ii.  $1.5 \times 38 = 19 \times a$   
 $a = 3, b = 12, \text{ fi } c = 9.5$

### Deebii gilgaala waliigalaa Boqonnaa 5

1. a.  $\{-10\}$       b.  $\{30\}$       c.  $\emptyset$       d.  $\emptyset$  e.  $\{0\}$  f.  $\{2\}$
2. a.  $\left\{\frac{3}{2}\right\}$       b.  $\{2.1\}$       c.  $\{4.5\}$       d.  $\{2\}$       e.  $\{22\}$   
 f.  $\{-0.2\}$
3. a.  $x = 7$  fi  $x + 6 = 13$  (gama lamaan irraa 6 hir'isuun,  
 b.  $2 - x = 1$  fi  $x - 1 = 0$   
 c.  $x - 8 = -2$  fi  $x = 6$

4.  $x \sim y$  waan ta'eef,  $y = kx$  ta'a.  $\Rightarrow 5 = 8k$

$$k = \frac{5}{8} \text{ (dhaabgiteessa piropporshinaalummaa kallatti)}$$

$$y = \frac{5}{8}x = 12.5$$

5. a.  $y \sim x$  waan ta'eef,  $y = kx \Rightarrow 14 = k \cdot 10$

$$k = \frac{14}{10} = 1.4$$

kanaaf,

x	10	25	35	15	45
y	14	35	49	21	63

- b.  $y \sim \frac{1}{x}$  waan ta'eef,  $xy = k \Rightarrow k = 6 \times 16 = 96$

x	6	12	15	16	0.75
y	16	8	6.4	6	128

6.

Ulfatina (kg)	2	5	6
Gatii (qarshii)	12	a	36

Hangi (ulfaatinni) muuzii fi gatiin isaa piropporshinaalummaa kallattii waan qabaniif,

$$\frac{x_1}{y_1} = \frac{x_2}{y_2}$$

a.  $\frac{1}{12} = \frac{5}{a}$

$$a = \frac{12 \times 5}{1} = 60 = \text{qarshii } 60$$

b.  $\frac{1}{12} = \frac{b}{36}$

$$b \times 12 = 1 \times 36$$

$$b = \frac{1 \times 36}{12} = 3$$

c. Dhaabgiteessi piroporshinaalummaa kallattii  $k = \frac{y}{x} = 12$  yookiin  $k = \frac{x}{y} = \frac{1}{12}$

dha.

- 7 a. Sarara  $\ell_1$  irraa, tuqaalee (1, 2), (2, 4) fi (4, 8) akka fakkeenyatti yoo fudhatte, dhaabgiteessi piroporshinaalummaa 2 ta'a.
- b. Sarara  $\ell_2$  irraa tuqaalee (1, 1), (2, 2) fi (4, 4) akka fakkeenyatti yoo fudhatte, dhaabgiteessi piroporshinaalummaa 1 ta'a.
8. a, b, fi d'n piroporshinaalummaa fuggisoo yoo qabaatan, c fi e'n ammo piroporshinaalummaa kallattii qabu.

x	1	2	3	4	6	1 2
y	12	6	4	3	2	1

BOQONNAA



## JI'OOUMEETIRII FI SAFARA

### SEENSA

Kaayyoon boqonnaa kanaa inni guddaan beekumsaa fi dandeettii barattoonni yaad-rime ji'oomeetirii fi safara irratti qaban akka cimsanii hubatanii fi gabbifatan gochuu dha. Boqonnaan kun mata dureewwan afuritti qoodameera. Qabiyyeewan mata dureewwan kanaa waa'ee kofootaa, rogsadeewwan ijaaru, rogsadeewwan walittigaloo fi safara irratti xiyyeeffatu.

#### Kaayyoo gooroo boqonnaa

*Boqonnaa kana erga xumuranii booda barattoonni:*

- ⌚ *kofoota adda ni baafatu.*
- ⌚ *walittigalummaa rogsadeewwanii ni mirkaneessu.*
- ⌚ *Rogsadee ni ijaaru.*

## Meeshaalee deggarsa barnootaa boqonnaa 6

Kompaasii, sarartoo, pirootiraaktarii, set iskuweerii, kaardiboordii, murtuu (mummurtuu), silabasii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa.

*Dabalataan chaartii kan yaadota armaan gaditti ibsaman qabate qopheessi.*

- *Cimdii kofoota waliif maddii*
- *Cimdii kofoota diriiraa maddii*
- *Cimdii kofoota waliif guuchisoo*
- *Cimdii kofoota waliif hirkoo*
- *Cimdii kofoota waliin duubaa*
- *Kofoota wayitii sararoonni waltarree ta'an laman sarara qaxxaamuraa tiin qaxxamuraman, kofoota uumaman*
- *Walitti galummaa rogsadeewwanii kan yaaliwwan RKR, KRK, RRR qabate*
- *Jijiirraa yuuniitota safaraa agarsiisu*
- *Bal'innaa fi naannawaa rektaangilii, iskuweerii, fi rogsadee*
- *Qabee priiziimii rektaangulaa'aa*

## 6.1 KOFOOTA

Wayitii kennname: wayitii 8

### Kaayyoowwan

*Dhuma mata duree kanaan booda barattoonni:*

- ⌚ *kofoota maddii fi kofoota waliin duubaa adda ni baafatu*
- ⌚ *kofoota maddii fi kofoota waliin duubaa ni himu.*
- ⌚ *Kofoota waliif guuchisoo ni himu.*
- ⌚ *Kofoota hirkoo ni himu.*

**Jechoota ijoo:** kofa, kofoota maddii, kofoota diriiraa maddii, kofoota waliin duubaa, kofoota hirkoo, kofota guuchisoo, sarara qaxxaamuraa, sararoota waltarree, kofoota keessaan cinaachaa, kofoota alaan cinaachaa, kofoota waliigita, kofoota keessoo

**Meeshaalee barbaachisan:** sarartoo, pirootiraaktarii, kompaasii, mummurtuu

### Seensa

Kaayyoon mata duree kanaa inni guddaan barattoonni kofoota cimdiidhaan walitti dhufan akka baratan gochuu dha. Mata dureen kun yaadrimee waa'ee kofootaa kan kutaa 5<sup>ffa</sup> keessatti jalqabametti kan fufe dha. Mata dureen kun goleewan lamatti goodamee jira. Goleen jalqabaa waa'ee kofoota cimdiidhaan uumamanii irratti kan xiyyeffatu dha. Asitti kofootni cimdii kun kan uumaman wayitii sararoonni lama wal

qaxxaamurani dha. Kofootni uumaman, kofoota hirkoo, kofoota waliin duubaa, kofoota guuchisoo, kofoota maddii, fi amaloota isaanii irratti xiyyeefata. Goleen lammafanis kan xiyyeefatu cimdi kofootaa irratti dha. Asitti garuu, cimdiin kofootaa kun kan uumaman wayitii sararoonni waltarree ta'an lama, sarara qaxxaamuraatiin qaxxaamuramani dha.

### 6.1.1 Kofoota hariiroo qaban

#### Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru

Barssiisa kee gaaffii dhaan jalqabi, barattooni waa'ee hiikoo kofaa, rogoottaa fi verteeksii kofaa kan kutaa <sup>ffa</sup> 5 keessatti baratan yaadachuu isaanii gaafadhu yaada kana gilgaala keessa deebii 6.1 keessatti kennameen cimsi. Gaaffiwwan gilgaala kana keessaa barattooni akka gochaatti akka hojjetaniif haala mijessi. Itti aansuun barattooni gocha 6.1 akka hojjetan taasisi. wayitii barattooni gocha kana hojjetan daree keessa adeemuun hojii isaanii hordofi. Kan gargaarsa barbaadan yoo jiraatan gargaari. Deebii barattootaa irratti hundaa'uun, hiikoo kofoota maddii, fi hiikoo kofoota waliin duubaa barattootaaf kenni. Itti aansuun hariiroo kofootni waliin duubaa qaban gaafadhu. Safari isaanii maaliif walqixa akka ta'an akka sitti himaniif gaafadhu. Dhuma irratti kofootni waliin duubaa maaliif safara walqixa ta'e akka qaban itti himi (agarsiisi). Fakkeenyä kofoota maddii, kofoota waliin duubaa kennii. Sararootni lama yoo walqaxxaamuran, kofoota maddii fi kofoota waliin duubaa barsiistee booda, waa'ee kofoota guuchisoo fi kofoota hirkoo haaluma walfakkaatuun barsiisi. Dura hiikoo isaanii, itti aansuun amaloota isaanii barsiisi.

#### Madaallii

Barattooni kee wayitii gocha 6.1 fi gilgaala keessa deebii 6.1 wayitii hojjetan madaali. Gilgaala 6.2 akka hojii daree fi hojii manatti kennuun soroorsi hojii garee 6.1 akka abbaltiitti kennuu dandeessa.

#### Deebii gilgaala keessa deebii 6.1

1. a.  $\overrightarrow{CA}$  fi  $\overrightarrow{CB}$  rogoota kofa  $\angle ACB$  ti.  
b. C'n verteeksii kofa  $\angle ACB$  ti.
2. a. Kofa qajeelaa                          d. Kofa refleeksii  
b. Kofa sirrii                                e. Kofa obtiyuusii  
c. Kofa Akkiyuutii
3. a.  $140^\circ$                                       b.  $78^\circ$     c.  $240^\circ$
4. a. Kofa Refleeksii                        b. Kofa akkiyuutii  
c. Kofa obtiyuusii                        d. Kofa qajeelaa  
e. Kofa refleeksii                        f. Kofa sirrii  
g. Kofa akkiyuutii

5. Sararoota waltarree jechuun sararoota diriiroo tokko irra jran ta'anii sararoota wal hin tuqne dha. Sararri walkiphan jechuun diriiroo tokko irra ta'uun kan tuqaa tokko irratti wal tuqan dha.

### Deebii gocha 6.1

1. a.  $\overrightarrow{BC}$   
b. Lakki (Hiikoo kana barattoonni beekuu dhiisuu danda'u).  
c. Eeyyee kofoota maddii jedhamuun beekamu
2. a. i.  $\overrightarrow{OA}$  roga walii ti. Verteeksiin walii isaanii O dha.  
ii.  $180^\circ$   
b. i. Eeyyee,  $\overrightarrow{OB}$  roga walii isaanii ti. Verteeksiin walii isaanii O dha.  
c. Eeyyee  
d. Kofoota waliin duubaa. (Barattoonni hiikoo kofoota waliin duubaa beekuu dhiisuu danda'u).  
e. Eeyyee, kofootni,  $\angle AOB$  fi  $\angle COD$  safara walqixa ta'e qabu.

### Deebii gocha 6.2

1. a. Ida'amni safara cimdii kofoota kanaa  $90^\circ$  dha.  
b. Ida'amni safara cimdii kofootaa  $90^\circ$ . Kanaaf walitti kofa sirrii uumu.  
c. Barattoonni deebii adda addaa siif kennuu danda'u ( $63^\circ, 27^\circ$ ), ( $53^\circ, 37^\circ$ ), ( $45^\circ, 45^\circ$ ) k.k.f.  
d. Eeyyee. Kofoota guuchisoo jedhamu. (Barattoonni hiikoo kofoota guuchisoo beekuu dhiisuu danda'u).
2. a.  $30^\circ + 150^\circ = 180^\circ$   
 $1^\circ + 179^\circ = 180^\circ$   
 $60^\circ + 120^\circ = 180^\circ$   
 $90^\circ + 90^\circ = 180^\circ$   
b. Cimdiawan kofootaa hunda keessatti, ida'amni safara cimdii kofootaa  $180^\circ$  dha  
Ida'amni safara cimdii kofootaa kofa qajeelaa uuma.  
c. Barattoonni deebii adda addaa siif kennuu danda'u. Fakkeenyaaaf,. ( $44^\circ, 136^\circ$ ), ( $2^\circ, 178^\circ$ ), ( $63, 117^\circ$ ), ( $110^\circ, 70^\circ$ ) k.k.f.  
d. Cimdiin kofootaa kun, kofoota hirkoo jedhamuun beekamu. (Barattoonni hiikoo kofoota hirkoo beeku dhiisuu danda'u).

### Deebii gilgaala 6.2

1.  $\angle AOB$  fi  $\angle BOC$ ,  $\angle AOC$  fi  $\angle COD$ ,  $\angle BOC$  fi  $\angle COD$ .

2.  $43^\circ$
3.  $\alpha = 90 - 32^\circ = 58^\circ$   
 $\beta = 180^\circ - 32^\circ = 148^\circ$
4.  $S(\angle LOM) = s(\angle PON) = 46^\circ$   
 $S(\angle MON) = s(\angle LOP) = 134^\circ$
- 5.

	$\alpha$	$\beta$
a	$58^\circ$	$32^\circ$
b	$69^\circ$	$21^\circ$
c	$66^\circ$	$24^\circ$
d	$47^\circ$	$43^\circ$

6.

	$\gamma$	$\theta$
a	$140^\circ$	$40^\circ$
b	$12^\circ$	$168^\circ$
c	$24\frac{1}{2}^\circ$	$155\frac{1}{2}^\circ$
d	$25.5^\circ$	$154.5^\circ$

7. i.  $160^\circ$       iii.  $133^\circ$       v.  $72^\circ$   
 ii.  $144^\circ$       iv.  $154^\circ$

8. Mee kofa kana  $x$  haa jennu. Kanaaf kofti guuchisoo isaa  $90^\circ - x$  ta'a.


$$x = 2(90^\circ - x).$$

$$x = 180^\circ - 2x$$

$$3x = 180^\circ = 60^\circ$$

Kanaaf kofichi  $60^\circ$  ta'a.

9. Kofti hirkoo kofa obtiiyuusii, kofa akkiyuutii dha.



$\angle AOC$  fi  $\angle BOC$  roga walii  $\overrightarrow{OC}$  qabu, garuu kofoota waliif hirkoo miti (ida'mni safara isaanii  $180^\circ$  waan hin taaneef)

10.  $\theta$  fi  $\gamma$ 'n lamaanuu kofoota hirkoo  $\beta$  waan ta'aniif,

$$\theta + \beta = 180^\circ$$

$$\gamma + \beta = 180^\circ$$

$$\text{Kanaaf } 180^\circ = \theta + \beta = \gamma + \beta.$$

$$\theta + \beta = \gamma + \beta.$$

Gama lamaan irraa  $\beta$  hir'isuun,  $\theta = \gamma$  ta'a.

Kanaaf, kofootni adda addaa lama, kofa hirkoo kofa tokkoo yoo ta'an, kofootni kun safara walqixa ta'e qabu.

### Madaallii

Madaallii kee waa'ee hiikoo kofootaa, verteeksii fi rogoottaa gaafachuun jalqabuu dandeesaa. Kana malees gilgaala keessa deebii 6.1 akka hojii dareetti fayyadamuu dandeessa. Barattooni kee wayitii gocha 6.1, gocha 6.2 fi hojii garee 6.1 hojjetan madaali. Kana malees gilgaala 6.2 akka hojii manatti kennuun soroorsi.

#### 6.1.2 Kofootaa fi sararoota wal-tarree

##### Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru

Barattoota kee gaaffiwwan armaan gadii gaafachuun barsiisa kee jalqabi.

- Tuqaaleen adda addaa lama, P fi Q'n yoo siif kennaman, sararoota tuqaalee kana lamaan keessa darban meeqa qabaachuu dandeessa?
- Sararootni adda addaa lama  $\ell_1$  fi  $\ell_2$  yoo wal qaxxaamuran, bakka meeqatti wal-qaxxaamuruu danda'u?
- $\ell_1$ ,  $\ell_2$  fi  $\ell_3$  sararoota diriiroo tokko irraa yoo ta'anii fi  $\ell_1$  fi  $\ell_2$  waltarree miti yoo ta'e, sararri  $\ell_3$  sarara  $\ell_1$ , yoo kiphe, sararri  $\ell_3$  sarara  $\ell_2$  ni kiphaa?

Gaaffiwwan armaan olii kana irratti barattooni gareedhaan akka mariyatan taasisi. erga irratti mariyatani booda, waan irratti mariyatan kana karaa bakka bu'aa isaanii gabatee gurraachaa irratti akka hojjetan taasisi. Deebii barattootaa irratti hundaa'uun, deebii armaan gadii barattootaaf kenni.

- Tuqaalee adda addaa lama P fi Q keessa kan darbu sarara tokko qofaa dha.
- Sararootni lama yoo wal kiphan tuqaa tokko qofaa irratti wal kiphu.
- $\ell_1$ ,  $\ell_2$  fi  $\ell_3$  sararoota diriiroo tokko irraa yoo ta'an, fi waltarree miti yoo ta'e, sararri  $\ell_3$ , sarara  $\ell_1$  yoo kiphe, sararri  $\ell_3$  sarara  $\ell_2$  ni kiphaa.

Deebiin ati gaaffii 3<sup>ffaa</sup> armaan oliitiif kennite, hiikoo sarara qaxxaamuraa sararoota waltarree lamaa akka kennituuf fi kofoota kana waliin walqabatanii uumaman akka kennituuf si gargaara. Kanaaf hiikoo sarara qaxxaamuraa, fi kofoota cimdii kana waliin walqabatanii uumaman kenni. Itti aansuun barattooni gocha 6.3 irratti akka

mariyataniif haala mijeessi. Gocha kana hojjechuuf barattoonni sarartoo, set iskuweerii fi pirootiraaktarrii qabaachuu qabu. Gaaffiwwan kun barattoonni yaadota ciccimoo irra akka gahan isaan gargaaru.

Wayitii barattoonni gocha kana hojjetaan daree keessa adeemuun jajjabeessi, gargaari. Yeroo muraasa booda, gareewwan hunduu hojji isaanii kana fulduratti bahuun akka gabaasan godhi. Wayitii isaan gabaasan gaaffii gaafachuun hubannoo barattootaa mirkaneeffadhu. Barattoonni hiikoowwan kana sirriitti hubachuu isaanii erga mirkaneeffattee booda, gilgaala 6.3 akka hojji daree fi hojji manatti kennuun soroorsi.

### Deebii gocha 6.3

1. d. Safarri isaanii wal qixa dha
- e. Cimdiin kofoota alaan cinaachaa safara wal-qixa ta'e qabu.
- f. Eeyyee
- g.  $180^\circ$
2. d, e, f fi g irraa yaada walii gala armaan gadii irra gahuun danda'ama.
  - a. Kofootni keessaan cinaachaa safara walqixa qabu.
  - b. Kofootni alaan cinaachaa safara walqixa qabu.
  - c. Kofootni waliigittaa safara walqixa ta'e qabu.
  - d. Kofootni keessaan cinaachaa kan gam tokkee sarara qaxxaamuraa irra jiran, kofoota waliif hirkoo dha.

### Deebii gilgaala 6.3

1. a.  $\angle NMQ$  fi  $\angle TPQ$  kofoota guuchisoo dha.
- b. Wayitii  $\overrightarrow{MN}$  fi  $\overrightarrow{PT}$  yoo waltarree ta'an
2. i.  $s(\angle BFE) = 72^\circ$       ii.  $s(\angle FGD) = 72^\circ$   
 iii.  $s(\angle AFG) = 72^\circ$       iv.  $s(\angle DGH) = 108^\circ$   
 v.  $s(\angle CGH) = 72^\circ$       vi.  $s(\angle EGC) = 108^\circ$
3.  $s(\angle ACM) = 45^\circ$
4.  $s(\angle D) = 180^\circ - 73^\circ = 107^\circ = s(\angle F)$   
 $s(\angle G) = 73^\circ$
5. a.  $s(\angle 2) = 50^\circ$       b.  $s(\angle 1) = 100^\circ$       c.  $s(\angle 3) = 136^\circ$   
 $s(\angle 3) = 130^\circ$        $s(\angle 2) = 100^\circ$        $s(\angle 2) = 44^\circ$   
 $s(\angle 1) = 130^\circ$        $s(\angle 3) = 80^\circ$        $s(\angle 1) = 136^\circ$
6. a.  $AD \parallel BC$  waan ta'eef,  
 $s(\angle A) + s(\angle B) = 180^\circ$   
 $\Rightarrow 6x + 3x = 180^\circ$   
 $\Rightarrow 9x = 180^\circ$   
 $\Rightarrow x = 20^\circ$

b.  $\overleftrightarrow{MN} \parallel \overleftrightarrow{OQ}$ , fi  $s(\angle MNO) = s(\angle QON)$  waan ta'eeef,

$$150^\circ = 2x$$

$$\frac{150^\circ}{2} = x$$

$$x = 75^\circ$$

7.  $s(\angle 2) = 70^\circ$

### Madaallii

Gaaffiiwan armaan olitti gaafatte akka sakatta'a hubannootti fayyadami. Barattoonni gocha 6.3 gareedhaan wayitii hojjetan madaali. Itti aansuun gilgaala 6.3 akka hojji manaatti kenuun sororsi. Barattoonni hojji manaa hojjetan kana gabatee gurrachaa irratti bahanii akka hojjetan taasisi.

## 6.2 ROGSADOO TA IJAARUU

**Wayitii keaname: wayitii 12**

### Kaayyoowwan

**Dhuma mata duree kanaan booda barattoonni:**

- ⌚ rogoonti rogsadee sadan yoo kennaman, rogsadee ni ijaaru.
- ⌚ rogoonti lama fi kofti gidduu rogsadee yoo kenname, rogsadee ni ijaaru.
- ⌚ kofootni lamaa fi rogni gidduu yoo kenname, rogsadee ni ijaaru.
- ⌚ hariiroo kofootaa fi rogoota rogsadee gidduu jiru ni ibsu.
- ⌚ hariiroo rogoota rogsadee gidduu jiru ni ibsu.

**Jechoota ijoo:** Rogsadee, sarara dhabbata, kofa, raadiyeesii golboo geengoo, kofo rogoota lama gidduu, roga kofoota lama gidduu

**Meeshaalee barbachisan:** pirootiraaktarii, sarartoo, kompaasii

### Seensa

Goleen kun rogsadoota ijaaruu irratti xiyyeffata. Rogootni tokko tokkoo fi kofootni muraasni yoo kenname, akkaataa rogsadeen ijaaramu irratti xiyyeffata. Kutaa 5<sup>ffa</sup> keessatti, barattoonni waa'ee ijaarsa rogsadee irratti hamma tokko yaada argataniiru.

## 6.2.1 Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru

Barattoonni akkaataa kompaasii fi sarartoo fayyadamuu danda'an irratti yaadachiisuu barsiisa kee jalqabi. Kana malees hiikoo rogsadee fi akkaataa rogsadeen itti moggaafamu barattoota yaadachiisi. Ijaarsa rogsadeewwanii otoo hin jalqabiin dura,

barattoonni hundi kompaasii, pirootiraaktarii fi sarartoo qabaachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Kana malees akkaataa sarara dhaabbataa fi kofa kennname ijaaruu danda'aniif gargaari. Itti aansuun barattoonni hojii garee 6.1 gareedhaan akka hojjetan taasisi. Wayitii barattoonni hojii garee kana hojjetan daree keessa adeemuun jajjabessi. Barattoonni hojii garee kana erga hojjetanii booda, adeemsa ijaarsa rogsadee barattootaaf ifa taasisi. Barattooni tarkaanfiilee jiran sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Ijaarsota kana erga xumuranii booda, barattoonni gocha 6.4 akka hojjetan taasisi. Ijaarsi as keessaa kun, barattootatti cimachuu danda'a. Kanaaf gargarsa gochuun sirraa eegama. Itti aansuun gilgaala 6.4 barattoota hojjechiisi. Ijaarsota gilgaala 6.4 tti aananii jiran barattoonni akka hojjetan taasisi. (ijaarsa 4 fi Ijaarsa 5).

Ijaarsota kanatti aansuun barattoonni gocha 6.5 akka hojjetan taasisi. gocha kanatti aansuun, amaloota rogsadee barsiisi. Dhuma irratti gilgaala 6.5 akka hojii manatti kennuun soroorsi.

### **Deebii hojii garee 6.1**

Hojiin garee kun kan kennname barattoonni sarara dhaabbataa fi kofa waraabuu (ijaaruu) danda'uu akka shaakalaniif dha. Kanaaf Tarkaanfii (1) fi (2) kitaaba barataa irratti kennname barattoonni hordofuu isaanii mirkaneessi gargaarsa godhi.

### **Deebii gocha 6.4**

Kanneen caalmaa rogoota rogsadee hin guunne ijaarsa kanaaf hin tajaajilan.

1. Lakkofsota (a) fi (b); kessatti kennamaniin rogsadee ijaaruun hin danda'amu. Garuu kaneen (c), (d), (e) fi (f) keessaa fayyadamuu rogsadee ijaaruun ni danda'ama.
2. (a) fi (b) keessatti ida'amni dhiirina rogoota gaggabaaboo lamanii, dheerina roga isa dheeraa waliin walqixa dha. (c), (d), (e) fi (f) keessatti, ida'amni dheerina rogoota gaggabaaboo lamaanii irra guddaa dheerina roga isa dheeraa ti.
3. a.  $a + b > c$       b.  $a + c > b$       c.  $b + c > a$
4. Ida'amni dheerina rogoota lama kamiiyuu irra guddaa dheerina roga 3<sup>ffaa</sup> ta'u qaba.

### **Deebii gilgaala 6.4**

1. Gaaffiin kun kan kennname, barattoonni ijaarsa (3) akka shaakalaniif dha. Kanaaf tarkaanfiilee ijaarsa (3) jala jiran kana barattooni gadi fageenyaan akka shaakalan godhi. Barattooni dhuunfatti mana isaaniitti hojjetanii gara daree otoo fidanii gaarii ta'a (waraqaa irratti jechuu dha). Kan baay'ee garii ta'e filachuun daree keessatti maxxansi.

2. Lakkofsota (a), (c) fi (e) keessatti kennaman fayyadamuun, rogsadee ijaaruun ni danda'ama. Kan (b) fi (d) keessatti kennaman fayyadamuun garuu rogsadee ijaaruun hin danda'amu.
3. a. 7 cm                          b. 2 cm                          c. 4.5 cm

### Deebii gocha 6.5

2. Rog sadee ayisoosilesii keessatti, kofootni fuullee rogoota walqixaa jiran, safara walqixaa qabu. Rogsadee roqqixxee (rog-sadee ikkuu laateraalii) keessatti, kofootni sadanuu safara walqixa ta'e qabu. Safari kofoota kanaas  $60^\circ$  dha.
4. a. Eeyyee                          b. Eeyyee                          c. Eeyyee                          d. Eeyyee
5. Rog-sadee ikkulaateraalii keessatti kofootni sadanuu safara walqixaa qabu. Safari kofoota kanaas  $60^\circ$  dha.
6. Lakki.

### Deebii gilgaala 6.5

3.  $\overline{BC}$  sababni isaas, kofti fuullee isaa jiru safara guddaa qaba.
4. Lakki. Sababni isaas lakkofsonni kennaman, walcaalma rogoota rogsadee hin guutan  $6 + 9 = 15 < 16$  ti.
5. Eeyyee  $s(\angle R) = 180^\circ - (30^\circ + 30^\circ) = 120^\circ$ .

### Madaallii

Barattoonni wayitii hojii garee 6.2, gocha 6.4, gocha 6.5 fi gilgaalota 6.4 fi 6.5 hojjetaa madaaluu dandeessa.

## 6.3 ROGSADOO TA WALITTI GALOO

Wayitii kenname: wayitii 12

### Kaayyoowwan

*Dhuma mata duree kanaan booda barattoonni;*

- ⌚ yaad rime walitti galummaa rogsadootaa ni ibsu.
- ⌚ rogsadoota wal irra kaa'uun, walitti galummaa rogsadootaa ni mirkaneeffatu.
- ⌚ yaaliwwan RKR, RRR, fi KRK tti fayyadamuun, walitti galummaa rogsadootaa ni mirkaneessu.

**Jechoota ijoo:** walitti galoo, rogoota waliigita, kofoota waliigita, rogsadoota walittigaloo, RRR, RKR, fi KRK tiin mirkaneessuu.

**Meeshaalee barbaachisan:** pirootiraaktarii, cimdii kompaasotaa, sarartoo fi rogsadoota adda addaa.

Seensa

Kaayyoona mata duree kanaa inni guddaan barattooni waa'ee walitti galummaa rogsadootaa akka baran gochuu fi walittigalummaa rogsadootaa yaaliwwan RRR, RKR, KRK tiin mirkaneessuu akka danda'an gochuu dha. Mata dureen kun goleewwan lamatti quodamee jira. Goleen jalqabaa waa'ee hiikoo walittigalummaa rogsadootaa irratti xiyyeffata. Goleen lammaffaa ammo mirkana walittigalummaa rogsadootaa irratti xiyyeffata.

### **6.3.1 Walitti galummaa rogsadootaa**

**Mala baruu barsiisuu mata duree kana barsiisuuf gargaaru**

Malummaan “walitti galummaa” qo’annoo ji’oomeetirii keessatti yaad rime baay’ee barbaachisaa ta’e dha. Kanaaf barattooni yaad-rimee kana akka hubataniif tilmaama isaanii waa’ee walittigalummaaf qaban irraa jalqabuu qabda. Kanaaf ammo maloota adda addaa fayyadami. Fakkiiwani fi danaalee kartoonii irraa hoijjetaman fayyadamuu dandeessa. Itti aansuun gocha 6.6 kan mata duree kana jalatti kitaaba barataa irratti kenname barattooni akka hoijjetan taasisi.

Wayitii barattoonni gocha kana hoijjetan hojii barattootaa hordofi. Daree keessa adeemuun gargarsa barattootaaf kenni. Kaayyoон gocha kanaa, danaaleen ji'oometirii lama walitti galoo kan ta'anii yoo bifaa fi hamma tokko qabaatani dha kan jedhu akka hubatan gochuu dha.

Gocha kanatti aansuun, hiikoo walitti galummaa rogsadootaa kan kitaaba barataa irratti kenname barattooni akka hubatan godhi. Hiikoo kana fakkeenyota adda addaa fayyadamuun cimsi. Mallatloo walittigalummaa rogsadootaa akka fayyadamuu baraniiif gargarsa godhi, Shaakalsiisi rogsadoonni lama kan walitti galoo ta'an yoo kennaman, rogoota walitti galoo fi kofoota walitti galoo ta'an akka adda baasuu danda'aniif shaakalsiisi. Itti aansuun barattooni hojji garee 6.3 akka hojjetaniif haala mijeessi.

## Gaaffiiwan gocha 6.6

Gaaffiiwan gocha 6.6 keessaa, keessa deddebi'anii hojjechuu barbaadu. Kanaaf barattoonni kee keessa deddeebi'anii akka hoijjetaniif jajjabeessi.

5. a. Eeyyee                          b. Eeyyee
6. Rogootni walii gitaa dheerina walqixa ta'e yoo qabaatanii fi Rogootni waliigitaan safara walqixa ta'e yoo qabaatan.

### Deebii hojii garee 6.2

1. Rogsadeen tokko mata isaa waliin tartiiba (haalota) adda addaa tiin walitti galoo ta'uu danda'a. Kun gosa rogsadichaa irratti hundaa'a. rogsadichi iskeelenii yoo ta'e karaa tokko qofaatu jira. Rogsadichi Ayisoosilasii yoo ta'e ammoo kara lamaan walitti galoo ta'uu danda'a. Rogsadichi roqixxee yoo ta'e ammo, karaa adda addaa 6 tiin walitti galoo ta'uu danda'a.
2. 6

### Madaallii

Barattoota kee gaaffii afaanii gaafachuun madaaluun dandeessa. Gaaffii mata keetiin qopheessuun akka hojii daree fi hojii manatti kennuu dandeessa.

### 6.3.2 Walitti galummaa rogsadeewwanii mirkaneessuu

Golee kana waa'ee hiikoo walitti galummaa rogsadootaa, mallattoo walitti galummaa rogsadootaa, barattoota kee yaadachiisuun jalqabi. Itti aansuun yaaliwwan sadan walitti galummaa rogsadootaa mirkaneessuuf nu gargaaran waliin wal barsiisi.

#### A. Walitti galummaa rogsadeewwanii Roga-kofa-Roga ilaaluun mirkaneessuu

Kana barsiisuuf gocha 6.7 barattoonni akka hojjetan gochuun jalqabi. Barattoonni hundi deebii wal-fakkaatu argachuu qabu. Kanaaf, barattoota garee miseensota 3 qabuun ijaaruun, gareedhaan akka hojjetan taasisi. Barattoonni meeshaalee herregaa isaan barbaachisan qabaachuu qabu. Waan gareedhaan hojjetan kana karaa bakka bu'aa garee akka gabaasan taasisi. Itti aansuun, yaalii Roga-kofa-Roga, kan walittigalummaa rogsadootaa mirkaneessuuf nu gargaaru barattoonni kitaaba barataa irraa akka dubbisan gochuun, ibsa kenni. Ibsa kee kana fakkeenyota kan kitaaba barataa irratti kennamanii fi fakkeenyota dabalataa fayyadamuun cimsi. Dhuma irratti gilgaala 6.6 keessaa gaaffiwwan akka hojii dareettii fi akka hojii manatti kenni.

### Deebii Gocha 6.7

1. (f) AC = FE = 5 cm                          (g) Eeyyee                                  (h) Eeyyee
2. Eeyyee, Eeyyee.

### Deebii gilgaala 6.6

1. a.  $\angle A \equiv \angle F$                           b.  $\overline{RQ} \equiv \overline{NO}$                           c.  $\angle O \equiv \angle X$

## 2. Mirkaneessuu

Himama	Sababa
1. $\overline{AC} \equiv \overline{BC}$	kan kenname
2. $\angle ACD \equiv \angle BCD$	kan kenname
3. $\overline{CD} \equiv \overline{CD}$	Roga walii rogsadeewwan lamaanii
4. $\Delta ACD \equiv \Delta BCD$	Tarkaanfii 1, 2 fi 3 fi RKR tiin.
3. $\Delta AEB \text{ fi } \Delta DEC$ , keessatti,	

**Kan kenname:**  $\overline{AE} \equiv \overline{DE}$  fi  $\overline{BE} \equiv \overline{CE}$

**Kan mirkaneessuu barbaannu:**  $\Delta AEB \equiv \Delta DEC$

Himama	Sababa
1. $\overline{AE} \equiv \overline{DE}$	Kennama
2. $\angle AEB \equiv \angle DEC$	Kofoota waliin duubaa
3. $\overline{BE} \equiv \overline{CE}$	Kennama
4. $\Delta AEB \equiv \Delta DEC$	Tarkaanfii 1, 2, fi 3 fi RKR tiin
4. $\Delta ABD \text{ fi } \Delta CBD$ Keessatti	

**Kan kenname:**  $\overline{AB} \equiv \overline{CD}$  fi  $\angle ABD \equiv \angle CBD$ .

**Kan mirkaneessuu barbaadnu:**  $\Delta ABD \equiv \Delta CBD$ .

Himama	Sababa
1. $\overline{AB} \equiv \overline{CD}$	kan kenname
2. $\angle ABD \equiv \angle CBD$	kan kenname
3. $\overline{BD} \equiv \overline{BD}$	Roga walii rogsadeewwan lamaanii
4. Kanaaf, $\Delta ABD \equiv \Delta CBD$	tarkaanfii 1, 2, 3 fi RKR tiin
5. $\Delta ABE \text{ fi } \Delta CDF$ keessatti	

**Kan kenname**

1.  $\overline{AB} \equiv \overline{CD}$
2.  $\overline{BE} \equiv \overline{DF}$
3.  $\angle ABE \equiv \angle CDF$

**Kan mirkaneessuu barbaadnu:**  $\Delta AEB \equiv \Delta CFD$

Himama	Sababa
1. $\overline{AB} \equiv \overline{CD}$	Kan kenname
2. $\angle ABE \equiv \angle CDF$	Kan kenname
3. $\overline{BE} \equiv \overline{DF}$	Kan kenname
4. Kanaaf, $\Delta ABE \equiv \Delta CDF$	Tarkaanfii 1,2,3 fi RKR tiin
5. $\angle AEB \equiv \angle CFD$	Kofoota walittigaloo Rogsadeewwan kanaa

## B. Walitti galummaa rogsadeewwanii Roga-Roga-Roga ilaaluun mirkaneessuu

### Mala baruu barsisuu

Waa'ee RRR barsiisuuf, RKR armaan dura barsiiste yaadachiisuun jalqabi. Itti aansuun gaaffii armaan gadii barattoota gaafadhu.

Yaaliin biraan kan RKR tiin alatti ta'e, kan walitti galummaa rogsadootaa mirkaneessuuuf nu gargaaru jiraa?

Deebii barattoota walitti qabuun, barattooni hojii garee 6.3 akka hojjetan taasisi. deebii isaanii sassaabun, deebii barattoota irraa sassabde kana irratti hundaa'uun, yaalii RRR, kan walittigalummaa rogsadootaa mirkaneessuuuf nu gargaaru ibsi. Ibsa kee kana fakkeenyaan cimsi. Dhuma irratti gilgaala 6.7 keessaa gaaffiwwan akka hojii manaa fi akka hojii dareetti kennuun soroorsi.

### Deebii Hojii garee 6.3

Kaayyoon hojii garee kanaa, yaalii RRR fayyadamuu barattooni walitti galummaa rogsadootaa mirkaneessuu akka danda'an gochuu dha. Deebiin isaan kennan ijaarsa isaanii irratti kan hundaa'e dha.

- (3) Eeyyee
- (4) Eeyyee,  $\Delta ABC \cong \Delta DEF$ . sababni isaan  $\overline{AB} \cong \overline{DE}$ ,  $\overline{BC} \cong \overline{EF}$ ,  $\overline{CA} \cong \overline{FD}$ . Kana malees,  $\angle A \cong \angle D$ ,  $\angle B \cong \angle E$  fi  $\angle C \cong \angle F$ .


### Deebii gilgaala 6.7

1. Rog sadeewan  $ABD$  fi  $ACD$  keessatti,

#### Kan kanname

- i.  $\overline{AB} \cong \overline{AC}$  fi  $\overline{DB} \cong \overline{DC}$
- ii.  $s(\angle BDA) = 30^\circ$ .


#### Kan barbaadamu, $s(\angle CDA)$ :



Himama	Sababa
1. $\overline{AB} \equiv \overline{AC}$	kan kenname
2. $\overline{BD} \equiv \overline{CD}$	kan kenname
3. $\overline{AD} \equiv \overline{AD}$	Roga walii
4. $\Delta ABD \equiv \Delta ACD$	Tarkaanfii 1, 2, 3 fi SSS
5. Kanaaf, $\angle BDA \equiv \angle CDA$	Tarkaanfii 4 fi hiikoo walittigalummaa rogsadootaa
6. $s(\angle BDA) = 30^\circ$	Kan kenname
7. $s(\angle CDA) = 30^\circ$	tarkaanfii (5) fi (6) irraa.
2. $\Delta BDC$ fi $\Delta CEB$ keessatti, kan kenname	

- i.  $\overline{BD} \equiv \overline{CE}$
- ii.  $\overline{DC} \equiv \overline{EB}$
- iii.  $s(\angle BDC) = 50^\circ$

**Kan barbaadamu:**  $s(\angle BEC)$



Himama	Sababa
1. $\overline{BD} \equiv \overline{CE}$	Kan kenname
2. $\overline{DC} \equiv \overline{EB}$	Kan kenname
3. $\overline{BC} \equiv \overline{CB}$	Roga walii
4. $\Delta BDC \equiv \Delta CEB$	Tarkaanfii 1, 2, 3 fi RRR
5. $\angle BDC \equiv \angle CEB$	Tarkaanfii 4 fi hiikoo walittigalummaa rogsadeewwanii
6. $s(\angle BDC) = 50^\circ$	Kan kenname
7. $s(\angle CEB) = 50^\circ$	Tarkaanfii (5) fi (6) irraa
8. $s(\angle BEC) = 50^\circ$	
3. $\Delta ABD$ fi $\Delta ACD$ keessatti	

**Kan kenname**

- 1.  $\overline{AB} \equiv \overline{AC}$
- 2.  $\overline{BD} \equiv \overline{CD}$

**Mirkaneessuu kan barbadnu:**  $\angle ADB \equiv \angle ADC$


Himamama	Sababa
1. $\overline{AB} \equiv \overline{AC}$	Kan kenname
2. $\overline{BD} \equiv \overline{CD}$	Kan kenname
3. $\overline{AD}$	Roga walii
4. $\Delta ABD \equiv \Delta ACD$	Tarkaanfii 1, 2, 3 fi RRR tiin
5. $\angle ADB \equiv \angle ADC$	Tarkaanfii 4 fi hiikoo walitti galummaa rogsadootaa
6. $\Delta ABC$ fi $\Delta DCE$ Keessatti	
4. $\Delta ABD$ fi $\Delta DCA$ Keessatti	

### Kan kenname

1.  $\overline{AB} \equiv \overline{DC}$
2.  $\overline{BD} \equiv \overline{CA}$

### Kan mirkaneessuu barbaadamu:

$$\Delta ABD \equiv \Delta DCA$$



Himama	Sababa
1. $\overline{AB} \equiv \overline{DE}$	Kan kenname
2. $\overline{BD} \equiv \overline{CA}$	Kan kenname
3. $\overline{AD} \equiv \overline{DA}$	Roga walii
4. $\Delta ABD \equiv \Delta DCA$	Tarkaanfii 1, 2, 3 fi RRR
5. $\Delta ABC \equiv \Delta DEF$	RRR

garuu,  $\Delta ABC$  rogsadee kofti isaa tokko akkiyuutii ta'e dha.

Kanaaf,  $\Delta DEF$  Rogsadee kofa akkiyuuti ti.

6.  $\overline{BC} \equiv \overline{AD}$

### C. Walitti galummaa Rogsadeewwanii kofa-Roga-kofaan mirkaneessuu

#### Mala baruu barsiisuu

Barsiisa kee waa'ee RKR fi RRR yaadachiisuun jalqabi. Itti aansuun gaaffii armaan gadii barattoota kee gaafachuun jalqabi "yaaliin biraan kan RKR fi RRR irraa adda kan ta'e, kan walittigalummaa rogsadeewwanii mirkaneessuuf gargaaru jira?" Deebii barattoota irraa sassabadhu deebiwwan sassabde kana qindeefadhuu. Barattoonnii

hiikoo 6.9 kan kitaaba barataa irratti kennname akka dubbisan gochuun, ibsi. Ibsa kana fakkeenyaan cimsi. Fakkeenya 7 fi fakkeenya dabalata fayyadami.

Hiikoo 6.9 erga ibsitee fi gocha 6.8 erga hojjettee booda, yaalii walitigalummaa rogsadeewwanii ittiin mirkaneessinu isa sadaffaa (KRK) kan kitaaba barataa irrati kennname barattooni akka dubbisan taasisuun ibsi. Gocha 6.8 irratti xiyyeefannaa kenni. Ibsa kee fakkeenyaan cimsi. Gaaffiwwan gilgaala 6.8 keessaa muraasa akka hojii daree fi hojii manatti kennuun soroorsi.

### Madaallii

Gaaffii afaanii barattoota kee gaafachuun, isaan madaaluu dandeessa. Kana malees wayitii isaan gocha 6.8 hojjetan madaaluu dandeessa. gilgaala 6.8 keessaa gaaffiwwan muraasa akka hojii manaatti kennuun soroorsi.

### Deebii gocha 6.8

2. (e) Eeyyee. (f) Eeyyee. (g) Eeyyee.
3. Eeyyee, rogoonti waliigittaa rogsadoota,  $\Delta ABC$  fi  $\Delta DEF$  walitti galoo dha.

### Deebii Gilgaala 6.8

1.  $\Delta CBA$  fi  $\Delta DEF$  keessatti

#### Kan kennname,

1.  $s(\angle E) = s(\angle B) = 30^\circ$
2.  $s \overline{AB} = s \overline{EF} = 3 \text{ cm.}$
3.  $s(\angle F) = s(\angle A) = 70^\circ.$

#### Kan mirkaneessinu: $\Delta CAB \equiv \Delta DEF$

Himama	Sababa
1. $S(\angle E) = S(\angle B)$	Kan kennname
2. $\angle E \equiv \angle B$	Tarkaanfii 1 fi hiikoo walittigalumma kofootaa
3. $EF = AB$	Kan kennname
4. $\overline{EF} \equiv \overline{AB}$	Tarkaanfii 3 fi hiikoo walitti galummaa sarara dhaabbataa
5. $S(\angle F) = S(\angle A)$	Kan kennname
6. $\angle F \equiv \angle A$	Tarkaanfii 5 fi hiikoo walittigalummaa kofootaa
7. $\Delta DEF \equiv \Delta CBA$	Tarkaanfii 2, 4, 6 fi KRK tiin
2. Kan kennname	
1. $\angle BAC \equiv \angle DEC$	
2. $\overline{AC} \equiv \overline{EC}$	

#### Kan mirkaneeffamu: $\Delta BAC \equiv \Delta DEC$

Himama	Sababa
1. $\angle BAC \equiv \angle DEC$	Kan kennname
2. $\overline{AC} \equiv \overline{EC}$	Kan kennname
3. $\angle ACB \equiv \angle ECD$	kofoota waliin duuba
4. $\Delta ABC \equiv \Delta EDC$	Tarkaanfii 1, 2, 3 fi KRK tiin
3. $\angle B \equiv \angle D$	
4. $\overline{HE} \equiv \overline{LM}$	
5. $\Delta ABC \equiv \Delta MLN$	KRK tiin
$\overline{AC} \equiv \overline{MN}$	Hiikoo walitti galummaa rogsadootaa fi tarkaanfii 5
$s(\overline{MN}) = 5 \text{ cm}$	

## 6.4 SAFARA

Wayitii kennname: wayitii 12

### Kaayyoowwan

*Dhuma mata duree kanaan booda barattoonni*

- ⌚ foormulaa bal'inaa reektaangilii irraa, foormulaa bal'ina rogsadee kofa sirrii ni baasu.
- ⌚ bali'ina rogsadee kofa sirrii ni shallagu.
- ⌚ iskuweer saantiimeetirii gara iskuweer meetiritti ni jijiiru.
- ⌚ iskuweer meetirii gara iskuweer saantii meetiritti ni jijiiru.
- ⌚ naannawaa rogsadeewwanii ni shallagu.
- ⌚ formula qabee priizimii reektaangulaatti ni fayyadamu.

**Jechoota ijoo:** Reektaangilii, Rogsadee, Rogsadee kofa sirrii, Bal'ina, Naannawaa, Iskuweer yuuniitii, Iskuweer meetira, Iskuweer saantiimeetira, Heektaara, priizimii Reektaangulaa'aa, qabee, kiyubik yuunitii, kiyubik meetira, kiyubik saantimeetira, liitira, mililitira.

**Meeshaalee barbaachisan:** - chaartii rogsadeewwan adda addaa agarsiisu, Reektaangiloota,

- Modeelii danaalee jaboo (moodelii priizimii Reektaangulaa'aa, moodeelii kiyubooyidii k.k.f.

## Seensa

Mata duree kana keessatti barattooni waa'ee bal'ina fi Naannawaa rogsadee fi reektaangilii waliin ni wal baru. Yuuniitii bal'inaa tokko yuuniitii bal'inaa biraatti ni jijiiru. Kana malees qabee priizimii reektaangulaa'aa ni shallagu. Yuniitii qabee tokko gara yuuniitii qabee biraatti ni jijiiru. Mata dureen kun goleewwan lamatti quodamee jira. Goleen jalqabaa bal'inaa fi naannawaa rogsadee fi rektaangilii irratti xiyyeffata. Mata dureen lammataa ammo waa'ee qabee priizimii rektaangulaa'aa irratti xiyyeffata.

### 6.4.1 Bal'ina rogsadee kofa sirrii fi Naannawa rogsadee

#### Mala baruu barsiisuu

Waa'ee gosoota rogsadee adda addaa yaadachiisuun jalqabi. Keessumayyuu rogsadee kofa sirrii irratti xiyyeffanna kenni. Rogsadee kofa sirrii keessatti, rogoonti sadeen maqaa addaa qabu. Rogootni gaggabaaboon lamaan miilotaa rogsadichaa jedhamu. Rogni inni dheeraan ammo hayipootinesii jedhama. Barattooni waa'ee bal'inaa fi naannawaa rektaangilii kan kutaa 5<sup>ffaa</sup> keessatti baratan akka yaadatan godhi. Itti aansuun gocha 6.9 kan kitaaba barataa irratti kennname barattooni akka hojjetan taasisi. Garee miseensota 3 qaban ijaaruun, gocha kana gareedhaan aka hojjetan taasisi. Deebii barattoota irraa erga sassaabdee booda, deebii barattootaa irratti hundaa'uun foormullaa bal'ina rektaangilii yaadachiisi. Waa'ee sarbii akka hubatan taasisi. Sarbiin rektaangili rogsadoota walitti galoo ta'an lamatti akka quodu itti himi. Akka mirkaneessan gaafadhu. Itti aansuun barattooni bal'ina rogsadee kofa sirrii bal'ina reektaangili fayyadamuun akka argatan gargaari. Kana irraa ka'uun formula bal'ina rogsadee kofa sirrii akka argachuu danda'aniif issaan gargaari. Itti aansuun foormullaa bal'ina rogsadee kofa sirrii kan kitaaba barataa irratti kennname ibsi. Ibsa kee kanas fakkeenyaa cimsi. Fakkeenyaa 1 fi fakkeenyaa 2 fayyadami. Barattooni akka shaakalaniif gaaffii akka hojii dareetti kennuun soroorsi.

Itti aansuun yuuniitii bal'inaa tokko gara yuuniitii bal'inaa biraatti jijiiruu akka danda'an gargaari. Fakkeenyota 3, 4, 5 fi 6 kitaaba barataa irratti kennamaniin yaada kana cimsi. Erga jijiiraa yuunitota bal'inaa barsiistee booda, waa'ee Naannawaa rogsadee fi foormulaa bal'ina Naannawaa rogsadee ibsuun, foormulaa kana fakkeenyaa 7 fi 8 fayyadamuun cimsi. Dabalataan gaaffiwwan Nannawaa rogsadee ilaallatan akka hojii dareetti barattootaaf kenni. Dhuma irratti gilgaala 6.9 keessaa gaaffiwwan muraasa akka hojii daree fi hojii manatti kennuun soroorsi.

#### Deebii gocha 6.9

1. a. Reektaangiliin rog-afree kan rogoonni fuullee walii walittigaloo fi kofootni isaa hundi kofa sirrii ta'ani dha.
  - b. 90°
2. a. 12 cm<sup>2</sup>
3. a.  $\ell \times w$  iskuweer yuunitota
- b. Bal'ina reektaangilichaa

**Deebii gilgaala 6.9**

1.  $24 \text{ cm}^2$

2.  $A = \frac{1}{2} ab.$

$$24 = \frac{1}{2} \times 8 \times b = 4b$$

$$b = \frac{24}{4} = 6 \text{ cm.}$$

3.

a	b	A
3	4	6
6	8	24
18	24	216

4. Bal'inni danaa kanaa = Bal'ina rogsadee + Bal'ina rektaangili

$$= (\frac{1}{2} \times 5 \times 12) + (6 \times 12) = 30 + 72 = 108 \text{ iskuweer yuunitii}$$

5. a.  $5 \text{ m}^2$       b.  $0.1 \text{ m}^2$       c.  $60,000 \text{ m}^2$

6. a.  $80,000 \text{ cm}^2$       b.  $6000 \text{ cm}^2$       e.  $300,000,000 \text{ cm}^2$

7. a. Hektaara 6      b. Hektaara 4      c. Hektaara 0.012

8. Bal'inni danaa kanaa kan dibame = Bal'ina rektaangilii - Bal'ina rogsadeewwanii

$$= 5 \times 24 - 2 \left( \frac{1}{2} \times 3 \times 4 \right)$$

$$= 120 - 12 \text{ cm}^2 = 108 \text{ cm}^2$$

Naannawwan danaa dibame kanaa =  $24 \text{ cm} + 24 \text{ cm} + 3 \text{ cm} + 4 \text{ cm} + 3 \text{ cm} + 2 \text{ cm}$

$$= 48 \text{ cm} + 7 \text{ cm} + 7 \text{ cm} = 48 \text{ cm} + 14 \text{ cm} = 62 \text{ cm}$$

9. a.  $8 + 11 + 13 = 32 \text{ cm}$       b.  $21 + 11 + 25 = 57 \text{ cm}$

c.  $9 + 12 + 15 = 36 \text{ cm.}$

10. 7 cm

11. a. 24 cm      b.  $24 \text{ cm}^2$

## Madaallii

Gaaffii Afaanii daree keessatti gaafachuun barattoota kee madaaluu dandeessa. Kana malees gocha 6.9 wayitii hojjetan barattoota kee madaali gilgaala 6.9 akka hojii manatti kenuun soroorsi.

### 6.4.2 Qabee piriizimii rektaangulaa'aa

**Meeshaalee barbaachisan:** moodelii kiyuubooyidii, modelii piriizimii reektaangulaa'aa. (kaartoonii boronqii fayyadamuu dandeessa).

## Mala baruu barsiisuu

Waa'ee qabee piriizimii fi qabee kan baratoonni kufaa  $5^{\text{ffaa}}$  kessatti baratan yaadachiisuun jalqabi. Ibsa waa'ee qabee priizimii reektaangulaa'aa tasgabbeessuuf gocha 6.10 baratoonni akka hojjetan taasisi. Deebii gaaffiwwan kanaas barattoota irraa sassaabi. Deebii sassaabde kana irratti hundaa'uun foormulaa qabee piriizimii ibsi. Ibsa kee kana fakkeenya 1 fi fakkeenya 2 mata duree kanaa jalatti kitaaba barataa irratti kenname fayyadamuu cimsi.

Itti aansuun, yuuniitii qabee tokko akkaataa yuuniitii qabee biraatti jijiiru danda'an irratti ibsa kensi. Ibsa kee kana fakkeenyaan cimsi. Baratoonni yuuniitii qabee tokko yuuniitii qabee biraatti jijiiruu danda'uun isaanii mirkanoeffadhu. Gilgaala 6.10 keessaa gaaffiwwan muraasa akka hojii daree fi akka hojii manatti kenuun soroorsi.

## Deebii gocha 6.10

$$1. \quad \text{a. } 3 \text{ cm} \times 4 \text{ cm} \times 8 \text{ cm} = 96 \text{ cm}^3 \quad \text{b. } 3 \text{ cm} \times 4 \text{ cm} \times 5 \text{ cm} = 60 \text{ cm}^3$$

## Deebii gilgaala 6.10

1. liitira 1,500,000
2. Oleen = 6 cm
3. a.  $3000 \text{ cm}^3$       b.  $500 \text{ cm}^3$       c.  $92 \text{ cm}^3$
4. a.  $5000,000 \text{ cm}^3$       b.  $27,000,000 \text{ cm}^3$       c.  $32,000,000 \text{ cm}^3$
5. a.  $62,000 \text{ ml}$       b.  $5000 \text{ ml}$       c.  $96,000 \text{ ml}$
6. a.  $2000 \text{ cm}^3$       b.  $5 \text{ cm}^3$       c.  $11,000,000 \text{ cm}^3$
7. a.  $2000 \text{ l}$       b.  $5,000 \text{ l}$       c.  $6000 \text{ l}$
8. 0.3 l
9. Hammi qilleensaa = Qabee manaa =  $3 \text{ cm} \times 5 \text{ cm} \times 12 \text{ cm} = 180 \text{ cm}^3$
10. Qabe (V) = Bal'inaa hundee  $\times$  olee  
 $200 \text{ m}^3 = 5 \text{ m} \times 5 \text{ m} \times \text{h}$

$$h = \frac{200m^3}{5m \times 5m} = \frac{200m^3}{25m^2} = \frac{200}{25} m = 8 \text{ m}$$

## Madaallii

Gaaffii afaanii gaafachuun barattoota kee madaaluu dandeessa. Gaaffiwwan qopheessuun hojii manaa kenni. Moodeela piriizimii reektaangula'aa akka hojjetan godhi. Gilgaala 6.10 akka hojii manatti kennuun soroorsi.

### Deebii gilgaala waliigalaa Boqonnaa 6

1. Oolee =  $32 \div 16 = 2$  cm
2. a. Kofootni guuchisoo fi hirkoo kofa  $20^\circ$ , duraa duubaan  $70^\circ$  fi  $160^\circ$  dha.  
b. Kofootni guuchisoo fi hirkoo kofa  $30^\circ$ , duraa duubaan  $60^\circ$  fi  $150^\circ$  dha.  
c. Kofootni guuchisoo fi hirkoo kofa  $45^\circ$ , duraa duubaan  $45^\circ$  fi  $135^\circ$  dha.
3. 6 cm
4. 8 cm
5. Mee koficha  $x$ . haajennu. Kanaaf koftii hirkoo isaa  $180^\circ - x$  ta'a.  
Kanaaf,  $180 - x = 2x + 30 \Rightarrow 150 = 3x \Rightarrow 50^\circ = x$   
Kana waan ta'eef safarri kofichaa  $50^\circ$  dha.
6. a. kofoota waliigitaa.  
b. kofoota keessaan cinaachaa.  
c. kofoota waliin duubaa.  
d. Eeyyee.  
e. yoo  $\ell_1$  waltarree  $\ell_2$  ta'u.
7. kan (a) fi (c) jalatti kennaman dheerina rogoota rogsadee ta'u.
8.  $\angle B$  kofa safara guddaa qabu dha.  $\angle C$  kofa safara xiqqaa qabu dha.
9.  $\overline{FG} \equiv \overline{MN}$
10. Eeyyee, RKR
11. Eeyyee, RKR
12. **Himama** **Sababa**

1. $\overline{BC} \equiv \overline{BD}$	kan kenname
2. $\overline{CO} \equiv \overline{DO}$	kan kenname
3. $\overline{BO} \equiv \overline{BO}$	roga walii
4. $\Delta CBO \equiv \Delta DBO$	tarkaanfii 1, 2, 3 fi RRR
5. $\angle CBO \equiv \angle DBO$	tarkaanfii 4 fi hiikoo walittigalummaa rogsadootaa
13.  $\Delta MNO \equiv \Delta MQO$  (RRR tiin)  
Kanaaf s( $\angle MNO$ ) = s( $\angle MQO$ )  
garuu s( $\angle MQO$ ) =  $65^\circ$  waan ta'eef, s( $\angle MNO$ ) =  $65^\circ$
14.  $2 \text{ m}^3$
15.  $5 \text{ m}^3$

**SILABASII BARNOOTA**

**HERREGAA**

**KUTAA 6**

## Seensa

Barattoonni kutaa 6 akka barumsa herregaa hawwatani fi meeshaa gargaarsaa godhatanii sadarkaa caalmatti naannoo isaanii waliin Madaal'uu fi beekuu danda'an kakaasuu fi gargaaramuu qabau. Ijoleen barumsa Herregaaf hubannoo gaarii qaban yoo ta'e ilaalchi isaanii fi jaalala barumsaaf qaban guddaata'a. Sochiin barumsaa haala gaariitiin karoorfamee kennamu barattoonni barumsa kana akka jaalatanii fi haala saayinsaawatiin waa kalaquu akka danda'an isaan kakaasa. Barattoonni muuxxannoo argatan, barumsa herrega akka meeshaa wal-qunnamssiisaa fi waa'ee wantoota ibsuu, tilmaamuu fi hiikaa kennuf itti fayyadamu. Hubannoo gadii fageenya, hamilee cima fi bu'a guddaa galmasiisaniif badhaasuun barbraachisaa dha.

Shamarran fi dargaggoon jaalalaa fi fee'dhii barumsaaf qaban wantoota faallaa barumsaaf ta'an hunduma irraa bilisa ta'uun dammaqinaan barumsa isaanii hordofuu ni gabbifatu. Barattoonni barumsa herregaan bu'a gaarii galmasiisan barumsaaf feedhii cima ta'e qabu. Ijoleen sochii isaanii guyyaa guyyaan raawwatan keessatti akka faayidaa qabu fi bu'aa kennuu isaa yoo hubatan barumsaan barachuuf feedhiin isaanii ni kaka'a.

Haala waa kalaquuf barnootni Herregaa barbaachisa akka ta'e agarsiisuuf mijaa'u qaba. Hubannoo dalagaan guyyaa guyyaa raawatamu keessatti beekumsi qama barnoota herregan qabuu hammam bu'a qabeesa akka ta'e hubachisuun barsiisuu qabna. Hirmaanaan barattootaa sochii baruu fi barsiisuu keessatti maalummaa herregaa barsiisuuuf qofa osoo hin ta'iin hagam barumsi kun jiru keenya wajjiin qunnamtii akka qabuu ti. Barrattoonni faayidaa barumsa kana irra argatan akka lakkofsatti lakkaawu, nyaata tokko qopheessuuf yeroo hammam itti fudhatu fi fuduraa tokko bakka wal-qixa barbaadametti quodoo ni baru.

Barattoonni barumsa herregaa muxxannoon jiruu isaanii keessatti qaban kan hiikoo qabuu fi qindomina qabuun jaalala fi amala gaarii ni gabbifatu.

Baruu fi barsiisuu keessatti hojiin bu'aa qabeessa isa kamiyyuu caalaatti ciminaan barumsa kana barattoonni akka hawwatan fi kaka'an gochuudha. Barsiisota Herregaatiif barumsi dhokataa fi xaxamaa kan barattoonni yaadan wajjiin hin simoofne ta'uun isaa hamilee ni kutachiisa. Malloonni pedaagojii haarofti, barattoonni barumsaaf akka kaka'u danda'an, kan dhugooma, naamusa egun fi fedhii guddaa

irratti kan hunda'e dha. Sochiin dhugoomaa naannoo barattoota wajjiin qabu jecha dhugaa fi waliin dhiyeenya barattota walii qabu dha. Barattoonni muxxannoosaa isaanii akka gabifatan, hiikaa qabeessa ta'u fi ilaalcha isa fuula dura adunyaaf qaban kan naannoo isaanitiin wal-qabatedha. Haqummaadhaan argamuun, sochii baruu fi barsiisuu keessatti fia ta'uu dhabuu lugaa, ogumaa, Herrega ykn saayinsii ta'e cabsuuf ni gargaara.

## Kaayyoo Barnoota Herrega Kutaa 6<sup>ffaa</sup>

Kutaa 5<sup>ffaa</sup> keessatti barattoonni waa'ee sirna lakkofsotaa, Qoyyaboota, jijiiramootaa, Himoota walqixaa fi walcaalmaa, safartoota, ji'oomeetrii fi qabiinsa daataa gabbifataniru (baraniru). Kutaa 6<sup>ffaa</sup> keessatti immoo hubannoo fi dandeettiwwan gama barnota herreegaan qabaan ni gabbifatu jedhame eegama .

- Tuuta keessatti hiika jechootaa siritti ni ibsu.
- Cita tuutotaa, cita xiqaal tuutotaa, tuutota wal-qixaa fi tuutota walmadaalan addaanni baafatu.
- Tuuta kiphaa fi tuuta Makoo tuutota lama ni barbaadu.
- Danaa veenii Makoo fi kiphan tuutotaa ni kasuu, akkasumas piroobleemota jechoota sasalphoo ni furu.
- Lakkoofsota hundaa kan 2, 3, 4, 5, 6, 8, 9 fi 10f hiraman addaan baasu.
- Lakkoofsota firaakshinii fi deesimaalii ni baayy'isuu.
- Lakkoofsota firaakshinii deesimaaloataaf ni hiru.
- Lakkoofsota uumamaa lama ykn sadii kan dijiti tokkoo ykn lama ta'aniif hiramaa waliixiqichaa (HWX) fi Hirmaata walii guddichaa (HWU) baasuun ni barbaadu
- Lakkoofsota kophxii fi kompositii adda baafatuu
- Sarara lakkoofsa fayyadamuu lakkoofsa intijaroota waliin Madaaluu fi ni tatibeessuu.
- Sarara lakkoofsa fayyadamuu fi dhisuun lakkoofsota intijarii ida'uun fi wal irra hir'isuu.
- Lakkoofsota firaakshinii gara deesimalii fi dhibbarraa geedaruu.

Lakkoofsota deesimaaloata dhaabbataa gara firaakshinootaa fi firaakshinoota gara deesimaalota dhaabatatti geedaruu.

- Dhibbarraa gara firaakshinootatti fi deesimaaloata ni geedaruu.
- Lakkoofsota firaakshinoota wal-madaalchisu akkasumas ni tartiibeessu.
- Tartibaa hojii isaa agarsiisuun himoota wal-qixa fi wal caalmaa sararaa lakkoofsota irratti ni faru.
- Piroopporsiinii kallatti fi piroopporsiinii fuggisoo fayyadamuu fi ibsuun piroobleemota ni furu.
- Piroopporsiinalii kallatti fi piroopporsiinalii fuggisoo giraafii ni agarsiisuf kaasuu,
- Tuqaa Qarxii 1<sup>ffaa</sup> keessatti ko'oordinateosa isaa ni barbaadu. akkasumas tuqaalee koordinateeta kennamaniif ni agarsiisu.
- Naannowaa fi balina rog-sadootaa, iskuweerootaa fi reektaagilootaa ni shallagu
- Qabee Reektaangula pirizimiin, barbaadu.
- Seentimeetirii Iskuweerii gara Iskuweer meetirii fi Iskuweer meetirii gara seentii meetirii Iskuweeritti ni geedaru.
- Seentimeetir kuubii gara meetir kuubii fi meetir kuubii gara seentimetrkuubii ni geedaru.

- Kofoota sararoota waltarree lamaa fi sarara qaxxaamuraan uumamee piroobleemoota isaa ni furuu.
- Kofoota Wal Maddii fi kofoota waliin duubaa adda baafachuu fi kofoota guchisoo fi hiirkoo ta'an ni barbaadu.
- Amaloota rog-sadootaa ijaarsaa isaanii irratti hunda'uun murteessuu fi nibsuu.
- Walitti galummaa rog-sadoota ulaagaalee walitti galummaa isaanii fayyadamanii walitti galummaa addan ni baasu (RRR, RKR, KRK)
- Rog-sadoota haala kennama dheerina rogoota isaanitiin ijaaru.

## *Boqonna 1: Yaadrimeewwan Bu'uraa Tuutota (Wayitii 19)*

*Boqqonaa kana booda barattoonni:*

- ⌚ *Yaad-rime tuutaa ni hubatu*
- ⌚ *Hariirowwan tuutota lamaa ni ibsu.*
- ⌚ *Makaa fi kiphaa tuutotaa ni barbaadu.*

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee Baruu-Barsiisuu Fi Leecallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaallii</i>
<p>Barattoonni barumsa kana booda:</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Maalummaa tuutaa fi Miseensa tuutaa ni ibsu.</li> <li>• Hariirowwan tuutota kan akka cita tuutaa, cita tuuta xiqaan, tuuta wal-qixaa fi tuutota wal Madaalaan ni ibsu.</li> </ul>	<p><b>1. Yaadrimeewwan Bu'uraa Tuutotaa</b></p> <p><b>1.1. Seensa Tuutota (Wayitii 3)</b></p> <p><b>1.2. Hariirowwan Tuutota (Wayitii 6)</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattoonni ofii isaanitiin fakkeenyatuuta akka ibsan jajjabeessuu (<i>Fkn</i>) Tuuta barattoota shamaranii gola isaanii)</li> <li>• Barattoonni akka tuutaduwaa fi Mallatoo isaa gargaaraman qajeelchuu.</li> </ul> <p><b>-Fakkeenyaaaf:-</b> Barattoota gola keessa kan umriinisaanii 100 ta'u.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattoonni akka Mallattoolee tuutaa fi hariirowwan tuutaa akka ibsan gargaaru.</li> <li>• Barattoonni Hiikoo citatuuta, cita tuuta xiqaan, tuuta wal-qixaa fi tuutota wal-madaalan akka adda baafatan fakkeenyootaan shaakalsiisuu (Baay'ini Miseensota sadii (3) osoo caaluu baate)</li> </ul> <p><b>Fakkeenyaaaf:</b> Yoo A = {a, b} ta'e, citni tuutota isaa:  {a}, {b}, {a,b}, Ø  Cita xiqaan isaa ammo {a}, {b}, Ø</p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattoonni fakkeenyoota tuuta akka kennan gaafachuu.</li> <li>• Cita tuutaa, cita tuuta xiqaan, tuutota wal-qixaa fi tuutota wal Madaalan haala gargar baafatan gaafii kennuu.</li> </ul>

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee Baruu-Barsiisuu Fi Leecaallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaallii</i>
<ul style="list-style-type: none"> <li>Miseensota kiphaa tuutota lamaa barbaaduu.</li> <li>Miseensota Makoo tuutoota lamaa ni barbaadu.</li> <li>Danaa veenii fayyadamuun tuutota makoo fi kiphaa lamaa ni agarsiisu.</li> </ul>	<p><b>1.3. Tuutootan Qoyyabuu (Wayitii 10)</b></p> <p><b>1.3.1. Kiphaatuutotaa</b></p> <p><b>1.3.2. Makao Tuutotaa</b></p> <p><b>1.3.3. Danaa Veenii</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattonni waa'ee makoo fi kiphaa tuutota lamaa irratti akka shaakalan gochuu.</li> <li>Barattooni Makoo fi kiphaa tuutota lamaa danaaveenii dhaan akka agarsiisan gargaaru.</li> <li>Barattooni piroobleemoota kiphaa fi makoo danaa veenii tuutotaa irratti hunda'uun akka barbaadan gargaaru.</li> </ul> <p>A                    B</p> <p>Danaa veenii armaan olii irraa miseensota tuuta</p> <p><math>A = \underline{\quad} A \cup B = \underline{\quad}</math></p> <p><math>B = \underline{\quad} A \cap B = \underline{\quad}</math></p> <p><math>\text{fi } B \cup A = \underline{\quad} B \cap A = \underline{\quad}</math></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>Barattooni piroobleemoota jechaa salphaa furuu akka shaakalan gargaaru.</li> </ul> <p><b>Fkn.</b> Mana barumsa tokko keessatti miseensonni</p> <p>Gumii Herregaa Tolaa, Gammachu, Obsee fi Caaltuu, fi Gumii Afaan Ingilizii keessatti Tulluu, tolaa, Ahimad fi Gammachu yoo ta'an dandaa veenii fayyadamuun tuutota lama agarsiisuu.</p>	Barattooni akka kiphaa fi makoo tuuta lama dana veenii irra akka barbaadan gochuu.

## *Boqonnaa 2: Hirumummaa Lakkoofsota Hundaa (Wayitii 23)*

*Barnoota boqonnaa kanaa booda barattonni:*

- ⌚ Seerota hiramummaa Lakkoofsota hundaa ni beeku.
- ⌚ Lakkoofsota kophxii fi kompozitii adda ni baafatuu.
- ⌚ Lakkoofsota hundaa kennamee hirmaattota kophxii isaaniin ni deddiriisu.

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyee</i>	<i>Gochaalee Baruu Barsiisuu Fi Leecaallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaallii</i>
Barumsa mataduree kanaa booda barattoonni: <ul style="list-style-type: none"> <li>• Lakkoofsota hundaa 2,3,4,5,6,8,9 fi 10f hiraman addaan baafatuu.</li> </ul>	<b>2.Hiramummaa Lakkoofsota Hundaa</b>  <b>2.1Hiikoo Hiramu mmaa</b>  ( <i>Wayitii 6</i> )	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattoonni lakkoofsota hundaa kan lakkoofsota 2,3,4,5,6,8,9 fi 10f hiraman hiruun akka mirkanefatan gargaaru.</li> </ul>	
<ul style="list-style-type: none"> <li>• Lakkoofsota kophxii fi lakkoofsota kompozitii addaan ni baasu.</li> <li>• Lakkoofsota hunda kennamaniif hirmaattoota kophxii isaaniitiin ni diddiriirsu.</li> <li>• Yaadrimee hirmaantoota walii gudichaa (HWG) lakkoofsota hunda lamaa ni ibsu.</li> </ul>	<b>2.2 Hiramootaa fi Hirmaattota</b>  ( <i>Wayitii 17</i> )  <b>2.2.1.Keessa Deebii Hiramootaa fi Hirmaattota.</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Lakkoofsota hundaa kennamaniif akkaataa hiramootaa fi hirmaattota itti barbaadan keessa deebi'iu.</li> <li>• Maalummaa lakkoofsota kophxii fi kompozitii erga ibsameef booda barattoonni lakkoofsota kophxii fi kompozitii akka addaan baafatan jajjeebesuu.</li> <li>• Barattoonni lakkoofsota hundaa kan baay'ataa lakkoofsota kophxii ta'an dame hirmaattotaanakka ibsan gargaaruu</li> </ul>	-Gilgaalota adda addaa kennuun seerota hiramummaa akkafayyadaman gaafachuu.  Barattoonni lakkoofsota kophxii lakkoofso ta kompozitii irra akka adda baafatan gaafachuu.  -Barattootni hirmaattot lakkoofsota kennamee hunda akkasumas hiramoota muraasa akka tarreessan gaafachun pirobileemii kennuu.

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee Baruu-Barsiisuu Fi Leecaallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaallii</i>
<ul style="list-style-type: none"> <li>Lakkoofsota waliif kophxii addaan ni baasuu.</li> </ul>	<p><b>2.2.2. Lakkoofsota Kophxii Fi Kompozitii fi Hirmaantoota Kophxiitiin Diddiriirsuu.</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Yaadrimee lakkoofsota hirmaataa walii gudichaa kan lakkofsota hundaa lama fi lakkoofsota kophxii sirrii ifa gochuu.</li> <li>Barattooni akka hirmaatota walii fi hirmaattota walii guddicha lakkoffsota hundaa lama akka murteessan gargaaru.</li> </ul> <p><b>Fakkeenyaaaf:</b> Hirmaata walii guddichaa(HWG) 36 fi 60 barbaadi.</p> <p>Hirmaatoota 36 = {1,2,3,4,6,9,12,18,36}</p> <p>Hirmaatota 60 = {1, 2, 3, 4, 5, 6, 10, 12, 15, 20, 30, 60}</p> <p>Hirmaatoota walii kan 36 fi 60 = {1,2,3,4,6,12}</p> <p>Hirmaat walii guddicha (HWG) = 36 fi 60 = 12</p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Gilgaaloota adda addaa kennuun akka lakkofsota hirmaatoota kophxii lakkofsota uumamaa akka barbaadan gochuu.</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>Hiramoota walii xiqichaa (HWX) lakkofsota hundaa lamani murteessu.</li> </ul>	<p><b>2.2.3. Hirmaattota Walii</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Erga yaadrimee baayatoota walii ibsitee booda barattooni akka hiramoota walii</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Piroobleemoota lakkofsota hirmaatoota walii guddichaa (HWG) fi</li> </ul>

<ul style="list-style-type: none"> <li>Yaadarimee baay'atoota walii lamaa kan lakkoofsota hundaa ni ibsu</li> <li>Hiramaataa walii xiqqichaa kan lakkoofsota uumamaa lamaa ykn sadii abbaa dijiitii tokkoo ykn lamaa ni barbaadu...</li> </ul>	<p><b>2.2.4.Hiramoota Walii</b></p>	<p>xiqqichaa kan lakkoofsota lama ykn sadii kan abbaa dijiitii tokkoo yookiin lamaa akka murteessan gargaaruu.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>Haaluma walfakkaatuun hirmaattota walii tarreesuun</li> </ul> <p>Hirmaataa walii xiqqicha lakkoofsa /lakkoofsota kennamee ibsuu akka shaakalan gargaaruu.</p>	<p>hiramoota walii xiqqichaa (HWX) akka barbaadan</p>
--	-------------------------------------	---	---

### *Boqonnaa 3: Firaakshinoota fi Deesimaalota (Wayitti 41)*

*Dhumaa barnoota boqonnaa kana booda barattoonni:*

- ⌚ *Lakkoofsonni firaakshinoota fi Deesimaalotni bifa lamaatiin yaa ibsamu malee lakkoomsaa tokkichaa ibsu isaa ni hubatu.*
- ⌚ *Ogummaa tartibeesuu, ida'uu, hiri'isuu, baay'isuu fi hiruu firaakshinoota fi deesimaaloota ni guddifattu.*
- ⌚ *Piroobleemoota lakkofsota firaakshinota fi deesimaalotaan bakka bu'aniin ni hojjatu.*

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee Baruu-Barsiisuu Fi Leecaallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaallii</i>
<p>Barumsa kana booda barattoonni:</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Firaakshiniini salphisuu.</li> <li>• Firaakshini gara deesimaalit ti fi dhibbarraa ni geedaru.</li> </ul>	<p><b>3. Firaakshinoota fi Deesimaaloota</b></p> <p><b>3.1. Lakkofsota Firaakshinii Salphisuu (Wayitti 5)</b></p> <p><b>3.2. Geedarumsaa Firaakshinoota Deesimaalota Fi Dhibbarraa (Wayitti 10)</b></p> <p><b>3.2.1. Firaakshinoota Gara Deesimaloota Fi Dhibbarraattii Geedaru.</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Lakkoofsota firaakshinii hirmaata waamama fi waamsiisaa isaanii erga kenitee booda barattoonni aka yaadrimeee HWG firaakshinii salphifametti fayyadaman shaakaliisuu.</li> <li>• Lakkofsota deesimaalii dhaabbataa fi dadeebi'aa ta'anii ibsuun jalqabun barattoonni firaakshinii gara deesimaalii fi dhibbarraa hiruun deebii isaa abbaa dijiti deesimaalii lama ykn sadii akka gedaran gargaaru.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Piroobleemota firaakshinii akka salphisan kenu.</li> <li>• Gilgaala firaakshinii gara deesimaalii fi dhibbarraa geddaruu kenu fakkeenyaaaf barattoota dubartootaa barattoota dhiraaj wajjin firaakshiniin barreessuun gara deesimalitti fi dhibbarraa geddaruu.</li> </ul>

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee Baruu-Barsiisuu Fi Leecaallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaalii</i>
<ul style="list-style-type: none"> <li>• Deesimaalota dhaabbataa gara dhibbarra fi firaakshiniitti geeddaruu..</li> </ul>	<p><b>3.2.2.</b>  <b>Deesimaalota</b>  <b>Dhaabataa Gara</b>  <b>Firaakshinotatti fi Gara</b>  <b>Dhibbarraatti I</b>  <b>Geeddaruu</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattoonni lakkofsota deesimaalii lakkofsa abbaa pawarii 10n baay'isuu fi hiruu akka shaakalan jajabeessuu.</li> </ul> <p><b>Fakeenya:</b> 0.25 fi 0.5 gara firakshinii fi dhibbarraa geeddaruu.</p> $0.25 = 0.25 \times \frac{100}{100} = \frac{25}{100} = 25\% = \frac{1}{4}$ $0.5 = 0.5 \times \frac{100}{100} = \frac{50}{100} = 50\% = \frac{1}{2}$	<ul style="list-style-type: none"> <li>Piroobleemoota deesimaalii dhaabbataa gara firakshinoota fi dhibbarraa geeddaran kennu.</li> </ul>
<ul style="list-style-type: none"> <li>• Dhibbarraa gara firaakshinittifi deesimalitti nigeedaru</li> <li>• Firaakshinoota waliin ni madaalu.</li> <li>• Firaakshinota ni tartibeesu.</li> <li>• Ida'ama firaakshinoota fi deesimaalii ni shallagu.</li> </ul>	<p><b>3.2.3.</b>  <b>Dhibbarraa</b>  <b>Gara</b>  <b>Firaakshinii fi Deesimalitti</b>  <b>Geedaru.</b></p> <p><b>3.3.</b>  <b>Firaakshinoota</b>  <b>Waliin</b>  <b>Madaaluu fi</b>  <b>Tartibeesu</b>  <b>(Waytti 5)</b></p> <p><b>3.4.</b>  <b>Firaakshinoota</b>  <b>fi</b>  <b>Deesimaaloota</b>  <b>Gadi</b>  <b>Fageenyaan</b>  <b>Ida'uu Fi</b>  <b>Hir'isuu.</b>  <b>(Wavittii 10)</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattoonni dhibbarraa gara firaakshinitti fi deesimalitti geedaruu akka shaakalan gargaaruu.</li> <li>Barattoonni yaadrimnee firaakshinoota waliigitaan akka keessa deebi'an gochuu.</li> <li>Barattoonni firaakshinoota fi deesimaalota akka waliin madaalan fi tartibeessan gargaaru.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Piroobleemoota dhibbarraa gara firaakshinii fi deesimalitti akka geeddaran keenufi.</li> <li>Gilgaala firaakshinoota wal madaalan fi tartibeesan kennu.</li> </ul>
• Firaakshinoota fi deesimaaloota wal irra hir'isuu ni shallagu.	<b>3.4.1.</b> <b>Firaakshinoota</b> <b>fi Deesimaloota</b> <b>Ida'uu</b>	Barattoonni firaakshinoota fi deesimaaloota akka mijaa'utti geedaruun akka ida'an fi hir'isan qajeelchuu.	Piroobleemoota garagaraa ida'uu fi hir'isuu firaakshinoota fi deesimaaloota kennu.

<ul style="list-style-type: none"> <li>Piroobleemota jechaa ida'uun fi hir'isuun ni furu.</li> </ul>	<p><b>3.4.2. Firaakshinoota fi Deesimaaloota Hir'isuu.</b></p>	<p><b>Fakkeenya:</b> Ida'ama barbaadi.</p> $\frac{1}{2} + 0.8 = 0.5 + 0.8 = 1.3 \text{ Hirisi}$ $0.5 - \frac{1}{3} = \frac{1}{2} - \frac{1}{3} = \frac{1}{6}$	
<ul style="list-style-type: none"> <li>Baay'ataa firaakshinoota fi deesimaaloota ni barbaadu.</li> <li>Deesimaaloota deesimaaliin ni hiru.</li> <li>Lakkoofsota uumamaa signifakaantiin ni ibsu</li> <li>.</li> </ul>	<p><b>3.5. Firaakshinoota fi Deesimaaloota Gadii Fageenyaan Baay'isuu fi Hiruu (Wayitii 11)</b></p> <p><b>3.5.1. Firaakshinoota Fi Deesimaaloota Baay'isuu.</b></p> <p><b>3.5.2. Deesimaaloota Hiruu.</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattoonni firaakshinoota firaakshinotaan fi deesimaaloota deesimaaliin baay'isuun akka keessa deebi'an gochuu.</li> <li>Barattoonni firaakshinii deesimaaliin haala mij'a ta'een geeddaranii akka baay'isan gargaaru (Deesimaaloota abbaa dijitii 2 gargaaramuun ni danda'ama) Barattoonni lakkoofsota deesimaaliif hiruu, waamamaa fi waamsisaa isaa gara lakkoofsota uumamaa baay'ataa paawrii 10n geedduun akka shaakalan gargaaru.</li> </ul> <p><b>Fakkeenya:</b></p> $0.2 \div 0.4 = \frac{0.2}{0.4} = \frac{0.2 \times 10}{0.4 \times 10} = \frac{2}{4} = \frac{1}{2} = 0.5$ $25.6 \div 0.16 = \frac{25.6}{0.16} = \frac{25.6 \times 100}{0.16 \times 100}$ $= \frac{2560}{16} = 160$ <ul style="list-style-type: none"> <li>Maalummaa mallatloo saayinsaawaa ibsuun barattoonni lakkoofsota uumamaa mallatloo saayinsaawaatiin akka barreessan gargaaru</li> </ul> <p><b>Fakkeenya:</b></p> $216 = 2.16 \times 10^2$	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattooni piroobleemota firaakshinoota fi deesimaloota akkaataa deebii baay'isu fi hiruu kennan mirkanefachuu.</li> <li>Gilgaaloota lakkoofsoota uumamaa mallatloo saayinsaawaan akka hojjatan kennu.</li> </ul>

## *Boqonnaa 4: Intijaroota (Wayitti 18)*

*Xumura barnoota boqonna kanaa booda barattoonni:*

- ⌚ *Yaadrimee intijarootaa ni hubatu.*
- ⌚ *Intijaroota sarara laccoofsa irratti ni agarsiisu.*
- ⌚ *Intijaroota qoyyaboota ida'uu fi hir'isuun ni hojjatu.*


<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee Baruu-Barsiisuu Fi Leecaallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaallii</i>
<p>Barattoonni dhuma barumsa kana booda:</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Tuuta laccoofsota intijarii ni ibsu.</li> <li>• Intijaroota sarara laccoofsota irratti nimul'isu.</li> <li>• Hariiroo laccoofsota uumamaa laccoofsota hundaa fi Intijaroota (NCWCZ) waliin qaban ni ibsu.</li> <li>• Intijaroota sarara laccoofsa irratti walii madaluun ni tartiibeesu.</li> <li>• Laccoofsota intijirii duraa dubaa isaanii addaan baasanii niteechisu.</li> </ul>	<p><b>4. Intijaroota</b> <b>4.1. Seensa Intijaroota (Wayitti 5)</b></p> <p><b>4.2. Laccoofsota Intijaroota Waliin Madaalu fi Tartiibeessuu.</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Haala adda addaa fayyadamuun waa'ee maalummaa laccoofsota negativii ibsuu. Fakkeenyaa: Tampiracharii zeeroo gadii ta'u)</li> <li>• Yaad-rimee intijarii, Mallattoo fi tuuta intijarii ifa gochuun jalqabu. Z={...-3,-2,-1,0,1,2,3.....}</li> <li>• Barattoonni intijaroota sarara laccoofsa irratti akka agarsiisan gargaaruu.</li> <li>• Barattoonni hariiroo tuuta laccoofsota N, W fi Z gidduu jiran dana veeniin akka agarsiisan gochuu.</li> <li>• Barattooni laccoosota intijarii sarara laccoofsa irratti agarsiisuun akka waliin madaalu fi tartiibessu shaakalan gochuu.</li> </ul> <p>(Barattoonni sadarka kana irra jiran laccoofsota lama keessa laccoofsi harka bita jiru laccoofsa harka mirga jiru irra xiqqaa akka ta'e hubachisuu).</p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattoonni intijaroota sarara laccoofsa irratti akka agarsiisan gaafachuu.</li> <li>• Barattoonni hariiroowwan laccoofsota uumamaa, laccoosota hundaa fi intijaroota akkasumas tuutota waliin deeman akka ibsan gaafachuu.</li> <li>• Gilaaloota intijaroota waliin madaalu fi tartibeesu kennuu. Barattoonni laccoosota intijarii sarara laccoosa gabatee guraacha irratti ka'uun akka agarsiisan gochuu.</li> <li>• Barattooni dura dubaa intijaroota akka ibsan gaafachuu.</li> </ul>

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee Baruu-Barsiisuu Fi Leecaallowwan	Tooftalee Madaallii
<ul style="list-style-type: none"> <li>Intijaroota ni Ida'u.</li> <li>Intijaroota Lama Wal'irra Ni Hir'isu.</li> </ul>	<p><b>4.3. Intijaroota Ida'u Fi Hirisu (Wayitii 8)</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattoonni mallattoolee ida'uu fi pozтиви akasumas. Nagativii fi hir'isu gargar baafachuu akka shaakalan gochuu. Fakkeenya <math>2 + 3, 2-3, -2+3, 2+(-3), -3+(-4)</math></li> <li>Barattoonni lakkosota intijaroota akka ida'aan fi hir'isan shaakalchisuu.</li> </ul> <p><b>Fak:</b> ( i ) <math>-2+3</math> jechuun '<math>-2</math> ida'uu <math>3'</math> jalqaba <math>-2</math> irraa ka'uun gara mirgaatti yuunitii 3 deemuu, <math>-2+3 = 1</math></p> <p><b>Fkn:</b> ( i ) <math>-1+(-2)</math> jechuun (-1) Ida'uu (-2)' jalqaba -1 irraa ka'uun gara bitaatti yuunitii 2 deemun,</p> $-1 + (-2) = -3$	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattoonni mallattoolee ida'uu fi nagativii hir'isu akkasumas mallattoota pozativii fi ida'u akka addaan baasanii ibsan gaafachuu.</li> <li>Gilgaalaoota addaa kan intijaroota ida'u fi hir'isu kennuu</li> </ul>

**Boqonnaa 5: Himoota wal-qixaa sararawaa, Himoota wal-caalmaa****Sararawaa fi Piroopporshinalummaa (Wayitii 25)****Xumuraa boqonnaa kanaa booda barattooni:**

- ⌚ *Himoota wal qixaa sararawaa fi himoota wal-caalma sararawaa ogummaa isaanii gabifachuun ni furu (akka  $x+a = b$ ,  $x + a > b$ )*
- ⌚ *Yaad-rimee piroopporshinaalummaa kallatti fi piroopporshinaalummaa faggiso addaan ni baasu akka giraat fidhaan ni agarsiisu.*

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee Baruu-Barsiisuu Fi Leecaallowwan	Tooftalee Madaallii
Xumuraa Mata duree barnoota kana booda barattooni:  • Hima wal-qixa sarara-waa ni furu $x+a = b$	<p><b>5.1 Himoota Walqixaa Sararawaa, Himoota Wal-Caalmaa Sararawaa Fi Piroopporshinaalummaa</b></p> <p><b>5.1. Furmaata Himoota Wal-Qixa Sararawaa Fi Wal Caalmaa Sararawaa Isa Salphaa (Wayitii 7)</b></p> <p><b>5.1.1. Furmaata Himoota Walqixaa Sararawaa Tartibaa 1<sup>ffaa</sup></b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattoonni himoota walqixa sararawaa lakkoofsota kennamanii irra bakka busuun akka furan gargaaru.</li> <li>• Danaa madalii fayyadamuun yaada hima wal gita ibsuu.</li> </ul> $x + 3 = 5$ <p>Madaalla Hangaa</p> <p><b>Seera dabarsuu</b> gargaaramuu lakkoofsa wal-qixa ta'e gama lachuu ida'uu fi hir'isuun ibsuun gargaaru.</p> <p><math>a = b \rightarrow a + c = b + c</math> yoo a, b fi c <math>\in Q</math> ta'an seera dabarsuutiin gargaaramuu hima wal-qixaa sararawa akka furan jajjabeesu.</p> $x + 3 = 5$ $x + 3 - 3 = 5 - 3$ $x = 2$	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Gilgaalota adda addaa hima wal-qixa sararawaa bifaa <math>x+a=b</math> qabu furuurratti kennuu.</li> </ul>

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee Baruu- Barsiisuu	Tooftalee Madaallii
<ul style="list-style-type: none"> <li>Hima walcaalmaa sararawaa bif a + a &gt; b ykn x + a &lt; b qaban ni furu.</li> </ul>	<p><b>5.1.2. Furmaata Hima Walcaalmaa Sararawaa Tarkaanfii Tokkoon Furaman</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattootni hima wal-caalma sararawaa mandhee isaanii irratti hunda'uun akka furmaata barbaadan itti agarsiisuu fi gargaaru.</li> </ul> <p>Fakkeenya: <math>x+2 &lt; 5</math> furi, yoo mandheen</p> <p>a) Tuuta lakkofsota hundaa</p> <p>b) Tuuta lakkosota lakkaawii <math>\approx x \in \{-3, -2, -1, 0, 1, 2, 3, 4\}</math></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>Barattooni furmaata himoota wal-caalmaa sararawaa sarara lakkosa irratti akka agarsiisan gargaaru.</li> </ul> <p><i>Fakkeenyota:</i></p> <p><math>x+2 &lt; 5</math> yoo mandheen isaa lakkosota lakkaawwii ta'e tuuta formaata isa irratti agarsiisuu.</p> <p><math>x + 2 &lt; 5</math></p> <p><math>x &lt; 3</math></p> 	<p>Gilgaaloota adda addaa kennuun hima wal-caalma sararawaa mandhee irratti hunda'uun akka furan kennu.</p>
<ul style="list-style-type: none"> <li>Qarxii 1<sup>ffaa</sup> keessatti ko'oordineetota tuqaa ni barbaadu, ni murteessuu.</li> <li>Ko'oordineet oota qarxii 1<sup>ffaa</sup> keessatti keenameef tuqaan bakka</li> </ul>	<p><b>5.2. Ko'oordinetoota (wayitii 6)</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Waa'ee daataa walitti qabu, hariiroo tartiibaa cimdii tartii akka dubbisannii fi hubatan keessa deebi'uu.</li> <li>Ko'oordineetii keenamee irraa akka tuqaalee ko'oordineetii</li> </ul>	<p>Yaadrimee absiisaa fi ordineetii Qarxii 1<sup>ffaa</sup> keessatti keenameef akka ibsan gaafachuu.</p> <p>Tuqaalee cimdii tartii adda addaa qarxii 1<sup>ffaa</sup> keessatti argaman</p>

ni busu.		dubbisan ibsuu. <ul style="list-style-type: none"> <li>Tuqaa kennameef cimdi tartii isaa ko'oordinateetii kennameef akka agarsiisan gargaaruu.</li> </ul>	gaafachu.										
<ul style="list-style-type: none"> <li>Piroopporshin aalii kallatti fi dhaabgiteessa piroopporshin aalummaa ni ibsu.</li> <li>•</li> </ul>	<p><b>5.3. Piroopporshi-naalummaa (<i>wayitii 12</i>)</b></p> <p><b>5.3.1. Piroopporshin aalummaa Kallattii</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Yaada-rimee piroopporshinaalumm aa kallatti haala fakkeenya armaan gaditti wal-barsiisoo suqiin tokkoo irsaasi tokkoo saantima 50'n yoo gurguree gatiin irsaasi lama <math>2 \times 50</math> saan = 100saan gatiin irsaasi jaha <math>6 \times 50</math> san. 300saan akkas jechuun piroopporshinaalii kallattii fi dhaab giteensa pirooporshinaalummaa ibsuu.</li> <li>Gabatee kenname irra piroopporshinaalummaa kallattii akka murtaseen jajjabeesu.</li> <li>Piroopporshinaalummaa kallattii giraafidhaan agarsiisu akka shaakalan gargaaruu.</li> <li>Barattoonni piroopporshinaalummaa kallattii of keessaa qabatan akka hojjatan gargaaruu. <b>Fkn.</b> Gatiin ufannaa Yuniformii isaanii meetrii sadii qarshii 60 yoo ta'e, gatiin meetira 5nii meeqa ta'a?</li> </ul>	Gabatee tartiibaa piroopporshinaalu mmaa kennudhaan barattoonni dhaabgiteensa isaa akka murteessan gaafachuu. <table border="1" style="margin-left: auto; margin-right: auto;"> <tr> <td>a</td><td>2</td><td>3</td><td>4</td><td></td></tr> <tr> <td>b</td><td>4</td><td>6</td><td>10</td><td></td></tr> </table> Barattoonni amala giraafi barbaachisa?piroopporshinaalummaa kalattii akka kennan gaafachuu. Pirobleemoota jechaa kan akka: Huccuu meetira 16n Qamisi 4 hodhu yoo danda'ame Qamisi 6 hodhuuf huccuu meetira meeqa barbaachisa	a	2	3	4		b	4	6	10	
a	2	3	4										
b	4	6	10										

<ul style="list-style-type: none"> <li>piroopporshin aalumaa fuggisoo fi Tartiilee piroopporshina alummaa ni ibsu. Tartiilee piroopporshin aalummaa ni murteessu.</li> <li>Giraafii piroopporshin aalummaa ni kaasu.</li> <li>Beekumsa piroopporshin aalummaa fuggisoo irratti handaa'un piroobleemoo ta ni furu.</li> </ul>	<p><b>5.3.2. Piroopporshinaalu mmaa Fuggisoo</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattooni yaadrime piroopporshinaalumaa kallatti keessa deebi'uun piroopporshinaalumaa fuggisoo haala fakkeenya armaan gadii akka hubachuu danda'an mijeesuu.</li> </ul> <p>Fakkeenya: Barattooni lama gola tokkoo daqiqaa 20 keessatti yoo qulqulleesanii xumuru danda'an,</p> <p>barattooni sadii goluma kana daqiqaa meeqa keessa qulqulleesanii xumuru (piroopporshinaalumaa fuggisoo isaa ibis)</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>Gabatee kennname irra piroopporshinaalumaa dhaab giteensaa isaa akka agarsiisan jajjabeesu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattooni naannoo isaanii irra fakkeenya piroopporshin aalii fuggisoo akka kennan gaafachuu.</li> <li>Gabatee irratti hunda'uun giraafii piroopporshin alummaa fugisoo akka agarsiisan gaafachuu.</li> <li>Piroobleemoo ta piroopporshin aalummaa fuggisoo kennufi</li> </ul>
--	--	--	---

## *Bogonaa 6: Ji'oomeetrii fi Safaruu (way'tii 44)*


*Xumuraa barnoota boqoonnaa kana booda:*

- ⌚ Kofoota addaan ni baafatuu
- ⌚ Walitti galummaa rog-sadoota ni mirkaneefatu.
- ⌚ Rogsadoota ni ijaaru.

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee Baruu- Barsiisuu Fi	Tooftalee Madaallii
Barattoonni xumuraa mataduree kana booda: <ul style="list-style-type: none"> <li>• Kofoota maddii fi kofoota waliin dubaa addaan ni baafatu.</li> <li>• Kofoota guchisoo ta'an ni barbaadu.</li> <li>• Kofoota hirkoo ta'an ni barbaadu.</li> </ul>	<b>6. Ji'oomeetrii Fi Safaruu</b> <b>6.1. Kofoota (Wayitiis)</b> <b>6.1.1. Kofoota Walitti Dhufan</b> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Kofoota Maddii</li> <li>• Kofoota Waliin Dubaa</li> <li>• Kofoota Guchisoo</li> <li>• Kofoota Hirkoo</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Yaad-rimee waa'ee kofoota ilaachisee hanga amatti barattoonni waan beekan keessa deebi'anii akka ibsanii fi yaadatan haala mijeessu.</li> <li>• Waa'ee kofoota maddii fi waliin dubaa erga ibisi kenname booda barattoonni akka addaan baafatan jajjabeessu.</li> <li>• Waa'ee kofoota guchisoo fi hirkoo walitti dhufeenyi fi amala isaanii irratti mari'achisuu fi ibsa kennu.</li> </ul>	Sararoota qajeeloo wal qaxxaamuran lama fakkeessuun kofoota waliin dubaa, kofoota maddii fi kofoota hirkoo akka addaan baafatan gafachu.  Barattoonni kofota guchisoo akka kaasan gaafachu.  Gilgaaloota adda addaa kan kofoota guchisoo fi hirkoo irratti hunda'ee kennu.
<ul style="list-style-type: none"> <li>• Sararaa qaxxaamuraa addaan ni baafatu.</li> <li>• Kofoota keessaa cinaachaa addaan ni baafatu.</li> <li>• Kofoota alaan cinaachaan addaan ni baafatu.</li> <li>• Kofoota gitaa</li> </ul>	<b>6.1.2. Kofoota fi Sararoota Waltarree</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Waa'ee sarara qaxxaamura sararoota lama ibsu.</li> <li>• Yaad-rimeewan kofoota waliigitaa fi kofoota keessan cinaachaa akka addaan baasanii hubachuu danda'an haala mijeessu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattoonni sararoota waltarree fi sarara isaaniin qaxxaamuru akka ijaaran gaafachu.</li> <li>• Barattoonni kofoota keessaa cinaachaa alaanchinaa fi gitaa akka addaan baafatan gaafachu.</li> </ul> Piroobleemoota kofoota sararoota waltarree fi

<p>addaan ni baafatuu.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Walitti galummaa kofoota sararoota kan wal tarree lama fi sararaa qaxxaamura irra uummaman ni mirkanefatu.</li> <li>• Piroobleemoota kofoota sararoota kan waltarree lama fi sararaa isaaniin qaxxaamuree irraa uumama ni tturu.</li> </ul>		<ul style="list-style-type: none"> <li>• Kofoota keessaan cinaachaa akka addaan baafatan gochuu.</li> <li>• Barattooni walitti galummaa kofoota keessaan cinaachaa, kofoota alaan cinaachaa fi kofoota gitaa kan sararoota waltarree lamaa fi sarara isaaniin qaxxaamure irra uumaman qofa kan argaman ta'u isaani hubachuun ni agarsiisu.</li> <li>• Barattooni piroobleemoota kofoota sararoota wal tarree fi qaxxaamuran uumaman irratti hunda'un akka hojatan gochuu.</li> </ul>	<p>sararaa qaxxaamuran irraa uumamee kennuu.</p>
<ul style="list-style-type: none"> <li>• Dheeina rogoota kennaman sadii irraa rog sadee ni jiru.</li> <li>• Rogsadoota kana dheerina rogoota lamaa fi kofa rogoota lamaan hammatameen ni ijaaru.</li> <li>• Rog-sadoota kan kofoota lamaa fi roga kofoota lamaaniin hammatameen ni ijaaru.</li> <li>• Walitti dhufeenya rogoota fi kofoota kana rog sadee kennamee jidduu jiruni ni ibsu.</li> </ul>	<p><b>6.2.Rog-Sadoota Ijaaruu (Wayitii 12)</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>•Barattooni sarartoo fi kompasii fayyadamudhaan safara dheerina rogoota rog-sadee kenname akka ijaaran gargaaruu.</li> <li>•Barattooni rog-sadeen wal caalama isaanii akka murteessan qajeelchu.</li> <li>•Barattooni sarartoo, kompasii fi pirootraaktarii fayyadamuun rog-sadoota akka ijaaran gargaaru fi yoo <ul style="list-style-type: none"> <li>a) Dheerindii rogoota lamafi koftii rogoota lamaaniin hamatame kennamu.</li> <li>b) Safarrii kofoota lama fi rogni kofoota lamaaniin hamatame</li> </ul> </li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>•Barattooni dheerina rogoota sadii, kofa rogoota lamaan hammatamee fi roga kofoota lamaaniin hamatamee kennuu rog8sadee akka ijaaran gaafachuu.</li> <li>•Dheerina rogoota sadii keennuin safara dheerina rog sadee tokkoo ta'u isaanii gaafachuu.</li> <li>•Walitti dhufeenya rogoota fi kofoota rog-sadee akka ibsan gaafachuu.</li> </ul>

<ul style="list-style-type: none"> <li>Walitti dhufeenya rogoota rog sadee tokko ni ibsu.</li> </ul>		<p>kennamu.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>Barattoonni walitti dhufeenya kofoota fi rogoota rogsadee akka murteefatan qajeelchuu.</li> </ul>	
<ul style="list-style-type: none"> <li>Yaad-rimee walitti galummaa rog sadoota ni ibsu.</li> <li>Waraqaa hoppii irra ka'anii fakkeessuun kutanii wal-irra ka'uun fi bakka jijiiranii wal irra ka'uun walitti goluu rog sadeewwanii ni mirkaneessu.</li> </ul>	<p><b>6.3.RogSadoota Walitti Galoo</b> <i>(Wayitii 12)</i></p> <p><b>6.3.1.Walitti Galummoo Rog Sadoota.</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Danaalee bocaan fi hammaan wal qixa ta'an fi wal fakkatan agarsiisuun jalqabu.</li> <li>Yaad-rimee walitti galummaa irratti ibsa gabaabaa kenuu, akkasumas Maallatoo walitti galumaa “≡” akkawal baratan haala mijeessuu.</li> <li>Walitti galummaa rog sadoota waragaa hoppii irra ka'anii fakkeessuun, kutanii wal irra ka'uun fi bakka jijiiranii wal irra ka'uun barattoonni akka mirkanessan gochuu.</li> <li>Barattoonni walitti galummaa rogsadoota akka walitti dhufeenya rogoota fi kofoota isaanitiin akka murteefatan jajjabeessuu.</li> <li>Fakkeenya: (Rog-sadoota iskelanii walitti galoo ta'an lama fayyadamu ni danda'ama).</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Rog-sadoota adda addaa kaasuun hiikaawan walitti galummaan walitti galoo ta'u isaanii gaafachuu.</li> <li>Barattoonni waraqaa hoppii irraa ka'anii fakkeessuun, kutaanii walirra ka'uun fi bakka jijiiranii wal irra ka'uun walitti galoo ta'u isanii akka agarsiisan gaafachuu.</li> </ul>

<ul style="list-style-type: none"> <li>Seeroota (ulaagalee) RKR, RRR fi KRK fayyadamuun walitti galummaa rog sadoota lama addaan baasuu.</li> </ul>	<p><b>6.3.2. Walittigalumm aa Rogsadoota Lamaa RKR, RRR fi KRKn Mirkaneessu.</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Rog-sadoota lama kansafarrii dheerina rogoota lama kennname fi kan kofa rogoota lamaaniin hammatame wal-qixa ta'e fakkeenya fudhachuuun wa'aee RKR barsiisuu.</li> <li>Barattooni rog-sadee kofoota lamaa fi roga tokkoo hammaa fidheerina isaanii safaranii barreessu akka danda'an gargaaru.</li> <li>Walitti galummaa rog-sadoota lamaa hiikoo walitti galumaa gargaaramuuun akka mirkanefatan jajjabeessuu.</li> <li>Rog-sadoota W.G. ta'an lama kennun ulaagaa kamiin akka walitti galan ibsan qajeelchuu (RKR, RRR, KRK)</li> </ul>	 <p>Haala danaa armaan olii mul'atetti</p> <p><math>\overline{AB} \equiv \overline{DE}</math> (3yunitii)</p> <p><math>B \equiv E</math> (<math>90^\circ</math> kennname)</p> <p><math>\overline{BC} \equiv \overline{EF}</math> (yuniti4)</p> <p><math>\therefore \Delta ABC \equiv \Delta DEF</math> akka RKRtti</p>
<p>Formulaa Bal'ina rog-sadee kofa sirrii formulaa bal'ina rektaanglii irra ni uumu.</p> <p>Bal'ina rog-sadee kofa sirrii ni barbaadu.</p> <p>Iskuweer-seentiimeetra gara iskuweer-meetirii fi iskuweer-</p>	<p><b>6.4. Safara (Wayitii 12)</b></p> <p><b>6.4.1. Bal'ina Rogsadee Kofasirrii fi Naannawaa Rogsadootaa</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Barattooni akkaataa bal'ina rektanglii itti barbaadamu kessa deebi'an gochuu.</li> <li>Barattooni formulaa bal'ina reektangilii irratti hunda'uun formulaa bal'ina rog-sadee kofa sirrii akka fayyadaman qajeelchuu.</li> <li>Barattooni akka</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Bal'ina rogsadee kofa sirrii akka barbaadan gaafachuu.</li> <li>Piroobleemoota yuunitoota bal'inaa akka wal jijiiran kennufi.</li> </ul>

<p>meetirii gara seentiimeetri iskuwarii ni geedaru.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Hektaara gara iskuweer meetiri itti fi iskuwaar meetirii gara hektaaratti ni geedaru.</li> <li>• Naannawaa rog-sadee ni barbaadu.</li> </ul>		<p>bal'ina rog sadee kofa sirrii barbaadan jajjabeessu.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Safara yuunitootii bal'ina gara yuunitota garagaraa gedaran gargaaru. (<math>\text{cm}^2 \rightarrow \text{m}^2</math> <math>\text{ykn m}^2 \rightarrow \text{cm}^2</math>)</li> <li>• Hektaara <math>\rightarrow \text{m}^2</math> ykn <math>\rightarrow \text{m}^2</math> Hektaara)</li> </ul> <p>Naannawaa rogsadoota barbaadu akka danda'an gargaaru.</p>	
<ul style="list-style-type: none"> <li>• Formulaa qabee Prizimii rektaangula'aa ni ibsu.</li> <li>• Qabee rektaangula</li> <li>• pirizimii ni barbaadu.</li> <li>• Seentii meetra kiyubii garalitira fi gara meetritti akkasumas leetira fi meetrikinyubii gara</li> <li>• Milii litira gara litira fi letra gamilii litira ni geedaru.</li> </ul>	<p><b>6.4.2. Qabee Pirizimii Reektaangulaa waa</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Barattooni akka formulaa qabee pirizimii rketaangulaa kiyubik-seentii meetra shallagan jajjabessu.</li> <li>• Qabee pizizimii rektangulaa akka barbadan jajjabeessu.</li> <li>• Yunitoota qabee wal jijiiruun akka shaakalan gargaaru.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Qabee pirizimii barbaaduu/shallaguu irratti gaafilee xiyyeeffatan bifa hojii dareetti fi manaa kennuufin rawwii isaanii isaanii madaalu..</li> <li>• Yuunitoota qabee akka wal jala geddaran gaafachuu</li> </ul> <p>Fkn: litira <math>\rightarrow \text{cm}^3</math> fi <math>\text{cm}^3 \rightarrow</math> litira</p>